

**XIINXALA HAALA UUMAMSA MAQAALEEFI GOCHIMOOTAA
KITAABILEE WABII AFAAN OROMOO FILATAMAN KEESSAATTI**

QORATAAN: SILASHII LAMMII GALAAN

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAAFFAA
GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNVARSIITII JIMMAA KOLLEJJII
SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMANITIITTI, DAMEE BARNOOTA
AFAAN OROMOOFI OG-BARRUUTTI DHIYAATE**

**FULBAANA, 2021
JIMMAA, OROMIYAA**

**YUUNVARSIIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI
HUUMANITIITTI, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI
OGBARRUU**

**XIINXALA AKKAATAA UUMAMSA MAQAALEEFI GOCHIMOOTAA
KITAABILEE WABII AFAAN OROMOO FILATAMAN KEESSATTI
DHIYAATAN**

QORATAAN: SILASHII LAMMII GALAAN

GORSAAN: TASHOOMAA BAALAYNAA (PhD)

GAR. GORSAA : CIMDII WAAQUMAA(Ass.pro.)

**FULBAANA, 2021
JIMMA, OROMIYAA**

Yuunivarsiitii Jimmaa

Sagantaa Eebbaa Boodaa

Waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruutiin guuttachuuf Silashii Lammaa Galaaniin Mata duree: “Xiinxala Akkaataa Uumamsa Maqaaleefi Gochimootaa Kitaabilee wabii Caasluga Afaan Oromoo ji-1, Newsystematikiifi Seerluga Oromoo Keessatti Itti Dhiyaatan” irratti kan geggeeffame yoo ta’u, hojii dhuunfaa koo isa jalqabaa ta’ee akka seera yuunivarsiitichaatti sadarkaafi qulqullina isaa eegee kan dhiyaatedha

Qorataan _____ mallattoo _____ Guyyaa _____

Koree Qormaataa

Gorsaa _____ mallattoo _____ Guyyaa _____

Gar. gorsaa _____ mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keesaa _____ mallattoo _____ Guyyaa _____

Dura Taa’aa Muummee Yookiin Qindeessaa Sagantaa Eebbaa Boodaa

Waraqaa Mirkaneeffaannaa

Ani barataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame kun waraqaa qorannoo mata duree“ Akkataa uumamsa Maqaaleefi Gochimootaa kitaabilee Wabii filataman keessatti itti dhiyaatan” jedhu irratti hojii dhuunfaa koo ta’uusaa ibsaa hojiin kun kanaan dura yuuniversity kam iyyuukeessatti kan hin dhiyaanne ta’uusaafi yaadolee qorannoo kanaaf dubbise hunda isaaniiwabii keessa kaa’uu koo mallattoo koo nan mirkaneessa .

Maqaa qorataa: **Silashii Lammii Galaan**

Mallattoo _____

Guyyaa_____

Qorataan _____ waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi muummeef galchuu danda’uu ani gorsaan isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Garsaa

Maqaa: _____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Gargaaraa gorsaa

Maqaa: _____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Galata

Hunda dura gadameessa haadha koo keessatti bifa namummaa natti bocuu irraa kaasee isa hanga har'aatti harki eegumsaafi tika isaa amma libsuu ijaaf kan na irraa adda hin bane Waaqayyoof galatni guddaan haa ta'u.

Qorannoo kana yeroon geggeessu wixinee qorannootii kaasee hanga xumura gabaasa qorannootti na gorsuun, qajeelchuufi qorannichi akka ija godhatuuf nuffe-dadhabe osoo hinjedhiin kan na gorsaa turan Tashoomaa Balaayinaaf (PhD) galatni koo daangaa hin qabu. Akkasumas, Warreen odeeffannoo naaf kennuun na gargaraa turan hundaa guddaan galateeffadha.

Itti dabalees, ba'aa gadameessa isheetii kaastee hanga har'atti gorsaafi harki gargaarsa ishee kan na wajjiin jiru haadha koo aadde Dirribee Gannaa baay'iseen galateeffadha. Kana malees, yeroon qorannoo kana geggeessu kaka'umsaa fi cimina guddaa kan na taatee haadha manaa koo Aagituu Gaarradoof galatni koo guddaa dha. Gama biraatiin yaada jajjabina guddaafi komputera naaf gumaachuun kan na bira dhaabbate obboleessaa koo obbo Darajjee lammiifi galatni ani qabu daangaa hin qabu.

Axereeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa Haala uumsaa Maqaaleefi Gochimootaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo; Caasluga Afaan Oromoo, Newsytematikii Serluga Oromoo keessatti xiinxaluudha. Ka'umsi qorannichaa akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii filataman sadan gidduu garagarummaan jiraachuu, akkaataa maxxanfannaa latiilee maqeessituu yookiin gochimeessituu irratti adda addummaan jiraachuufi Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo keessatti gochimootni marti {-dha} ala latiilee {-s, -sisfi -siis} maxxanfatu jechuun ibse. Kitaabilee afaan keessatti immoo gochimootni jal'ootni latiilee kana hinmaxxfanfatan jechuun waan ibsaniif adda addummaa kana xiinxaluufi. Qorannoon kun saayinsii xiinjichaa Afaan Oromoo gabbisuufi kaneen qorannoo afaan irratti geggeessaniif ka'umsa ta'uu ni danda'a. Yaadxina xiinjichaa bu'uureffatee; adeemsa qorannoo akkamtaan kan geggeeffame yoo ta'u, ragaaleen funaanaman xiinxalamani mala ibsaan dhiyaataniiru. Odeeffanno kennitootni murtaa'oo waan ta'aniif iddatteessuu ammargeetti dhimma bahame. Sakatta'insa kitaabilee wabii filataman irratti taasifameefi afgaaffii bilbilaan barreessitoota kitaabilee Sadanii waliin taasifameen argannoon kan mul'isu: Maqaaleefi gochimootni maxxanfachuufi osoo hinmaxxfanfatiin uumamuu ni danda'uu; Afaan Oromoo keessatti hedduminaan kan hojiirra oolu tishoofi latii yaasaa maxxanfachuun kan uumaman ta'uu, akkaataa maxxanfannaa irratti hundee jechaafi latii sirriitti adda baasanii kaa'uu dhabuufi jechoota bu'uuraan alatti akkaataa jechoota uumamamtee irraa itti uumaman ibsuu dhabuu fa'i. Haaluma kanaan, argannoo qorannoo giddu galeessa godhachuun, barreessitootni kitaabilee wabii hundee jechaafi latii adda baasanii kaa'uu, jechoota bu'uuraan alatti akkaataa jechoota uumamamtee irraa itti uumaman ibsuufi maqaalee yookiin gochima uumuuf murteessaan latii qofa osoo hintaane hundeen jichaa ga'ee guddaa akka qabu ibsuu.

Jiibooo- hiika gabaajeewwanii

Gabaajewwan asii gaditti ibsaman muraasni isaanii kitaabilee keessatti kan beekaman yoo ta'an, walakkaan isaanii immoo qorataan waraqaa qorannoo isaa keessatti kan fayyadameedha.

A.L.H = Akka Lakkoofsa Habashaatti

A.L.A = Akka Lakkoofsa Awurooppaati

AO = Afaan Oromoo

Baafata

Qabiyyee	fuula
Galata	I
Axereeraa	II
Jiibsoo	III
Baafata	IV
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	5
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	7
1.3.1. Kaayyoo Gooroo	7
1.3.2. Kaayyoo Goree	7
1.4. Barbaachisummaa Qorannicha	7
1.5. Daangaa Qorannichaa	8
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	8
1.7. Qindaa'ina Qorannichaaa.....	8
1.8. Seenduubee Kitaabilee Wabii Filatamanii	9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE	11
2.1. Maalummaa Jechaafi Garee Jechootaa	11
2.2 . Garee Jechootaa	14
2.2.1. Jechoota Banamoo / Gooroo/	16
2.2.2. Jechoota Cufamoo.....	16
2.3. Maqaa.....	17
2.3.1. Maqaalee Bu'uuraa	18
2.3.2. Maqaalee Uumamtee.....	18
2.4. Maqaalee Uuumuu	18
2.4.1. Uumamtee Guutuu	19
2.4.2 . Uumamtee Gartokkee	20
2.5. Maqaa Yaasaa (Uumamtee).....	20
2.6. Adeemsa Maqaaleen ittiin uumaman	20

2.6.1. Adeemsa maxxanfachuun maqaalee uumuu	20
2.6.2 .Adeemsa Maqaan OSerluga Oromooo Hin Maxxanfatiin Ittiin Uumamu	24
2.7. Gochimoota Uumuu.....	29
2.7.1. Bifoota Gochimootni Ittiin Uumaman	30
2.7.1.2. Gochima Ofiiffee.....	30
2.7.1.2 . Gochima Taasifamaa.....	30
2.7.1.3. Gochima Taasisaa	31
2.8 . Yaadxina Qorannichaa	33
2.8.1. Yaadxina xiinjichaa.....	33
2.9. Sakatta'insa Barruulee walfakkii	34
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA	35
3.1.Saxaxa Qorannichaa.....	35
3.2. Irraawwatama Qorannichaa	35
3.3. Madda Ragaalee.....	36
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	36
3.4.1. Iddattoo Barreessitootaa.....	37
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee	37
3.5.1. Afgaaffii.....	37
3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee	38
BOQANNAA AFUR: RAGAALEE HIIKUUFI QAACC ESSUU	39
4.1. Duubee Raga Kennitootaa	39
4.2. Xiinxala Akkaataa uumamsa Maqaaleefi Gochimootaa kitaabilee wabii filataman keessatti	40
4.2.1. Uumamsa Maqaaleefi Gochimootaa Hinmaxxanfatiin	40
4.2.1.1. Tishoo (Compounding).....	40
4.2.1.2. Suphuu	45
4.2.1.3. Gabaajee (acronym)	47
4.2.1.4. Gochimoota Irra Deddeebiin Uumuu	48
4.3. Garaagarummaa qabiyyeefi yaadaa akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman.....	50
4.4. Akkaataa Caasaalee Ijaarsa Garagaraan Maqaaleefi Gochimotni Uumaman	57
4.4.1. Maqaalee Yaasaa Maxxantoota Duraan Uumaman	57
4.4.2. Maqaalee Yaasaa Maxxantoota Boodaan Uumaman.....	58
4.4.2.1. Maqaatti Maxxansuun Maqaa Haaraa Uumuu.....	58

4.4.2.2. Gochimatti Maxxansuun Maqaa Haaraa Uumuu	61
4.4.2.3. Maxxantoota Maqibsatti Maxxananii Maqaa Haaraa Uuman.....	69
4.5. Xiinxala jechoota maqaafi gochimoota uuman kitaabilee wabii filataman keessatti.....	73
4.5.1. Hundee Gochimootaa Irraa Gochima Haaraa Uumuu	73
4.5.2. Maqaa Irraa Gochimoota Uumuu	74
4.5.3. Gochimoota Maqibsaalee Irraa Uumuu	75
4.5.4. Gochima Irraa Gochima Haaraa Uumuu.....	76
BOQONNAASHAN: GUDNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA	78
5.1. Gudunfaa.....	78
5.2. Argannoo.....	79
5.3. Yaada furmaataa	80
Wabiilee	81

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Afaanotni hundi jechoota qabu; jechootni afaan tokkoo immoo yoo xiqqaate caasaafi latii tokko yookiin isaa ol of keessaa qabu. Haaluma kanaan fakkeenyaaf, jecha ‘**namumma**’ jedhu fudhannee yoo ilaalle, latii lama qaba. Innis, wixina ‘**nam-**’jedhuufi fufii uumamtee{-ummaa}kan jedhudha. “ Namni ga’eessi tokko jechoota (45,000-60,000) xiinsamuu isaa keessaa qabaachuu danda’a” Bariisaa (Sadaasa 2011, f. 6). Haata’u malee, jechoota kana tokko tokkoon beekke tartiibaan lafa kaa’uun ulfaatuu, haala isa qunname keessatti dhimma itti bahee jiraata.

Jechootni dhalli namaa dhimma itti bahan jechoota salphoo (simple word)fi jechoota xaxamoo (complex word) akka ta’an mamii hin qabu. Yaada kana, Jechi qaama dhamjecha tokkoofi isaa ol irraa ijaaramu ta’ee kan qofaa isaa dhaabachuu danda’udha. Jechi dhamjecha tokko qofa irraa ijaaramu jecha salphaa yoo jedhamu, jechi dhamjecha lama irraa ijaaramu immoo jecha xaxamaa jedhama (Leibe, 2009, f,3). “Jechootni walta’insa dhamsagootaa, birsagootaafi dhanjechootaa ta’anii unka/lee/ hiika tokkoofi isaa ol qabaniin kan dhiyaataniifi muuxannoo hawaasa kan bakka bu’anidha.” Addunyaa (2011, f. 34).

Yaada hayyoota lamaan asii olii kana giddu galeessa gochachuun fakkeenyaan yoo ilaallu . Jechoota Afaan Oromoo: loon, foon, shaniifi kkf kanneen jedhaaman fakkeenya jechoota salphaa yookiin unkaalee hiika tokko qfa qaban ta’u. Haata’u malee, jechootni namoota, nyaachisiise, reebamefi kkf jechoota xaxamoo(dhamjechoota) lama irraa ijaaramani. Jechootni kun hundee jechaa (nam-, nyaat-, reeb-) kan jedhamaniifi latiilee uumamteefi hortee {-oota, -siis-, -e, -am, -e} irraa waan ijaaramaniif. Jechoota afaan tokkoo immo akkaataa isaan itti ijaaraman, horaniifi uumaman beekuuf qorannoo barbaada.

Jechootni amala dhuunfaa isaanii qabaachuun, dhimmoota hawaasaa irraa waan maddaniif afaan tokko keessatti meeqa akka ta’an lakkaa’anii fixuun rakkisaadha. Kanaafuu, hayyootni afaanii si’anaa jechoota garee gareetti qooduun qo’achuun barbaachisaa akka ta’e ibsu. “Gareewwan jechootaa jechuun ammoo akkaataa jechoonni gareedhaan qindoomanii tajaajila adda addaa kennan yookiin hima keessatti qooda mataa isaanii qabaatan jechuudha” (Mirreessaa: 2014: 59)

Jechootni afaan tokko keessatti argaman jechoota bu'uurraafi uumamteedha. Gareewwan jechootaafi jechootni hundi jecha haaraa uumuu hin danda'an. Durduubeen ala gareewwan jechootaa gurguddoo baay'een bifa salphaa ta'een uumamuu danda'u. Baye (1986, f. 120). Tamasgeen (1993, f. 1) irratti akka ibsetti, Afaan kamiyyuu akkaataa jechootni itti uumaman bifa seerluga afaanichaatiin kan mataa isaanii ni qabaatu jedha. Itti dabalees, Afaan Oromoo uumamteen dureessa jechuun ibsa (f, 2).

Uumuun adeemsa xinjechaa isa beekamaa tooftaa ittiin jecha haaraa uumnudha. (Radford, 1997, f, 503). Haaluma kanaan Lyons (1977, f, 522) irratti itti dabaluun, jirmatti, hundeetti yookiin jechatti latii uumamtee ida'uum jecha haaraa uumuudha. Itti dabalees, "Derivation is the morphological process tha results in formation of new lexeme and states 'derivation paradigm'" Bauer (1983, p, 26).

Yaada kana irraa kan hubannu, uumamteen adeemsa xinjechaa kan jechi tokko jecha biroo uumuudha. Gareen jechaa tokko dhuunfaa isaatti seera jechi ittiin uumamu kan dhuunfaa isaa hin qabu. Adeemsi yookiin seerri jechootni ittiin uumaman kan maqaaleefis ta'e, gareewwan jechoota birooof dhaabbataa ta'uu hayyootni xiinqooqaa ni ibsu. Kunis, seerri maqaaleefi gochimootni ittiin uumaman addatti akka hin jirre nu hubachiisa. Yaada kana "Noun formation is not an exception to the word formation process; it follow the same morphological rules" (f, 6)

Fileen (2015, f. 65) dabalee akka ibsetti, "Afaan Oromoo keessatti jechi tokko qaaceffamuudhaaf haala dubbifamaa tokkoofi dubbachiisaa tokkoofi isaa oliin ijaaramuu (uumamuu) isaanii irratti kan xiyyeeffatudha" jedha. Yaada kana irra akka hubannutti, jechootni bifaafi boca garagaraa qabaatanii yoo ijaaramanis, jechumti tokko kallatti garagaraatiin uumamuu danda'a. Fakkeenyaaf, jecha '**namummaa**' fi '**namoome**' jedhu fudhannee yoo ilaalle; hundeen jecha isaanii tokkicha. Innis '**nam-**' kan jedhudha. Kanaafuu, jechi kun hundee tokkicha irraa karaa adda addaa hiika kan qaban lama uumeera.

Jechi tokkichi altokkotti fufiilee gosa lama hortee fi uumamamtee maxxanfachuu ni danda'a. Altokko tokko immoo fufii uumamtee yookiin horee qofa maxxanfatee dhaabbata. Darbee darbee immo fufiilee uumamteefi hortee walfaana maxxanfata. Yeroo walfaana fufiileen lamaan jecha tokkichatti maxxananii argaman fufiin uumamtee hundee jechaatti dhiyaatee (maxxanee) hortee dursee argama. (Bauer, 1983, f. 26).

Yaada armaan olii kana gara Afaan Oromoottifiroomsinee fakkeenyaan deggerree yoo ilaalle; jechoota deensaawwanniifi jaarSerluga Oromoolii fudhannee haa ilaallu. **Deem**-hundee jechaa gochima kan ture latii{-**sa**(uumamteefi{-**wwan**}hortee)fudhachuun maqaa ta'e. Maqaan jaarSerluga Oromoolii jedhu immoo **jaar**-hundee gochima kan ture latii {-**sa**]uumamtee fi [-**olii**] (hortee)} maxxanfachuun maqaa ta'e. Qorannoon kun immoo gareewwan jechootaa Afaan Oromoo keessaa akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii filataman keessatti itti dhiyaatan irratti xiyyeeffatee geggeeffame.

Maqaan garee jechoota Afaan Oromoo keessaa isa tokko. Jechootni akkaataa galumsaafi maxxanfannaan garee jechaa kana jala galuu danda'u. Akkaataa maxxanfannaa yoo jennu jechi tokko fufiilee hortee yookiin uumamtee maxxanfachuun maqaa ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, sa'a {-oota}, jabbii {-lee}, luka {-ni, -i} jechootni jedhaman maqaaleedha. Jechooni kunis fufiilee hortee maxxanfachuun tajaajila garagaraaf oolanii jiru. Jechootni bu'uuraa maqaa hin ta'iin adeensa uumamteetiin garee jecha maqaa ta'anii tajaajiluu ni danda'u. (Addunyaa, 2018, f, 36).

Yaada kana fakkeenyaan yoo ilaalle, bule (-maata), diimaa (- ina), saame (-icha) maqaalee uumamtee bulmaata, diiminaafi saamicha jedhaman arganna. Jechootni buleefi saame jedhaman gochima yoo ta'an diimaan immoo maqibsa. Kanaafuu, latii uumamtee maxxanfachuun maqaa uumamtee ta'ee garee jechichaa keessatti haammataamee tajaajiluu ni danda'a.

Maqaaleen adeemsa xiinjecha (morphological process) adda addaa keessa darbuun ni uumamu. Haala kanaanis, garee jechaa yookiin hiika jijjiiruu ni danda'a.“Afaan Oromoo keessatti adeemsa maqaaleen ittiin uumaman keessaa muraasni yaasaa (derivation), diigala (compounding)fi suphaa (blending) fa'i.”Addunyaa (2011, f. 57).

Yaada kana “Nominalization is a process of forming nominals from different categories. In Oromo, there is a large stock of nominals derived from adjectival, verbal and nominal.” Temesgen (1993, f, 2).

Gareewwan jechootaa keessaa tokko kan ta'e gochimootni yeroo hedduu galumsa keessatti dhuma irratti argamanii himicha gudunfu. Waa'ee henna qaatee/past action/ keessatti saala, ramaddii adda addaafi yeroo agarsiisuuf bifa isaanii ni jijjiiru. Waa'ee henna qaatee/past/ keessatti saala, ramaddiifi yeroo ibsuuf duuba galtoota {-e/-te/-ne/-an/-tan} jedhaman hundee

xumuraa isaanii irratti maxxansuun kan danda'amu hundi xumurtoota. "Gochimoota garee jechootaa irraa kan adda taasisu unka latii adda addaa fufachuun hennaa, ramaddii, saala, sababafi baay'inaa ibsuu danda'a." Mirreessaa (2014, f. 91).

Akkuma maqaalee, gochimootni afaanicha keessatti argaman gochimoota bu'uuraafi gochimoota uumamteedha. Gochimootni bu'uuraa kanneen duraan afaanicha keessa jiran dhamsagoota afaanichaa irraa kan ijaaramanidha. Fakkeenyaaf, deeme, dhufe, nyaateefi kkf kanneen jedhaman warren bu'uuraati. Gochimootni dhalatoon adeemsa uumuutiin garee jechoota biroo irraa yokiin gochima irraa kan ijaaramanidha. Jechi/gochimni/ haaraan kunis kan uumamu, tishoo, irra deddeebii, latiiee uumamtee; hundee, jirmaafi jechatti maxxansuun raawwatama.

Gochimootni yeroo uumamanis, uumamtee guutuufi gartokkee ta'uu danda'u. Uumamtee guutuun gochimoota gareen jechoota isaanii gochimaan ala ta'an irraa kan uumamudha. Fakkeenyaaf, maqaa 'nama' jedhutti latii {-oome} yoo maxxansine, gochima namoome jedhu arganna. Kunis garee jecha biraa irraa waan uumameef uumamtee guutuu jedhama. Uumamtee gartokkeen kan gochimootni, gochima biraa uumanidha. Fakkeenyaaf, jecha 'bitame' jedhu fudhannee yoo ilaalle, gochima uumamteedha. Uumamteen kun uumamtee gartokkeedha. Sababni isaa hundee gochimaa bit- jedhu latii uumamtee (-ame) maxxanfachuun gochimuma uumame (Filee, 2015).

Adeemsa maxxanfachuutiin jechoota / gochimoota uumuun/yeroo baay'ee hojiirra kan ooludha. Yaada kanas, Jen (1990:5) "Although in most cases, words are derived by addition overt affixes, the process may involve zero affixation" jechuun ibsa.

Akkaa Bakerifi kan biroon (2014, f, 16) jedhanitti, Jechoota fufiilee fufachuun jijjiirama mul'san filachuun baay'ee barbaachisaadha. Kunis, barattootaa, barsiisota, barreessitootafi qopheessitoota kitaabilee barnoota afaaniif fufiileen akkamitti garee yokiin hiika jechaa akka jijjiiran hubabachuuf isaan gargaara. Yaada kana irraa Kan hubannu, jechootni latiilee adda addaa maxxanfachuun uumaman bu'a qabeessa akka ta'edha. Hata'u malee, "Akka haayyotni barnootaa afaanii jedhanitti, kitaabileen afaanii hanqina qabaachuun isaa akka hinoolleefi hanqinoonni mul'atan kunneen garuu yeroodhaa gara yerootti xiinxalamanii ilaalamuun fooyya'aa deemuu akka qaban kaa'u" (Dasee, 1988). Kanaafuu, akkaataa maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii filataman keessatti itti uumaman irratti qorannoon kun fuullefate.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Meeshaalee qabiyyeen barnootaa barattoota sadarkaa garagaraa barataniif qophaa'ee bira ga'uun dabalatatti odeeffannoo dabalataa kan irraa argatan kitaabilee wabiiti. Meeshaan kun bu'aa qabatamaafi yaadame argamsiisuuf ifa, qulqullinaafi fakkeenya qabatamaa waliin dhiyaachuun irraa eegama. Yoo bifa kanaan hin dhiyaanne barruulee/maxxansaalee/ kan biroof madda dogoggoraa ta'uu mala. Haata'u malee, kitaabilee wabii Caasluga Afaan Oromoo Jil-1, Newsystematikiifi Seerluga Oromoo keessatti akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman fakkeenyaafi ibsi kenname waan walfakkaatu natty hin fakkaatu.

Fakkeenyaaf, abbaa seeraa, bishaan boollaa (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo Jil-1, f. 248) Sabbata waaqaa, abbaa manaa(Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, f. 92) . Jechootni tishoo akka jecha tokkootti caasaa tokkoof yoo tajaajilan iyyuu hundi isaanii walitti siqanii hin barreeffaman jechuun ibsamee jira. Kitaaba seerluga Oromoo keessatti immoo jechootni tishoo dhimma tokkoof waan dhaabbataniif hundi isaanii akkuma jecha tokkootti walitti siqanii barreeffamuu qabu jechuun ibsame. Fakkeenyaaf, manabarumsaa, manawaaqeffannaa (Kibaaba Serluga Oromoo, f. 83). Akkasumas, ulaagaa maxxanfannaa Gochimootaa Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo Jil-1 keessatti yoo ibsu, gochimootni Afaan Oromoo marti {-dha} ala latiilee {-s, -sis, fi -siis) maxxanfatu jedhamee jira. Kitaaba Serluga Oromoo keessatti immoo gochimootni hundi latiilee kanneen fufachuu hin danda'an jechuun ibsa.

Itti dabalees, kitaabilee garagaraa keessatti qofa keessatti osoo hintaane kitaabuma tokko keessatti akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman seera kan eege miti. Fakkeenyaaf, akkaataa gabaajessuutiin: WAGO (Waldaa Gargaarsa Oromoo), WAMO (Waldaa Misooma Oromiyaa (Kitaaba Serluga Oromoo, f. 84). Adeemsa uumamsa kanaa keessati qubeen dubbachiiftuu{a} jecha tokko irraayyuu osoo hinfudhatamiin itti dabalame. Kun immoo adeemsicha seeraan hinhordofne. Yaada kana, Nelson (2001: 60) irratti yoo ibsu, "Acronomy is awards derived from the initials several words such words are pronounced the spelling indicates." Akka yaada kanaatti gabaajessuun, jechoota tarreeffamanii jiran keessaa qubee jalqabaa fudhachuun akka seera afaanichaatti jecha biroo uumuu ilaallata. Kanaafuu, dubbistoota keessatti gaaffii uumuu mala. Adeemsa qorannoo geggeessuu keessatti dhimmi dursa argachuu qabu rakkoo yookiin ka'umsa qorannoo adda baasuudha. Kunis, qorataafis ta'e namoota qorannicha dubbisaniif bu'uuraati.

Kana giddu galeessa godhachuun qoratichi rakkoo haala maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii filataman keessatti itti uumaman xiinxaluuf dirqameera. Kana malees, kana dura Beekumaan (2015), “Xiinxala haala uumama jechoota siyaasawaa Afaan Oromoofi mudannoowwan waliin ka’an” jedhu irratti waraqaa qorannoo hojjetee turedha. Waraqaa qorannoo isaa keessatti jechoota Afaan Oromoo guuruun alatti adeemsaafi akkaataa uumama isaanii waan ibse hinqabu. Akkasumas, akkaataa jechootni osoo hinmaxxanfatiin itti uumaman qofa irratti xiyyeeffate. Kanaafuu, qaawwa kana duuchuuf akkaataafi adeemsa maqaaleefi gochimootni itti uumaman irratti qorannoo geggeessuun barbaachisaadha.

Gama biraatiin, qoratichi waggoottan kurnan darbaniif barnoota Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa yeroo barsiisaa turetti kitaabilee kannen akka wabiittitti dhiyeenyaan gargaaramaa tureera. Kanaaf, yeroo kanatti qoratichi akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman irratti hanqina jiru hubateera.

Kana malees, Kitaabileen barnoota Afaan Oromoo sadarkaa Lammaffaaf qophaa’anis, ka’umsi qabiyyee barannoo isaanii keessumattuu, kitaaba Newsystematic Afaan Oromoofi caasluga Afaan Oromoo Jildii-1 irratti kan bu’uureffataniidha. Kitaabni Seerluga Oromoo immoo erga kitaabileen kunneen (barnootaafi wabiilee) maxxanfamanii booda kitaaba dhiyeenya maxxanfame waan ta’eef walitti fiduun xiinxaluufi. Haaluma kanaan, akkaataan maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii filataman keessatti itti uumamanii dhiyaatan irratti garaagarummaa jiru bu’uureffachuun gaaffilee ijoo ta’anii armaan gaditti kaafaman kitaabilee wabii Afaan Oromoo irratti xiyyeeffachuufi afaaffii barreessitootaan deebii argachuu danda’u.

1. Maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii filataman keessatti akkamitti uumaman ?
2. Akkaataa uumama maqaaleefi gochimootaa keessatti garaagarummaan kitaabilee wabii filataman Sadan gidduu jiru maal fakkaata?
3. Akkaataa dhiyaannaa uumamsa maqaaleefi gochimootaa ilaalchisee garaagarummaan caasaa ijaarsaa kitaabilee wabii keessatti mul’atu maali?
4. Gareewwan jechootaa maqaaleefi gochimoota uuman keessatti garaagarummaafi hariiroon kitaabilee wabii sadan gidduu jiru maal fa’i?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa akkaataa uumamsaa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti uumaman xiinxaluun argannoo irratti hundaa’uun yaada furmaataa dhiyeessuudha.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa kitaabilee wabii Newsystemattic Afaan Oromoo(1998), Caasluga Afaan Oromoo Jildii-1(1995)fi seerluga Oromoo bara (2015) maxxanfaman keessatti akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa itti xiinxaluun garaagarummaa fi hanqinoota jiran heeruudha.

1.3.2. Kaayyoo Goree

- ❖ Akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii Caasluga Afaan Oromoo jil-1, Newsystemakiifi Seerluga Oromoo gidduu jiru ibsuu.
- ❖ Adeemsa uumama maqaaleefi gochimootaa keessatti garaagarummaa kitaabilee sadan gidduu jiru adda baasuun tarreessuu.
- ❖ Akkataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa ilaalchisee gaaraagarummaa caasaa ijaarsaa jiru sakatta’uun yaada furmaataa heeruu.
- ❖ Jechoota maqaaleefi gochimoota uuman gidduutti garaagarummaafi hariiroo mul’atu adda baasuun hanqina jiraniif yaada gabbisaa heeruu; cimina jiran jajjabeessuudha.

1.4. Barbaachisummaa Qorannicha

Baay’inni jechoota Afaan Oromoo keessatti argamanii murtaa’oo miti. Jechoota kanas tokko tokkoon beekuun nama rakkisa. Baay’ina kana qofa osoo hintaane, jechootni Afaan Oromoo keessatti argaman jechoota bu’uuraafi uumamteedha. Qorannoon kun xiinxala akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti itti dhiyaatan kan ilaallatu waan ta’eef, faayidaan isaa gama guddina seerluga Afaan Oromootiin qabaachuu danda’a. Saayinsii xiinjechaa Afaan Oromoo gabbisuufi haala itti dhimma bahamaa jiruufi qindaa’ina isaa hubachiisuu keessatti shoora olaanaa qaba. Kunis, kitaabilee wabii filataman xiinxaluun hanqinaafi cimina isaanii waan balballoomsuuf, barattootaafi namoota kitaabilee kanneenitti gargaaramaniif ciicata (input) ta’uu danda’a. Walsimuufi walsimachuu dhabuu kitaabilee wabii afaanichaa gidduu jiru nutti muul’isa. kanaafuuu, barsiiSerluga

Oromoota sadarkaa adda addaa barsiisaniifi barattoota sadarkaa garagaraa barataniif akka wabiitti tajaajiluu danda'a. Qaamoota qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti hirmaataniif akka ka'umsaatti gargaaruu danda'a. Kana malees, namootni qorannoo afaanii geggeessan ka'umsaafi madda ragaa godhatanii akka qorannoo biraa geggeessaniif tajaajiluu ni danda'a. Gama biraatiin, qopheessitootni kitaabilee wabii xiinxala kana irratti hundaa'uun akkaataa uumamsa jechootaa kitaabicha keessatti akka rakkootti ibsaman fooyyessuufillee haala ni mijeessa.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kitaabilee Wabii Caasluga Afaan Oromoo Jiildii-1 bara (1995) maxxanfame, Newstematic Afaan Oromoo bara (1998) maxxanfameefi kiataaba seerluga Oromoo bara (2015) maxxanfame irratti daangeefame. Kitaabileen kun boqonnaa garagaraafi qabiyyee garagaraa qabu. Boqonnaawwan hundaafi qabiyyee mara irratti altokkotti qorannoo geggeessuun waan bal'atuuf, qabiyyeewwan jiraan keessa haala uumama maqaaleefi gochimootaa irratti daangeeffame. Kana jechuun mata duree biroo irratti qorannoo geggeessuun hin barbaachisuu oSerluga Oromoo hin taane, qabiyyee hunda irratti qorannoo walfaana geggeessuuf yeroo barbaachisu keessatti xumuruun waan ulfaatuufi.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuu keessatti rakkinootni garagaraa qoratiicha mudataniiru. Qoraanno tokko geggeessuuf maddi odeeffannoo murteessaadha. Kitaabilee duraa lamaan (Caaslugaafi Newsystematikii) irratti teesSerluga Oromoon barreessaa hin heeramne. Kitaabileen kunis ega barreeffanii turaniiru. Kanaaf, ragaa funaanuuf rakkoottuu ture. Haata'u malee, karaa firootaa, bilbilaafi barreessitoota hariiroo qabaniin bira gahuun danda'ameera. Erga bira gahamees guyyaa-guyyaatti, waaree-waariittiifi ganama- galgatti beellamuun rakkoo hamaa ture. Garuu, itti dhiyeenyaan kaayyoofi barbaachisummaa qorannichaa ifa gochuun odeeffannoo funaane milkaa'ameera.

1.7. Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoo kana qoratiichi boqonnaa shanitti qoodee dhiyeesse. Boqonnaa Tokkooffaa keessatti: Seenduubee, Ka'umsa, Kaayyoowwan qorannichaa, Barbaachisummaa qorannichaa, Daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaatu walduraa duubaan dhiyaate. Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta'insa barruulee kanneen mata duree qoratiichaa wajjiin walitti dhufeenya qabantuu dhiyaata, Boqonnaa sadaffaa keessatti malleen qorannoo, saxaxa qorannoo mala

deeffannoon ittiin funaanamu, adeemsaafi mala odeeffannoon ittiin qaaccceffamu of keessatti kan qabatedha. Boqonnaa isa Arfaffaa keessatti qaaccessa odeeffannoo funaanamaniitu dhiyaate. Boqonnaa isaa dhumaa keessatti immoo guduunfaa goolaba), argannoo qorannichaafi yaada furmaataatu dhiyaate.

1.8. Seenduubee Kitaabilee Wabii Filatamanii

Kitaabileen wabii meeshaa barnootaa kallatti sadarkaa barnoota barattootaatiin qophaa'uun alatti kan barattootni odeeffannoo dabalataa irraa argatanidha. Qorannoon kunis, kitaabilee wabii Afaan Oromoo sadii irratti geggeeffame. Odeeffannoon gabaabaa waa'ee kitaabilee ibsu kan asii gadiitti.

Kitaabni jalqaba filatame Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo Jildii-1dha. Kitaabichi yeroo Afaan Oromoo afaan barnootaafi hojii ta'ee tajaajiluu eegaletti kan qophaa'edha. Gumii Aadaafi Qormaata Afaan Oromootiin Komiishinii Aadaafi Tuurizimii Oromiyaattiin qophaa'ee. Erga qophaa'ees gulaalaa ol'aanaa Abarraa Nafaatiin bara (1995. A.L.H) maxxanfame. Qabiyyee afoolaa dabalatee qabiyyeewwan hedduu of keessaa qaba. Innis, kutaawwan gurguddoo afurii(4)fi xixiqqoo (108) ta'n baay'ina fuula (420) irratti ibsaafi fakkeenyo adda addaa wajjiin qabatee dhiyaate. Qabiyyeewwan dhiyaatan keessaa akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman isaan tokkodha.


Kitaabni wabii filatame inni lammaffaan kitaaba Newsystematic Afaan Oromooti. Kitaabni wabii kun immoo erga Afaan Oromoo afaan barnootaa ta'ee waggoota kudhanii oliif tajaajilee qophaa'e. Abbantaa dhuunfaa Tafarii Ayyaanaatiin bara (1998.A.L.H) maxxanfame. Qabiyyeewwan gurguddoo kutaa kutaan qooduun kutaa (18)fi qabiyyee xixiqqoo (85) of keessaa qaba. Akka ibsa kitaabichaatti qabiyeen kitaabicha keessatti ibsan barattoota kutaa(7-10) barataniif tajaajila. Qabiyyeewwan gurguddoofi xixiqqoo asii olitti ibsaman keessaa akkaataan uumamsa maqaaleefi gochimoota isaan ijoodha.

Kitaabni wabii filatame inni sadaffaan kitaaba seerluga Oromooti. Kitaabichi erga Afaan Oromoo afaan barnootaa ta'ee waggoota digdamaafi tajaajilee booda barreessaa Filee Jaallataan (PhD) 2015.A.L.A) maxxanfame. Yaadrimee xiinqooqaa hanga xiinhimaatti boqonnaawwan gurguddoo (8)fi qabiyyeewwan xixiqqoo (127) qabatee ibsaafi fakkeenyo waliin qophaa'e. qabiyyeewwan kitaabichaa barattoota sadarkaa kamiifi akka tajaajilan waan hinibsamneef barattota sadarkaa adda addaa barataniif ni oola.

Fakkii kitaabilee Wabii Filatamanii



Kitaaba Newsystematic



Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo



kitaaba seerluga oromoo

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE

Boqonnaa kan jalatti barruulee adda addaa kan mata duree qorannichaa wajjiin walitti dhiyeenya qabantuu dhiyaate. Akkasumas, barruulee hayyota garagaraatiin haala uumama maqaleefi gochimootaa irratti maxxanfamaniifi qorannoolee hariiroo qaban sakatta'uun dhiyeesseera.

2.1. Maalummaa Jechaafi Garee Jechootaa

Maalummaa garee jechaa ibsuun dura, ibsaafi fakkeenya gara garaa hayyootni afaanii maalummaa jechaa irratti kennan fudhannee haa ilaallu. Kanaafuu, hayyootni adda addaa kallatti garagaraan jechaafi hiika kennuu yaalaniiru. Afaan tokko akka waliigalaatti mataasaa danda'ee sadarkaa sagaleerraa hanga himaatti, keeyyataafi barruutti haala ittiin dhiyaatu qabaatu qaba. Qindoominni fayyadama afaanichaas ta'e, akkaataan ijaarsa jechootaa afaanichaa galma gahiisa sagataa barnoota afaan sanaafi qophii kitaabileef gahee guddaa qaba. Sagaleewwanis seera afaan tokko eeganii wal duraa duubaan walitti qinda'anii yoo barreeffaman malee, ergaa hiika qabeessa ta'e dabarsuu hindaanda'an. Kunis kan mul'isu: Haalli jechootni afaan tokko keessatti itti uumamanii tajaajilaaf oolaan kan afaan biraatiin adda ta'uusaati. Innis, kallattiin haala qaaccessafi qo'annaa xiinjechaa afaan tokko kan ilaallatuudha. Lyons (1981, f, 87).

Crystal (1997); Jurafsky and Martin (2000), qaama himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaan (white space) daangeffame jechuun hiiku. Hayyoonni kunneen afaan barreeffamaa bu'uura godhachuun, of danda'ee dhaabbachuu unka xinqooqaarratti hundaa'an. Kanneen biroon immoo, bakka haara galfannaa bu'uura gochachuun hiiku. Namni tokko afaan hawaasa keessatti dhalatee guddate haalaan waan dubbatuuf, jechi tokko eessaa jalqabee eessatti akka dhaabatu salphaatti beeku. Bakki duwwaa eessa akka ta'uu qabu ni beeka. Crystal (1997, f. 54) immoo yaada kana irratti mormii dhiyeesseera. Innis, afaan dubbii dhala namaa keessatti haalli qabatamaa haara galfannaa mul'isu jechi yeroo dubbatamu yeroo hin taane, caasaa akka gaaleefi ciroo booda ta'e ibsa.

Yaada kana kan deggeru Addunyaa (2011, f. 33) gama muuxannoo hawaasa oromootiin yoo ilaalle mormiin hayyichaa bu'a qabeessa ta'a jedha. Sababni isaa: "Akka dubbannaa afaan kanaatti namni jecha jechaan haara galfachaa deemu akka muda qabeessatti waan ilaalamuuf. " Maalummaa jechaa kana hundaaf t'u kaa'uun rakkisaa ta'u illee, hanqina isaa kana bu'uura taasifachuun jechi dhamjecha yookiin dhamjechoota irraa ijaaramee unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda'ufi ofdanda'ee kan dhaabatu, bakka bu'aa muuxannoo hawaasaati

jechuun hiike. Yaada kana akka dhalataa afaan kanaatti yoo ibsinu namootni jechoota adda adda kutanii dubbatan mudaa qabaachuu isaanii argina. Fakkenyaan yeroo deggeerree ibsuu ni dandeenya:

- a. biyya
- b. gaara
- c. lageen
- d. dheertuu

Unki xinqooqaa fakkenya kana jalatti dhiyaatan bu'aa hawaasa oromooti. Hata'u malee, jechootni (afi b) jalatti argaman unkaalee tajaajila adda addaa agarsiisanitti qoodamuu hin danda'an. Jechootni (cfi d) jalaa garuu unkaalee { lag-, -een, dheer-, -tuu} jedhutti qoodamuu waan danda'aniif hiika tokkoo ol qabu.

Jechi walitti qindaa'isa sagalootaa akkaataa seerluga afaanichaan hiika qabaachuu kan danda'anidha. Seerluga Oromoo keessattis sagalootni (birsagootni) walitti qindaa'anii jechoota uumu. Yaada kana Abdulsamad (1994, f, 16) yoo ibsu, "Jechi gurmuu sagaleelee akkaataa hiika qabaachuu danda'anitti walfaana bu'an irraa kan ijaaramudha. Sagaleeleen kunis dubbifamaafi dubbachiiftuu irraa kan ijaaramanidha" jedha. Yaaduma kana Getaachoon (2011, f, 52) irratti akkas jechuun " Sagaleelee dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda'aniin walfaana bu'uun kan ijaaramu" jedha.

Kana malees, "Jechi qindeeffama dhamsagootaa kan unkaalee hiika tokkoo ol qabaniin kan dhiyaatufi of danda'ee dhaabbatudha" Addunyaa (2018, f, 35). Jechi tokko qaamolee gara garaa ofirraa qabaachuu danda'a. Qaamoleen kunis, hundee jechaa(root), bu'uura jechaa (base) bu'uurohotee (stem) ta'u. Hundeen qaama jechaa kan yaadrimee tokko baatu ta'ee, yaasaafi hormaata jechootaaf ka'umsa.

Yaada kana Bauer (1983, f. 20) irratti akkas jechuun ibsa:

A root is a form, which is not further analyzable either in terms of derivation or inflection morphology. It is part of word form that remains when all inflectional and derivational have been removed. A root is the basic part always present in lexeme.

Akkuma yaada hayyuu kanaa irraa hubannutti, hundeen jechaa kan qaamolee hiika qabanitti qoodamuu hin dandeenyefi fufiilee hiikaafi tajaajilaa agarsiisuuf bu'uura kan ta'edha.

Hayyootni gariin kan ibsan hundeen jechaa Afaan Oromoo dubbifaman kan xumura akka ta'eedha. Tamasgen (1993, f. 11) garuu yaada olii kana ni morma. Innis, "yaadni kun maqaafi maqibsaafi hin hojjetu. Haata'u malee, hundee jechaa kan fufiilee ofirraa hin qabne, fufachuuf garuu qophaa'aa ta'edha isa jedhu irratti walii galla" jechuun ibse.

Fakkeenya : a. nyaate

b.nyaataa

c. nyaatame

d.nyaanne

Addunyaa (2011, f. 35) akkuma fakkeenya kana ibsetti,

Qaamni (nyaat-) jedhu jechoota hundaafuu tokko waan ta'eef, hundeedha. Jecha (d) jalatti dhiyaatetti keessatti unka hundee ta'e irraa /t/ n jiru adeemsa dhamsagaatiin bifa isaa jijjiirrate. Kunis, dhamjecha (nyaat-) jechutti {-n-} n yoo fufamu firoomii garduubedhaan /t/ n amala /n/ fudhachuun guutummaatti walitti firoomani. Haala kanaan gara dhamsaga /n/ deeme malee /t/ ture jechuudha. Kun immoo qaama hundee jechaati. Tooftaan ittiin qaama kana addaan baafachuun danda'amus bakka itti dhamjechootni jecha kana irraa adda ta'an, bakka unki yaadrimee sana baatu walfakkatuufi adeemsa dhamsagaa geggeeffame yoo jiraate mirkaneeffachuun ta'a.

Bu'uurri jechaa kan qaama jechaa hormaataafi yaasaa jechootaaf bu'uura ta'uu danda'udha. Kana jechuun qaama jechaa kan fufiilee hortees ta'ee yaasaa fudhachuuf qophaa'aa ta'edha. Qophaa'ummaa dhamjecha tokkoo bu'uura hortee fi yaasaa ta'uu agarsiisa. Beaur (1983, f. 21) yaada kana deggeruun akkasitti isbsa; bu'uurri jechaa bifa kamiinuu fufiile gosa kamiyyuu fufachuuf qophaa'aa ta'edha.

Bu'uur horteen immoo kan fufiilee tajaajila caasaa afaanii qofa fufachuuf qopha'aa ta'nidha. Fufiilee hortee qofa fufachuuf qophaa'aa ta'uu isaaniif dhimmoota dhajecha hortee qofa irratti kan xiyyeeffatudha. Fakkeenyaaf; mursiisatame→mursiisatam-(bu'uur hortee), {-e} fufii hortee, mursisaat- (bu'uura), {-am} fufii yaasaa, mursiis- (bu'uura), {-siis-} fufii yaasaafi mur- (hundee jechaa). Addunyaa (2011, f. 37)

Afaan Oromoo gama xinjechaatiin dureessa kun immoo horsiisuufi uumuun guddina afaanichaa dabaluufta mijaawaa ta'uusaa agarsiisa. Tamasgen (1993, f, 6). Xiinjechi saayinsii afaan tokko keessatti jechoota gareefi bakka adda addaatti qoodee qoratudha. "Xiinjechi garee jechootaa qabiyyee (lexical) keessatti isaaniifi kanneen jechoota tajaajilaa ta'an immoo haala tajaajilaan yookiin bakka galumsa isaaniitiin caasaa gaalee, ciroofi hima keessatti qaban gadi fageenyaan qoratudha." Filee (2015: 60).

Gama biraatiin, xinjechi akkaataa jechootni afaan tokko keessatti itti uumamaniifi horanii serluga afaanichaa agarsiisan kan qoratudha. Haala kanaan jechoota afaan tokko keessatti argaman adda baasanii beekuuf garee gareetti qoodee dhiyeessa. Akkasumas, dhamjechoota afaan tokko keessatti argaman illee ni qo'ata. Itti dabalees, haala caasaafi unkaalee jechootni bu'uuraafi caasaa yookiin uumamtee ijaaramanii ibsaman irratti kan qorannoo geggeessudha. Yule (1996).

Katamban (1993, f, 3) irrattis waa'ee xinjechaa akkasitti ibsa; Xiyyeeffannaan xinjechaa amala jechootni bu'uuraafi uumamtee qaban kan xiinxaludha. "Morphology is the study of the internal structure of words. It is simply a term form of words in different uses and constitutions" .

Yaada armaan olii kana irraa kan hubannu, xinjecha jechuun jecha tokko akka walitti qindaa'insa sagaleelee afaanicha keessa jiraniin akkasumas, jechi tokko seerluga afaanichaa keessatti haala galumsa isaatiin, caasaa afaanichaa keessatti bakka jechi tokko galee tajaajilu, ilaluun xiinxaluu akka ta'e ibsa. Jechootni Afaan Oromoos bifa adda addaan kan uumamaniifi tajaajila garagaraaf horuun galmee jechoota afaanichaa gabbisu.

Walumaagalatti, xinjechi; Seerluga afaanichaa adda baasuun qopheessuuf, yaadrimee haarawaa jechootaa qopheessuuf, walta'insa jechootaafi caasaalee afaanichaa mijeessuufi kan biroof faayidaa guddaa qaba jedha. Katamba (1993: 4).

2.2 . Garee Jechootaa

Gareewwan jechootaa jechuun ammoo akkaataa jechoonni gareedhaan qindoomanii tajaajila adda addaa kennan yookiin hima keessatti qooda mataa isaanii qabaatan jechuudha. Mirreessaa: (2014: 59). Akka caasluga warra Roomaafi Giriikii duriitti; gareeleen jechootaa bakka kudhanitti: maqaa, xumura, maqibsa, xumibsa, bamaqaa, durduubee, walqabsiiftuu, lakkoofsa (numeral),

qartuufi miiribsatti (interjection) akka qoodaman barreeffameera. Gareen jechaa dhaabbataan hinjiru. Nelson (2002, 86).

Afaan hundumaa keessatti jechoonni garee murtaa'oo jalatti walitti qabamuu akka danda'aan Lyons (1981): Afger (2003) Gareenbaum and Nelson (2002) ni ibsu. Hubannoon namaafi amalli afaanotaa immoo garaagarummaa waan qabuuf, baay'inni garee jechootaa afaanii afaanitti garaagara ta'a.

Yaaduma kana itti dabalee "Jechootni afaan tokko keessatti argaman garee murtaa'oo jalatti ramadamu. Ammamiin garee kanaa garuu daangaa hubannoofi akkamii amala afaanichaa kan hordofudha." Addunyaa (2010, f). Jechootni Afaan Oromoo keessatti argaman baay'eedha. Jechoota kana immoo tokkoo tokkoo isaanii beekuun waan rakkisuuf amalaafi caasaa isaanii garee gareetti qoodu. Afaan Oromoo caasaa mataa isaa qaba. Akkuma afaan biroo seera mataa isaafi jechoota isaaf ta'u qaba.

Hayyootni afaanii waa'ee afaanii yeroo qoratanitti, jalqabarratti jechoota qooqicha keessa jiran garee gareen qoodanii kaa'uudhaniidha. Jechoota gareen qoodanii kaa'uun gaarii ta'ee, jechoota kumaatamaan lakkaa'aman yookiin kitilaan lakkaa'aman gareen qooduun lakkoofsa isaanii kaa'uuf ulaagaan isaanii maali kan jedhuuf gaaffii uumuu danda'a. Kanaaf, jechoota lakkoofsaan hedduu ta'an kana akkaataa amala isaaniitiin qoodanii kaa'uun furmaata ta'a. Mirreessaa (2014. F. 57). "Jechootni afaan tokko keessatti argaman yaasaan, latoorsaan, diigalaafi kkf tolfamuun caasaafi amala caasimaa keessatti mul'isaniin kutaalee jechaa (word calss) adda addaa keessatti argamu" Abarraafi kaawwan (1995, f, 54).

"Jechootni amala dhuunfaa isaanii waan qabaniifi dhimmoota hawaasaa irraa waan maddaniif, afaan tokko keessatti meeqa akka ta'an lakkaa'anii fixuun rakkisaadha." (Addunyaa, 2018). Kanaafuu, hayyootni xiinqooqaa ammayyaa jechoota garee green qoodanii qo'achuun barbaachisaa akka ta'e ibsu. Yaduma kanaan jechoota Afaan Oromoo garee jechootaatti qoodanii qo'achuun barbachisaadha. Haaluma kanaan gareewwan jechootaa bakka gurguddoo shanitti qoodamanii jiru. Qorannoon kunis gareewwan jechootaa shanan keessaa akkaataa maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii Caasluga Afaan Oromoo, Newsystemaatiikiifi Seerluga Oromoo keessatti itti uumaman irrattii geggeeffame.

2.2.1. Jechoota Banamoo / Gooroo/

Akkuma mqaq isaa irraa hubannu, jechootni banamoo jechoota latiilee yookiin jechoota biroo ofitti fudhachuu danda'anidha. “ Jechootni Afaan Oromoo garee kana jalatti ramadaman dimshaashummaa qabu. Garichi jechoota banamaafi cufamaa, salphaafi xaxamaa of keessatti haammata.” Addunyaa (2017, f. 107).

Afaan kamiyyuu keessatti jecha tokko garee jechaa(word class) tokkotti ramaduuf ulaagaalee banamoofi cufamoo cinaatti haala boca(hortee fi uumamtee), hiika hima keessatti qabu, haala bakka galumsaa(context) fi haala sagalee olkaasuufi gadi buusuudhaan dubbisuu isaati. Kana jechuun jechi tokko haala bakka galmaa isaa irratti hundaa'uudhaan bakka jechoota adda addaatti tajaajiluu danda'a. Filee (2015, f, 76)

Yaaduma kana irraa kaanee fakkeenyaaf jecha a) seenaa b) seenaa jedhu fudhannee yoo ilaalle, jechi armaan olitti barreefame afi b jalatti jechuma 'seenaa'jedhudha. Jechi kun qubeeleen ittiin barreeffaman tokkollee adda addummaa hin qaban. Haata'u malee jechootni kun hima keessatti hiika adda addaa qabu.

Fakkeenyaaf, A. Gaaddisaan Mana Barumsaa **seenaa** jira. Hiikni;olgalaa, lixaa jira jechuudha.

B. Daandiin **seenaa** oromoo barreesse. Hiikni isaa eenyummaa oromoo jechuudha. Itti dabaluun, jecha haala qabiyyeen qooduun kan dandaa'amu haala hortee, uumamteefi gahee isaan gaalee yookiin hima caasaafi hiika yookiin ergaa qaban irratti hundaa'uudha. Jechootni garee jechootaa qabiyyee jalatti ramadamanis: Maqaa, maqibsaafi Gochima (Filee, 2015). Afaan Oromoo keessatti jechootni banamoon garee jechootaa keessaa warra kallattii kamiinuu maxxanfachuun, oSerluga Oromoo hin maxxanfatiin horsiifamuu yookiin uumamuu danda'anidha.

2.2.2. Jechoota Cufamoo

Jechootni cufamoon Afaan Oromoo keessatti warreen maseenoo jedhamu. Jechootni kun adeemsa horteenis (horsiiisuus) ta'e, uumamteen (uumuun) jechoota biroo horsiisuu yookiin uumuu hindanda'an.

Itti dabalees, Adduyaa (2012, f. 107) irratti akka ibsetti, Gareewwan jechootaa banamoo jalatti warri ramadaman : “maqaa, maqibsa, gochimaafi gochibsa jechuun yoo qoodu, warren garee maseenoo jalatti ramadaman immoo: durduubee, qabsiistuu, raajeffannaafi bamaqaa jechuun ibsu.” Yaada kana irra kan hubannu, jechootni cufamoon heeduun isaanii bakka garagaraa

galuudhaan hariiroo jechootaa uumuun kan tajaajilanidha. Garuu, bakka adda adda galuudhaan haa tajaajilan malee, hedduu isaanii irraa jechoota biroo uumuun yookiin horsiisuun hin dandaa'amu. Gareen jechootaa jiran bakka garaa garaa shanitti qoodamu. Isaanis: Garee maqaa, Garee ibsamaqaa, Garee gochimaa, garee gochibsiifi Garee durduubee jedhamuun beekamu Addunyaa (2011)fi Geetaachoo (2014). Gareewwan jechootaa kaannen keessaa qorannoon kun akkaataa maqaaleefi gochimootni uumaman irratti waan xiyyeeffatuuf dursa maalummaa isaanii ilaaluun gaarii ta'a.

2.3. Maqaa

Jechootni akkaataa galumsaafi maxxanfannaatiin garee kana jala galuu danda'u. "Jechootni moggaasa namaaaf, bakkaaf, haaaaf, yaadaaf, gochaa waan tokkoof moggaafaman seerluga afaanii keessatti maqaa jedhamu" Mirreessaa (2014, f, 59). Jechootni akkaataa galumsaatiinis garee kana jalatti ramadamuu danda'u. Akkataa galumsaatiin kan jennu jechi tokko bakka galee tajaajiluun maqaa ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, Badhaasaan hoolaa bite. Hima kana keessatti jechootni jala sararaman bu'uura galma isaaniitiin maqaadha. Akka Gaaddisaan (2017, f, 21) irratti ibsetti jechoota garee kana jalatti ramadaman ulaagaa sadiin ilaaluu dandeenya

Ulaagaa hiikaa : gareen maqaa ulaagaa xiinhiikaa moggaasa waan tokkoof yookiin waan tokko ittiin waamuuf gargaara.

Ulaagaa xinjechaa: gareen jechaa ulaagaa xiinjechaa immoo dhamjechoota/latiilee/faayidaa seerlugaa ibsu ilaallata.

Fakkeenyaaf *nama + -oota = namoota*

Jabbii + -icha = jabbicha

Tolaa + -dhaaf = Tolaadhaaf

Sa'aa + -wwan = saawwan

Ogeessa + -yyii = ogeeyyii. Gaaddisaa (2017, f, 21)

Fakkenya olii irraa kan hubannu, jechootni yeroo latiilee maxxanfatan faayidaa seerlugaa ibsuu dabalatee; hiikaafi ergaa jechi jalqabaa qabu ni jijjiira.innis jecha sana danoomsuu, abbaa qabeenyummaa mirkaneessuu irratti.

Ulaagaa xiinhimaa : gareen maqaa ulaagaa hiikaan, ittiin waamaman yookiin moggaasa waan tokkoo kan bakka bu'udha. Kunis jechoota akkamii dabalatee faayidaa seerluga akkamii akka

ibsu ilaallata. Maqaaleen garee jechoota Afaan Oromoo keessatti argaman, keessaa tokko ta'ee, maqaalee bu'uuraa uumamteedha.

2.3.1. Maqaalee Bu'uuraa

Maqaan gareewwan jechoota Afaan Oromoo keessaa isa bu'uuraa hedduminaan argamudha. Maqaaleen bu'uuraa immoo maqaalee hundee. Maqaa hundee waan ta'aniif jechoota biroo uumuu yookiin horsiisuu danada'u. "Maqaaleen bu'uuraa dhamsagoota afaanichaa irraa bifa garagaraan ijaaramu." Addunyaa (2018, f, 41)

Bu'uurummaan maqaalee hormaataafi yaasaa jechootaati. Dhamsagootni afaanicha keessa jiran waliin ta'uun maqaalee/ jechoota bu'uuraa ijaaru. Jechootni dhamsagoota kana irraa ijaaramanis, maqaalee/ jechoota bu'uuraa ta'u jechuudha. Fakkeenyaaf, lafa, mana, miilla, huccuu, harkaafi kkf maqaalee bu'uuraa. "Maqaaleen kun durumaanuu afaanicha keessa waan jiraniif dhamsagoota bu'uuraa afaanichaa irraa waan ijaaramaniif, kallattiin dhamsaga irraa ijaaraman maqaalee yaasaa irraa adda taasisa." Addunyaa (2018, f, 41).

2.3.2. Maqaalee Uumamtee

Maqaaleen uumamoo yookiin tolfamoo ta'an maqaalee dhalatooti. Kan isaan dhalatanis garee jechootaa irraa latiilee latii maqaa uumuuf gargaaran (maqeessituu) adda addaa gargaaramuun hundee garee jechaa sana irratti maxxansanidha. Maqeessitootni hundee jechaa irratti maxxanuun maqaa haaraa uumuuf gargaaran heduun kan asii gadiiti. Isaanis: {-ummaa, -ina, -eenya, -aatii, -aa/a, -sa/saa, -umsa, -tuu, -suu, -maataa, -ii, -ee, -lee,-oo, -icha, -ma, duu,-xuu, -xoo, -doo, -ooma, -uu,- ama, -ata, -tee, -tii, -noo} . Mirreessaa (2014 . f, 72-73). Maqeessitootni armaan olii kun hedduminaan xumura irratti maxxanuun maqaa haaraa uumu.

Itti dabalees, jechootni barnoota seerlugaa keessatti gariin haadhoo (hundee) yommuu ta'an, gariin immoo tolfamoo (uumamtee) dha. Adeemsi kunis jechoota haadhoo irraa kan garee jechoota isaanii ta'an yookiin hin ta'iin tolfamu. Maqaaleen gariin Afaan Oromoo keessatti itti fayyadamnu jechoota tolfamoodha. Fakkeenyaaf; galgal-galgaloo, Galgaloo-galgalee, ganama-Ganamoo-Ganamee. Abdulsamad (1994, f. 78).

2.4. Maqaalee Uumuu

Maqaa uumuun adeemsa maqeessummaa gareewwan jechoota adda addaa irraa kan uumamudha. Afaan Oromoo keessatti maqaaleen maqibsa, gochimaafi hundee maqaa irraa bal'inaan uumamu. Temesgen (1993, f. 2)

“Yaasaa jechuun wixina yookiin wiillaa jechaa tokko irratti maxxantuu dabaluun maqaa haaraa tolchuudha”Abarraafi kaawwan (1995, f, 47). Yaasani jechota duraan jiran irraa maqaa haaraa kan hiikaan yookiin gareen adda ta’e kan uumudha. Wakwaya (1981, p, 46) irratti yoo ibsu,”Derivation gives you anew word (lexem) and inflation gives you forms of the lexem that are determined the semantic environment.

“ In language, nouns, adjectives, and verbs are derived from various nouns, adjectives and verb roots says, derivation is the morphological processes by which new words formed from other words or roots”. Lyons (1968:115) .Yaada kana irraa kan hubannu, yaasaan jechoota haaraa kan uuman yoo ta’an, horteen caasaa afaanii kan sirreessaniifi hundee jechootaa irratti dabalamuun hiika kan argatanidha.

Afaan Oromoo keessatti maqaan osoo hinmaxxfanatiiniifi adeemsa maxxanfachuun uumama. Akkaataan maxxanfannaa adeemsa jechi tokko fufii yaasaa maxxanfachuun jecha haaraa itti uumu jechuudha. Akkaataa maxxanfannatiin fakkeenyaaf, deem(-sa), guddaa {-ina) kan jedhu keessatti jechi jaqabaa xumura ture latii {-sa} maxxanfachuun maqaa haaraa uume. Jechi jalqabaa ibsa maqaati innis latii {-ina } maxxanfachuun maqaa haaraa uume. Maqaa uumuun adeemsa maqaaleen bu’uuura bifoote garagaratiin maqaalee haaraa uumanidha. Adeemsi kunis adeemsa jechootni itti uumaman irraa adda miti. Yaada kana, Matthews (1991:37) yoo ibsu, “Noun formation is a sub field of word formation, which is a branch of lexical morphology, defined as the study of morphological relation among lexems” jechuun ibsee jira.

2.4.1. Uumamtee Guutuu

Uumamtee guutuun mala maqaaleen haaraan ittiin uumamuan keessaa tokko ta’ee, kan jechootni duraan garee jechaa maqaa hin taane irraa maqaa biroo uumanidh. Uumamtee guutuu jechuun jecha garee tokko jala jiru irraa guutummaa guutuutti jecha garee biraatti jijjiirame uumuu jechuudha. Akka yaada armaan olii kanatti, fakkeenyaaf, jecha’**furdina**’jedhu fudhannee yoo ilaalle, jechi kun uumamteedha. Bifa kanaan, bu’uura jechaa’**furdaa**’ gareen maqibsa kan ta’e irraa latii uumamtee {-**ina** } fufachuun gara garee jechaa maqaatti jijjiirame.

Fknf. *A.adii + {-eenya} → addeenya*

B. deeme + {-sa} → deemsa

C.Diimaa +{-ina} → diimina. Getaachoo, (2011, f. 94).

Fakkenya asii olii keessatti jechootni sadanuu oSerluga Oromooo latiilee maqeessituu hin maxxanfatiin maqaa miti. Gareen jecha isaanii walduraa duubaan maqibsa, xumuraafi maqibsa turani. Kanaafuu, adeemsa maxxanfachuutiin maqaa ta'an. Jijjiirama hiikaallee hin agarsiifne. Kunis, uumamtee guutuun jijjiirama hiikaa kan hin fidne ta'uu nu hubachiisa.

2.4.2 . Uumamtee Gartokkee

Jechi tokko guutummaa guutuutti oSerluga Oromooo garee isaa hin jijjiiriin kan uumamu yoo ta'ee, uumamtee gartokkee jedhama. Fakkeenyaaf, jecha nama jedhutti maxxantuu { -uummaa } oSerluga Oromooo maxxansinee jechi **nama** jedhu kun gara namummaatti jijjiirama. Kanaaf, jechi nama jedhu (maqaa waliinii) kan mul'atu irraa gara maqaa hin mul'anne namummaatti jijjiirame. Fakkenya biroo, Ganda-gandummaa, biyya-biyyummaa, naannoo-naannummaa. Abdulsamad (1994, 67).

2.5. Maqaa Yaasaa (Uumamtee)

Afaan Oromoo gama xiinjechaatiin dureessa. Dureessummaa isaa kanaaf ulaagaan isaa inni tokko jechoota bu'uuraa irraa jechoota biroo kan uumu ta'uu isaati. Tamasgeen (1993, f, 2). "The derivation word is the set of morphological operation used to form new word" Radford (1997, 503). Yaada kana irraa akka hubannutti, jechootni uumamtee adeemsa jecha duraanii irraa jechoota haaraa uumanidha. Kanaafuu, jechootni Afaan Oromoo hedduun isaanii jechoota duraa/hundee/ irraa uumamuun beekamu. Uumamteen kunis, uumamtee guutuufi uumamtee gartokkee ta'uu danda'a.

2.6. Adeemsa Maqaaleen ittiin uumaman

Maqaalee uumuun karaalee gurguddoo lamaan raawwachuu danda'a. Isaanis: maxxanfachuufi oSerluga Oromooo hin maxxanfatiin bifa walitti dhufuutiin kan uumamanidha.

2.6.1. Adeemsa maxxanfachuun maqaalee uumuu

.Adeemsa maxxanfachuutiin maqaa uumuun jechoota bu'uuraa yookiin uumamteetti latiilee maqeessituu dabaluun maqaa haaraa kan hiikaan adda ta'e uumuudha. Hiika qofa osoo hintaane jechoota duraan gareen jecha isaanii maqaa hin taanetti maxxansuun maqaa haaraa uumuudha. Tooftaan maxxansuun maqaalee uumuu Afaan Oromoo keessatti hedduminaan hojiirra oola. "Gareewwan jechootaa hedduun dhamjechoota maqeessituu fufachuun maqaa yaasaa uumuu ni danda'u. Afaan Oromoo keessatti dhamjechoota akkasii fufachuun jechi argamu maqaadha." Addunyaa (2017, f. 118).

A. Hundee Jechaa Irraa Maqaalee Killiyyaa Uumuu

Maqaaleen killiyyaa maqibSerluga Oromootaafi hundee maqaalee irraa latiilee maqeessituu fufachuun kan uumamanidha. Yaada kana, Katamba (1993, f. 49) yoo ibsu, maqaaleen dhalatoo kun dhalatoo kan ijaan hin mul'atne ta'anii kan ijaan hin argamne, haalaafi qulqullina yookiin hangamtaa waan tokkoo kan agarsiisanidha jechuun ibse. Afaan Oromoo keessatti latiileen {-ummaa} maqaatti fufamuun, {-inaafi -eenya} maqibsatti maxxananii tajaajiluun hedduminaan beekamu. Temesgen (1995, f. 14).

Yaadota lamaan armaan olii kana yoo ilaalle, Adeemsi uumamtee garee jechaa maqaa irraa maqaa biraa uumuu kun uumamtee gartokkee yoo ta'u, jechoota duraan afaanicha keessa jiraan; hundeen jecha isaanii maqaa ta'an irraa maqaa biraa uumuudha. Fakkeenyaaf, nama {-ummaa}, biyya{-ummaa} jechoota namummaafi biyyummaa jedhaman haala kanaan uumamani. Maqaaleen duraan mul'atan gara maqaa hinmul'anneetti jijjiiraman.

Kana malees, Maqibsotni afaanicha keessatti argaman latiilee adda addaa maxxanfachuun maqaalee haaraa uumu. Akkuma dura ibsametti latiileen faayidaa kanaaf oolan {-inafi -eenya} dha. Fakkeenyaaf, jechoota furdaafi adii jedhu fudhannee yoo ilaalle, adeemsa uumamteetiin latii{-ina, -eenya} maxxanfachuun maqaalee furdinaafi addeenya jedhan uuman. Walumaagalatti, maqaalee killiyyaa maqaa, maqibsaafi gochima irraa uumuu dandeenya.

B. Hundee Jechaa Irraa Maqaalee Bu'aa Uumuu

Jechootni hundeen jecha isaanii gochima ta'an latiilee uumamtee(maqeessituu) fudhachuun maqaalee uumamtee bu'aa agrasiisan uumuu ni danda'u. "Result nominals are nominals derived from a verb, "where that nominals refer to the object that results from an action" Comrie (1985:356). Akka yaada kanaatti maqaaleen bu'aa gochima irraa kan uumaman ta'ee, kan raawwii anthimaan argamudha. Yaada kana Fakkeenayaan yoo ilaalle, gochima 'deeme' jedhutti latii {-sa} maxxansuun maqaa deemsa jedhu uumuu dandeenya.

Afaan Oromoo keessatti maqaaleen bu'aa hedduminaan hundee gochimootaa irraa uumamu. Hundeen gochimootaa latiilee kanneen akka {-umsa}, {-sa}, {-aa}, {-aatii} fufatee maqaalee dhalatoo ta'ee caasaa afaanichaa keessatti tajaajila. Kana malees, {-tee}, {-ii}, {-oo}, {suu} fi {-uu} adeemsa kana keessatti iddoo ol'aanaa qabu. Fakkeenyaaf, beek-umsa, abaar-sa, kenn-aa, dhug-aatii, mur-tee, gammad-uu. Temesgen (1995, f. 16).

C. Hundee Jechaa Irraa Maqaalee Gochaa Uumuu

Akkuma maqaalee bu'aa maqaaleen kun hundee gochima irraa uumamu. “ Such nominals refers to the fact that, the quality of the base from which they are derived” Comrie et al, 1985, p. 350). Afaan oromoo keessatti latiileen tajaajila kanaaf olaan; {-aatii}, {-taa}, {-sa}. Fakkeenya, kuf-aatii, gurgur-taafi qot-sa.

Malli kun gocha irra deddeebiin dalagame tokko yookiin adeemsa raawwate tokko ibsuuf yookiin beeksisuuf moggaasa maqaaf kennuudha. Jechootni moggaasa kanaaf bu'ura ta'an kun haala boca isaaniitiin garee jechaa gocha fakkatu.

Afaan Oromoo keessatti maqaaleen gochaa hundee gochima irraa latii {-uu} fufachuun uumamu. Fakkeenyaaf, bit-uu, deem-uu, kit-uufi kkf . Temesgen, (1993, f. 12).

D. Hundee Jechaa Irraa Maqaalee Meeshaa Uumuu

Haalli uumama maqaalee kunneenii dhalli namaa adeemsa guyyaa guyyaa keessatti meeshaalee itti fayyadamu tokko isa biroo irraa adda baafachuuf hundee jecha biroo irraa uumuudhaan moggaasa meeshaaf kennuudha. Maqaaleen akkasii hundee jechaatti latiilee maqeessituu {-ata}fi {-tuu} maxxanfachuun tajaajila kanaaf oolu. Har-ata, haam-tuu, qar-tuufi kkf. Temesgen (1993, f. 13)

E. Hundee Jechaa Irraa Maqaalee Adeemsaa Uumuu

Maqaaleen adeemsaa gochima ta'umsaa irraa latiilee adda addaa maxxanfachuun uumamuu danda'a. Ta'insa tokko keessatti gocha tokko eenyu akka raawwatu ibsuuf oolu. Afaan Oromoo keessatti latiin faayidaa kanaaf oolan {-aa}fi {-tuu}dha. Fakkeenyaaf, ajjees-aa, hat-tuu, tum-tuu, duulaafi kkf heeruun ni danda'ama.

“Afaan Oromoo keessaatti latiilee (-aa) hundee gochimoota hin beekamneetti maxxansuun maqaalee adeemsaa uumuun hedduminaan mu'ata. Fakkeenya, ibs-aa, hudh-aa, caa-aafi kkaf “ Mirreessaa (2014, f. 73)

F. Yaasaa

Yaasaan karaa jechootni ittiin uumaman keessa tokko ta'ee, fufiilee yaasaafi jechoota bu'uraa irraa ijaarama. Yaasaa kan jedhameefis, adeemsa yaasaatiin (uumuutiin) jechootni waan uumamaniifi. Lyons (1977:522) defines “Derivation as the morphological process that results in the formation of new lexemes. New words or lexemes can be derived by the attachment of different derivational affixes to different bases, roots or words.”

Haala yaada hayyuu asii oliin, yaasaan adeemsa xiinjechaa kan jecha haaraa argamsiisudha. Jechootni dhalatoon kun hundee, jirma yookiin jechaatti latiilee uumamtee fufachuun jecha haaraa uumu. Jechootni yaasaa garee jechootaa adda addaa irraa ijaaramuu danda’u. Fakkeenyaaf, gochimoota ‘fiigee’fi ‘dhuge’fufiilee yaasaa {-ich-, -aatii} fiigichaafi dhugaatii jedhan ijaaroo ni dandeenya. Adeemsa kanaan argamuun isaaniis kanneen biroo irraa adda ta’uu danda’a.

Gama biraatiin, “Yaasaan tooftaa jechootni ittiin uumaman ta’ee, baay’inaan dhamjechoota uumamteetti kan dhimma bahudha” Addunyaa (2012, f, 143). Haaluma kanaan jechootni Afaan Oromoo keessatti uumaman baay’een ni jiru.

Fakkeenyaaf;

a	b
<i>Ijaarsa</i>	<i>namummaa</i>
<i>Bal’ina</i>	<i>firummaa</i>
<i>huqqataa</i>	<i>Gadhumma</i> . Addunyaa, (2012, f, 143)

Jechootni (a) jalaa duraan garee jechaa gochima, maqisaafi gochima turan. Maqeessitoota {-sa, -ina, -aa } fudhachuun maqaalee uumamtee ta’anii jiru. Kanneen (b) jalatti argamanis duraan maqaa, maqaafi maqisa turan. Latii maqeessituu {-ummaa} fufaachuun maqaalee uumamtee ta’an. Maqaaleen yaasaa kunis haala garagaraan uumamuu ni danda’u.

F1. Dubachiiftuu Dheeressuu

Afaan Oromoo keessatti jechoota duraan caasaa afaanichaa keessatti argamatti dubbachiiftuu dabaluu maqaa haaraa tolchuun ni danda’ama.

Fakkeenyaaf, A. galate + (e) maqaa dhuunfaa ‘Galatee’ jedhu irraa argachuu dandeenya.

B. Tola + (a) maqaa dhuunfaa ‘Tolaa’ kan jedhu irraa ijaarame.

C. Biyyana (a) maqaa dhuunfaa Biyyanaa jedhamu irraa arganna.

D. lola (a) lalaa kan jedhu sababa roobaatiin kan uumamu. Haaluma fakkeenya (a-d) jiran kana yoo ilaalle, jechi jalqabaa ‘a’ jala jiru gochima ture. Adeemsa uumamteetiin latii (a) fufachuun maqaa biroo uume. Kan ‘b’ jala jiru immoo gareen jecha isaanii tokkuma. Garuu, hiikaan adda adda. Jechi jalqabaa ‘tola’ kan jedhu kaffaltii malee jechuudha. Kan uumamee immoo maqaa nama Tolaa jedhamuuti. Kan ‘c’ jalatti ibsame fakkeenya ‘b’ jalaa wajjiin yeroo walfakkaatu, kan ‘d’ jalaa jijjiirama hiikaa agarsiiseera.

F2. Dubbifamaa Dabaluu

Akkuma dubbachiiftuu dabaluun jechoota haaraa uumuun dandaa'amu dubbifamaas dabaluun jecha hiikaan yookiin gareen adda ta'e uumuun ni dandaa'ama.

Fakeenyaaf, a. galaa + (n) maqaa dhuunfaa 'Galaan' jedhu irraa uumame.

b. Tolaa + (n) Tolaan, fedhii agarsiisuu. Kanaafuu, fakkeenyota lamaan olii keessatti maqaan dubbifamaa (n) dabaluun uumamuu akka danda'amu nama hubachiisa. Dubbifamtoota kana qofa oSerluga Oromooo hin taane kanneen biroo gargaaramnee maqaa haaraa uumuun ni danda'ama.

F3. Maqaa Irraa Maqaa Biraa Uumuu

Adeemsi uumamtee garee jechaa maqaa irraa maqaa biraa uumuu kun uumamtee gartokkee yoo ta'u, jechoota duraan hundeen jecha isaanii maqaa ta'an irraa maqaa biraa uumuudha. Fakkeenyaaf, nama {-ummaa}, biyya{-ummaa} jechoota namummaafi biyyummaa jedhaman arganna. Maqaaleen duraan mul'atan gara maqaa hinmul'anneetti jijjiiraman.

G4. Maqaa Gochima Irraa Uumuu

Jechootni hundeen jecha isaanii gochima ta'anlatiilee uumamtee fudhachuun maqaalee uumamtee uumu. Fakkeenyaaf, gochima 'deeme' jedhutti latii {-sa} maxxansuun maqaa deemsa jedhu uumuu dandeenya.

G5. Maqaa Ibsa Maqaa Irraa Uumuu

MaqibSerluga Oromootni afaanicha keessatti argaman latiilee adda addaa maxxanfachuun maqaalee haaraa uumu Fakkeenyaaf, jechoota furdaafi diimaa jedhu fudhannee yoo ilaalle, adeemsa uumamteetiin latii{-ina} maxxanfachuun maqaalee furdinaafi diimina jedhan arganna.

2.6.2 .Adeemsa Maqaan OSerluga Oromooo Hin Maxxanfatiin Ittiin Uumamu

A.Tishoo

Tishoon karaa/tooftaa/ jechoota haaraa ittiin uuman keessaa tokko ta'ee, jechoota lamaafi isaa ol walitti fiduun jecha biroo tokko uumnudha. Yaaduma kana Addunyaan (2012, f. 146) yoo ibsu, adeemsi kun jechoota lamaafi isaa ol walitti fiduun jecha haaraa ijaaruudha. Ijaarsa kana keessatti hiikni jechaa jechoota guuree ta'an irraa kan tolfamaniifi(endocentric compound) kanneen hiikni isaanii jechoota sanaa ala(exocentric compound) jechuun ibsamu. Itti dabaluun, Bauer

(1983,f,28), “Coumpounding is defined as aprocess of forming new word combinding different lexical catagories” jechuun ibsa.

Gama bitaatiin, Tafariin (1998) yoo ibsu, tishoon jecha jechoota lama irraa ijaaramanii jecha tokkoof dhaabbatu, jechootni lamaan kun immoo hiika tokkoof waan dhaabbataniif hundi isaanii walitti siqanii akka jecha tokkootti barreeffamu jechuu miti. Kan walitti siqanii barreeffamanis, kan hin barreeffamnes ni jiru.

Fakkeenyaaf: *Maqaalee diigalaan uumaman*

Saba + lammii = sablammii

Raga + sadii = rogsadee

Seenaa + qabeessa = seena qabeessa. Getaachoo (2011, f, 60)

Maqaaleen tishoo gareewwan jechootaa walfakkaatoofi kanneen adda adda ta’an irraa uumamuu ni danda’u.

A1. Maqaafi Maqaa

Gosti maqaalee tishoo akkasii gareewwaan jechootaa walfakkaatoo(maqaafi maqaa) irraa uumamu. Adeemsi uumamsa maqaalee tishoo kun Afaan Oromoo keessatti hedduminaan hojiirra oola. Maqaafi maqaan kan hiika adda addaa qaban lama walitti dhufuun kan hiikaan adda ta’e uumu. Baeur (1983 f. 28). Fakkeenyaaf, abbaa buddeenaa, haadha manaa, Temesgen (1993, f. 28).

Amalli tishoo akkasii garee jechaa hinjijjiiru. Garuu hiikaan adda fakkaatus, maqaalee irraa ijaarameen kan lamaan isaanii qooddata. Fakkeenyaaf, ‘mana barumsaa’ tishoon jedhu maqaa mana jedhuufi barumsa jedhaman irraa uumaman. Hiikni isaanii qofa qofaatti manni bakka jireenyaa yookiin dawoo dhala namaati. Barumsi immoo daandii ittiin beekumsa gonfatani. Tishoon uumame immoo mana barumsaa kan jedhu bakka barnootni itti geggeeffamudha. Kanaafuu, hiikni isaa jechoota lamaan irraa qoodamee kan kennamedha.

A2. Maqaafi Maqibsa

Maqaaleen tishoo kun jechoota gareen isaanii wal hinfakkaanne (maqaafi maqibsa) irraa ijaaramu. Jechootni garee adda addaa ta’an lama walitti dhufuun garee tokko uuman. Jechootni duraan caasaa adda addaa qabatanii jiru. Akkataan tischeessuu kun immoo Afaan Oromoo

keessatti baay'inaan hin mul'atu. Fakkeenyaaf, sanbata guddaa, muka gurraacha, mataa bookee. Temesgen (1993, f. 29)

A3. Maqaafi Gochima

Tisheessun kun tooftaa maqaaleefi gochimootni walitti dhufanii maqaa haaraa uumanidha. Jechootni duraan kutaa jecha adda addaa keessatti argaman walitti dhufuun kutaa jechaa tokkicha (maqaa) uumu. Fakkeenya, qotee bulaa, dafqee bulaafi kkf.

A4. Maqaafi Durduubee

Durduubeen garee jechootaa tajaajilaa keessatti haa tajaajilu malee maqaas ta'e gareewwan jechoota biroo waliin walitti dhufee maqaa yookiin garee jecha biraa uumuu ni danda'a. fakkeenyaaf, dura taa'aa, gadi qabaa, keessa deebiifi kkf.

B. Suphuu

Adeemsa jechoota haaraa ittiin uuman keessaa inni biroo suphuudha. Suphuun jechoota lama irraa kan ijaaramu ta'ee, yaada jechoota lamaa of keessatti qabata. Jechi kun jecha isa tokko irraa ka'umsa birsagaa, isa itti aanu irraa immoo ka'umsa birsagaa dhiisuudhaan kanneen hafan walitti butuudhaan ijaarama. Fakkeenya, xiinxala+qooqa = xiinqooqa, Xiinxala +sammuu = xiinsammuu, xiinxala+qooqa = xiinqooqa. Abarraafi kaawwan (1995).

Yaaduma armaan olii irraa akkuma hubannu, tooftaan kun jechoota lama ykn isaa ol qaama isaanii irraa mummuruun kanneen hafan walitti suphuudhaan geggeffama. Afaan Oromoo keessatti adeemsa kanaan jechoota uumuuf tooftalee garaagaraatu jiru. Inni tokko jechoota walitti gurraatan keessaa isa tokko akkuma jirutti jechi isa birarraa immoo, birsaga muurasa fudhachuun walitti makuudha. Tooftaan suphuu kun adeemsa akkamiitiin akka argamu, O, Grady (1996, f, 133) akkanatti ibsaa: " Some times a word is formed by a process that seems to be on the borderline between compounding and blending in that it combines all of one word with part of another."

Garee {xiin-}

Jechoota guurree Jechoota suuphaman

(combinatory words)

(blended words)

- Xiinxala + qooqa

- xiinqooqa

- Xiinxala + looga - xinlooga
- Xiinxala + jecha - xiinjecha
- Xiinxala + madda - xinmadda
- Xiinxala + naannoo - xiin naannoo

Jechoonni suphaman kun adeemsa garaagaraa keessa darban. Fakkeenyaaf, jecha xiinxala (analysis) jedhurra birsaga (xala) muruun birsaga jaba (xiin) jedhuutu hafa. Isa kana birsaga(xiin -) taJeasisuun akka dhamjecha dureetti qophaa'e sana booda, qaama jecha kana jechootaqooqa, looga, jecha, maddaafi naannoo jedhaniin walitti makuun jechoonni haaraan sun uumamaan. Addunyaa (2012, f, 14)

C. Ergifannaa

Afaan dhala namaa kamiyyuu jechoota afaanicha keessatti argaman afaan biroorraa ergifatee itti ni fayyafama. Ergifannaan bifa xiinqooqaa isa beekamaa kana afaan tokko afaan biroo irraa jecha yookiin loqoda fudhatudha. Crystal (1997, f. 46). Afaan tokko sababoota garagaraatiin jechoota afaan biroorraa ergifatee itti fayyadama. Kanneen keessaa warreen gurguddoon; sababa guddina tekniinooloojii, hacuuccaa siyaasaa, godaansaafi sochii uummataa fa'i.

Adeemsa afaan ergifannaa keessatti jechoota qofa osoo hintaane, hawaasni afaan sana dubbatu qubee afaanichaaf haala qubeeleen, haala barreeffamaafi ammayyumaan mijataa ta'e afaan biroo irraa fudhatee (ergifatee) hanga kan isaa qopheeffatutti yookiin gonkuma kan isaa godhatee itti fayyadamuu danda'a. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo qubee laatiinii irraa ergifate (yeroof hanga kan isaa qopheeffatutti) itti fayyadamaa jira. Filee (2015:7)

Namootni addunyaa jiraatan keessatti sababa daangaan, dinagdeen, siyaasaafi kkf guyyaa-guyyaan walitti dhufanii yaada wal jijjiiraa oolu. Yeroo kanattis oSerluga Oromoo hin jaallatiin dirqamaan afaan waljijjiiraa oolu. Bu'uuruma kanaan, jechootni armaan gadii kanneen Afaan Ingiliffaa irraa ergifamanii Afaan Oromoo keessatti dhimma itti bahamaa jiramanidha.

Afaan kamiyyuu afaan biraa irraa sagalee, jechoota darbee darbee caasaa seerlugaa amala ergifachuu qaba. Afaanotni sababni guddaan akka walirraa ergifatan taasise namootni gamtaadhaan waan jiraataniif hawwasni afaan tokko dubbatu hawaasa afaan biraa dubbatu waliin

walitti dhufeenya hawaasummaa, siyaasaa, siyaasaafi dinagdee waan godhuuf. “Kanarraa kan ka’e hawaasni afaan tokko dubbatu sagaloota, jechootaafi kan biroo kan afaanicha keessa hin jirre ergifata. Afaan Oromoo jechoota kan akka ‘poostaa’, ‘Raadiyoo’ ‘Televevijiinii’fi kkf ergifatee itti fayyadamaa jira” Getaachoo (2011, f, 3).

Afaan Oromoo jechoota hedduu Afaan Ingiliffaa, Xaaliyaaniifi amaariffaa irraa ergifate. Fakkeenyaaf, jechoota akka: peresedaantii, kilinikaa, helekoopteriifi kkf Afaan Ingiliffaa irraa ergifame. Jechootni makiinaa, kaabboo, anSerluga Oromoolaa, gaazexaafi kkf Afaan Xaaliyaanii irraa yoo ergifaman jechootni caammaa, burundoo, shittoofi kkf immoo Afaan amaaraa irraa ergifaman. Mekonen (2002, f. 73).

D. Gabaajessuu

Gabaajessuun jechoota adda addaa lama yookiin isaa ol irraa qubee jalqabaa fudhachuun, walitti fiduun jecha biroo uumuu kan ilaallatudha. Getaachoo (2011, f, 61), irratti yoo ibsu, “Gabaajeen jechoota barreeffama tokko keessatti qubee jalqabaa funaanuun mala gabaabsanii barreessuuti” jechuun ibsa.

Fakkeenyaaf. Biiroo Barnoota Oromiyaa = BBO

Waldaa Aksiyoona Liqiiifi Qusannoo Oromoiyaa =WALQO

Waldaa MiSerluga Oromooma Oromiyaa = WMO

Akkuma fakkenya armaan olii irra hubannu, jechoota adda addaa lamaafi isaa ol irraa qubee jalqabaa fudhachuun bakka itti jechi uumame ni jira. Kanaaf gabaajessuun adeemsa keessa jechaa haaraa uumuu ni danda’a jechuudha.

E. Moggaassuu (uumuu)

Afaan kamiyyuu keessatti jechootni dhalataan yookiin argisaan jechoota afaanichaa bakka bu’an dhiban moggaasuu (uumuun) ni danda’ama. Mallii kun mala jechoota oomishuudha. Yeroo baay’ee naannawaa warshaatti bifa maqaa haaraa ittiin uumuun beekamu keessaa isa handhuuraati. Warshaan tokko oomisha isaaf yeroo maqaa kennutti, abbaa qabeenyaa, hundeeffama, maqaalee dhuunfaa giddu galeeffatee amala kanaan raawwata. O’Grady (1996, f. 160).

E. Muruu

Karaafi tooftaan inni biroo maqaa ittiin uumnu keessaa tokko muruudha. Malli kun jechoota afaanicha keessatti argaman irraa duraan, bodaan, duraafi boodaan birsaga tokko yookiin isaa ol haquudha. O’Grady (1995, f. 157). Fakkeenyaaf, dormiiterii irraa doormii, laaboraatorii irraa laabii, infiluunzaa irraa filuufi kkf (f. 158)

2.7. Gochimoota Uumuu

Gochimni garee jechoota Afaan Oromoo keessaa isa tokkoofi akkuma maqaa qaama hima tokko keessatti jiraachuun murteessaa ta’edha. Caasaa afaanii keessatti gochi tokko raawwatamuu isaa kan mirkaneessu gochima. “Ijaarsa himaa keessattis ta’e haasaa taasifamu keessatti hundhuura guddaa ta’anii tajaajilu. Kanaaf, faayidaa isaa irraa kaanee yeroo hiiknu jechoota gocha ta’e, haala maalummaa wayiifi deemsa waan tokkoo kan ibsudha” Mirreessaa (2014, f. 91).

Fakkeenyaaf. A. inni seenaa qorate (gochaa)

B. Isheen aarte . (haala)

C. Inni barataadha. (maalummaa, f. 91)

Raadiyoo Oromiyaa Qophii Gabbisa Afaan Oromoo irratti waa’ee gochimaa akkasitti ibsu; “Afaan Oromoo keessatti gochimootni akkuma hirkatoofi of danda’oo ta’an, hima tokko keessatti mul’atanii yookiin dhokanii himicha guutuu taasisu.” yaada kana fakkeenya ‘kitaabni kun kiyya ‘ kan jedhu fudhannee yoo ilaalle gochimni isaa ifatti mul’atee hin jiru. Gochima himichaa argachuuf immoo faallaa isaa barbaaduudha. Kanaaf, ‘kitaabni kun kiyyaa miti’ kan jedhu arganna. Faallaan ‘miti’ immoo {-dha} waan ta’eef gochima dhokataa qaba.

Akkuma maqaalee gochimootni afaan tokko keessatti argaman gochimoota bu’uuraafi uumamteedha. Warri bu’uuraa kanneen dhamsagoota afaanichaa irraa uumaman yoo ta’an, uumamteen immoo akkuma maqaalee adeemsa garagaraatiin gochima bu’uuraa irraa uumamu. “Gochimootni qooqa oromoo keessatti argaman haala lamaan argamu. Kunis heddummini isaanii gochimoota duraan argamaniifi kanneen immoo garee jechoota adda addaa irraa latiilee maxxanfachuun uumamanidha” Mirreessaa (2014, f. 95)

Haaluma asii olii kanaan “Verbalization is the process of forming a verb by attaching deprivation affixes to bases and by reduplicating roots. Verbs can be derived from verbal, nominal and adjective bases .” Alamayo (2007, p, 20). Yaadni armaan olii kun kan nutti mul’isu, gochimni

adeemsa latiilee uumamtee hundee jechaatti maxxanfachuun, irra deddeebiin, hundee gochimaatti latii maxxansuun, maqaafi maqibsatti latiilee gochimeessituu dabaluu gochima dhalatoo kan biroo uumuun akka dandaa'amudha. Gochimootni bifa kanaan argamanis gochimoota uumamtee jedhamu.

2.7.1. Bifoota Gochimootni Ittiin Uumaman

Gochimootni adeemsa latiilee uumamtee hundee jechaatti maxxanfachuun yookiin irra deddeebiin uumamanii afaanicha keessatti akka tajaajilan armaan olitti ibsinee jiiirra. Haala kanaan gochima ofiifee, taasifamaafi taasisaa ta'uu akka danda'an hubanna.

2.7.1.2. Gochima Ofiifee

Gochimni kun raawwii raawwatamu/ raawwatame/ kan mul'isu yoo ta'u namni tokko waan tokko matumaaf (ofumasaaf) akka inni raawwate kan heerudha. Gochimni ofiifee hima yookiin ciroo tokko keessaatii mathimni haala raawwii waan tokkoo mataa isaatiin raawwachuu ibsa . Hayward (1995, f. 193). Afaan Oromoo keessatti gochimni kun latii {-at-} maxxanfachuun gareewwan jechoota adda addaa irraa uumama. Fakkeenyaaf. Inni kitaaba bitate. (bittaa kana mataa isaaf raawwachuu agarsiisa).

Gochimootni Afaan Oromoo keessa jiran yeroo hundee isaanii baafnu heedduminni isaanii kan dubbachhiiftuu {-uu} jettuun kan dhuman yoo ta'an kan ammoo {-chuu} kan jedhaniin xummuramu. Kanaaf latiin {-at} jettu kun gochima {-chuu} dhuman irratti yoo maxxantu hanga kana hedduminaan itti hin gargaaramnu malee afaanicha keessa ni jira. Kanaaf, latii {-at} jettu kana haala kanaan itti gargaaramuun gocha namni tokko mataasaaf raawwate ibsuun ni danda'ama. Mirreessaa (2014, f. 96)

2.7.1.2 . Gochima Taasifamaa

Gochimootni taasifamoon Afaan Oromoo keessatti hundee gochima cehoo irraa uumamu. Kunis, latii [-am-} maxxanfachuuni. Temesgeen (1993, f. 28). Yaada kana irraa adda kan ta'e, Mirreessaa (2014) gochimootni taasifamoon latii {-am-} qofa kan maxxanfatan oSerluga Oromoo hin taane Afaan Oromoo keessatti latiilee akka [-oom, -om, -at, -aaw, -awfi -aa} kan jedhaman ibsa maqaafi maqaatti maxxansuun kan uumaman akka jira barreesse. Kanaaf, gochimni kun maalummaa mathimaa kan ibsudha. Haala latiiwwan kun gochima ta'umsaa ta'uu itti ibsan fakkeenyaan ibsuun ni danda'ama.

Maqaa	gochima haaraa
Harree	harroom-
Fira	firoom-
Gadaa	gadoom-
Maqibsa	gochima haaraa
Gowwaa	gowwoom-
Gabna	gamnoom-(f. 97)

2.7.1.3. Gochima Taasisaa

Gochimootni taasisoon Afaan Oromoo keessatti hundee jechoota hafootti maxxanuun gochimoota darboo uumu. Eba (2019, f. 75) qorannoo isaanii keessatti gochimmota kana garee gareetti qooduun dhiyeessan. Gochimootni taasisoon garee 1ffaa [-s, -is] yoo ta'an, gochimmota hafootti maxxanuun gara gochima darbootti jijjiiru. latiin {-is} hundeen jecha sanaa dubbifamaa gosa tokko lama yookiin gosa adda addaa lamaan dhumu irratti maxxanuun yeroo baay'ee tajaajila. Fakkeenya. “Furdaa, furd-ise, buqqa'e, buqq-ise” Mirreessaa (2014, f. 101).

Garee 2ffaa {-sis, -siis} yoo ta'an isaan kun immoo -sis kan hundeen jecha sanaa dubbachiiftuun jalqabaa dheeratutti maxxana. Latiin {-siis} immoo kan dubbachiiftuun jalqabaa gabaabbatutti maxxana.

Maalumaafi tajaajila garee kanaa yoo ibsan, *The causatives in this category involve intransitive agentive verbs with CVVC and CVCC, which are changed into transitive verbs with causer subjects. The suffixes seem to be phonologically-conditioned: when a stem ends with closed syllable (CVVC), the suffix -sis is used, and when the final syllable has short vowel (CVCC or CVC), the suffix -siis is used in causativelization.* Eba (2019, f. 75)

Yaadamu asii olii irraa akka hubannutti, jirmi jechaa yeroo birsaga cufamaan(dubbifamaan) xumuraman maxxantuun {-sis} kan tajaajilu yoo ta'u, yeroo birsagni dhumaa dubbachiiftuu dheeraa yookiin gabaabaan goolabaman latii {-siis} fufatu. Fakkeenya. Guursis-, beeksis-, diigsis-fikkf. Warreen {-siis} fufatan immoo barsiis-, mursiis-, cirsiis-fikkf.

A. Maqaa Irraa Gochima Uumuu

Haalli gochimootni maqaalee irraa itti uumaman adeemsa maxxanfachuuti. Maqaaleen afaanicha keessatti argaman latiilee uumamtee fufachuun gochima haaraa uumu. Fakkeenyaaf, jecha ‘nama’ jedhuufi ‘maka’ jedhu fudhannee yoo ilaalle, latii uumamtee {-oome} fi {-a’e} walduraa duubaan fudhachuun xumura namoomeefi mukaa’e jedhu arganna.

B. Maqibsa Irraa Gochima Uumuu

Akkuma maqaa irraa gochimootni adeemsa maxxanfachuutiin uumaman, maqibsootni latiilee garagaraa maxxanfachuun gochimoota haaraa uumu. Fakkeenyaaf, jedha ‘diimaa’ fi ‘gurraacha’ jedhaman fudhannee yoo ilaalle, jechootni lamaan ibsa maqaati. Adeemsa latii {-ate} fi [-‘e} duraa duubaan maxxanfachuun gareefi hiikaan kan adda ta’e, gochima ‘diimatee’ fi ‘gurracha’e’ jedhamanuume jira

C. Tishoon Gochimauumuu

Tishoon karaa jechootni ittiin uumaman keessa tokko. Gochimootnis garee jechoota afaanichaa keessa tokko waan ta’eef adeemsa tischeessuun uumamuu danda’u. Tishoon jechoota lamaafi isaa ol kan hiikaa garagaraa qaban walitti fiduun jecha hiikaafi caasaa tokkoof dhaabatu uumuudha. Yaduma kana, Yule, (1996, f, 55), “Compounding is joining of two separate words to produce a single form. Those two separate words can be free morpheme or bound morpheme, thus forming a construction that has different or an new lexical identity”. Akka yaada kanatti tishoon jechoota adda addaa lama kan dhamjecha ofdanda’aa yookiin hirkataa ta’e walitti fiduun jecha haaraa uumuudha. Fakkeenyaaf, oole + bule ---- oolee bule, Bu’e+ba’e--bu’ee ba’e, du’e + ka’e --- du’ee ka’e,

2.8 . Yaadxina Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuuf, yaadxina qorannoo sana deggeru bu'uureffachuun murteessaadha. Yaadxina jiran keessaa qorannoon kun yaadxina xiinqooqaa bu'uureffate. Yaadxinni qorataa tokkoof akka leensiitti tajaajilee karaa daandii garagaraa keessa baasee xiyyeeffannoon ragaaleen qindeeffamee akka argannoo qorannoo isaa bira geessisu taasisa. Berg (2001, f, 84)

2.8.1. Yaadxina Xiinjechaa

Akka yaadxina xijjechaatti jechootni afaanichaa yaasaan (by derivation), diigalaan (by reduplication), gabaajee (by acronyms)fi kkf uumamuu danda'u. Karaa fedheen yoo uumaman iyyuu jechootni afaan tokkoo ifa ta'uu, salphaatti fayyadamtootaan hubatamuu, dheerinaafi baay'ina qusatamaa ta'uu akkasumas dhaaba qabaachuu qaba. Kanaafuu, akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa xiinxaluuf yaadxinni kun riqa ta'uu waan maluuf qorannicha keessatti filatameera.

Yaadaarmaan olii kana waliin walqabatee Carthy (2002, f. 58) irratti yoo ibsu, yaadxinni kun kutaawwan seerlugaa (xiinjecha, xiindhamsaga, xiin himaafi xiinhiika diriirsuun akkaataa uumamaafi caasaan afaanii akka hubatamu taasisa. Kana malees, karaa saayinsaawaa ta'een qabiyyeewwan xiinjechaafi caasaaleen afaanii akkamitti akka hiika argatan qopheessuudha. Kanaafuu, mata dureen qorannoo kanaa akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa waan ta'eef kutaa xiinqooqaa keessaa xiinjecha keessatti haammatama.

2.9. Sakatta'insa Barruulee walfakkii

Beekumaa(2015),“Xiinxala haala uumama jechoota siyaasawaa Afaan Oromoofi mudannoowwan waliin ka’an” jedhu irratti waraqaa qorannoo hojjetee ture. Qorannoo isaa keessatti kaayyoon qorannichaa haala jechootni siyaasaa afaanicha keessatti itti uumamani. Akkasumas, jechootni uumaman kun immoo haawasa afaanicha dubbatan keessatti mudannoo akkamii akka uuman ibseera. Haata’u malee, jechoota siyaasaa Afaan Oromoo keessa jiran funaane malee, akkamitti akka uumaman hin ibsine. Kana malees, jechoota paartii tokko qofaan uummaman irraatti daangesse. Qorannoon kun immoo gadi fageenyaan kan irratti xiyyeeffatu haala maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti jechoota uumamanii jiran; akkaataa isaan itti uumaman xiinxalee dhiyeesseera. Garaagarummaan qorannoo kana argannoo qorannoo irratti. Argannoon qorannoo Beekumaa Afaan Oromoo keessatti jechootni siyaasaa adeemsa ergifannaatiin akka uumaman ibseera. Qorannoon kun garuu, akkaataa maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti itti uumaman; maxxanfachuun, osoo hinmaxxfanfatiiniifi kkf irratti xiyyeeffate.

Alemayew Duressa (2007), “ Word formation in Didessa MAO” jedhu irratti waraqaa qorannoo hojjeten akkaataa maqaaleefi gochimootni Afaan Ma’oo keessatti itti uumaman irrattii ture. Walfakkeenyi qorannoo kanneenii meeshaalee ragaan ittiin funaaman irratti. Qorannoon lamaanuu sakatta’insa dokumentiifi afgaaffiitti dhimma baheera. Garaagarummaan isaanii immoo Kaayyoo qorannoo irratti. Alamayyoon Afaan Ma’oo keessatti akkaataa jechootni latiilee maxxanfachuun uumaman xiinxale. Qorannoon kun immoo akkaataa maqaaleefi gochimootni maxxanfachuun alatti karaalee garagaraan uumaman irratti kan geggeeffamedha.

Geberew Tulu (2003),” The Morphology of Gawada” kan jedhu irratti waraqaa qorannoo hojjetee ture. Kaayyoon qoraannoo isaa Afaan Gawaadaa hortee kushiitik kan ta’e keessaatti xiinjechoota afaanichaa xiinxaluudha. Qorannoon kun immoo Afaan Oromoo irratti geggeeffame. Walfakkeenyi qorannoo kanneenii argannoo qorannoo irratti. Fakkeenyaaf, argannoo qorannoo isaa keessatti afaanicha keessatti latiin(-am) akkuma kan Afaan Oromoo gochima taasifamaa ta’ee hedduminaan tajaajila. Garaagarummaan qorannoo lamaan kana gidduu jiru inni guddaan Geberew qorannoo isaa keessatti latiilee hortee xiinxaleera. Qorannoon kun immoo latiilee uumamteen alatti kan hortee hinxiyyeeffanne.

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo mala qorataan tokko ragaalee funaanaman ittiin qaaccessudha. Qorannoo tokko geggeessu keessatti malleen qorannoo garagaraatuu jira. Malleen qorannichaa kan murteessu immoo kaayyoo qorannooti. Haaluma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaa haala maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii AO filataman keessatti akkamitti uumamanii akka dhiyaatan odeeffannoo kitaaba kanaa sakatta'uufi afgaaffii barreessitoota irraa argametti dhimma bahuun xiinxaluudha.

Haaluma kanaan qorataan kun ragaalee erga walitti qabatee booda mala qorannoo ibsaatiin xiinxalee dhiyeesse. Yaaduma kana Dastaan (2013, f, 20), "Qorannoon mala kanaan (akkamtaan) gaggeeffamu odeeffannoo argame mala iddatteessuutiin yookiin mala ibsaatin dhiheessu" jedha. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon argaman ragaalee adda addaatiin gadi fageenyaan xiinxalamani dhiyaataniiru. Crewell (2007) mala kana yoo ibsu, "We conduct qualitative research because we need a complex, detailed understanding of the issues and allowing to tell the stories what we have read in literature" jedha. Yaada kana irraa akka hubannutti, qorannoon akkamtaa sakata'aa baruuu irraa yaada argaame tokko dhugoomsuuf fayyada. Amalli qorannoo kanaas hubannoo bal'isuufi haala mijeessuuf ga'umsa qaba.

Itti dabalees, dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa. Zolton (2007:19) qorannoo akkamtaa yoo ibsu, "Qualitative research involves data collecting procedures that result primarily in open-ended non numerical data which is analyzed by non statistical methods" jedha. Kanaaf, qorataan kun qorannoo kana geggeessuuf, haala uumama maqaaleefi gochimootaa kitaabilee sadan keessatti argaman sakatta'uufi afgaaffiin mala kanatti gargaaramee dhiyeesse.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti geggeeffame kitaabilee wabii Afaan Oromoo sadii: Caasluga Afaan Oromoo Jildii-1 (1995 A. L H) maxxanfame, Newsystematic Afaan Oromoo (1998 A.L.H) maxxanfameefi seerluga Oromoo (2015 A.L.A) maxxanfame irratti ta'ee, akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman fuula isaanii wajjiin adda bahee dhiyaateera. Sababa kitaabileen kun filatamaniif, baroota garagaraa keessa barreessitoota adda addaatiin waan maxxanfamaniifi.

Qabiyyeen uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatn; haala kamiin akka uumamanii jiraniifi hanqinaalee jiran xiinxaluu irratti raawwatame. Kana maleess,

garaagarmmaa Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1, Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoofi Serluga Oromoo keessatti mul’atan adda baasee xiinxaluu irratti xiyyeeffatee geggeeffame. Kunis kan taasifame, garaagarummaan akkaataa uumamsaa irratti jiraachuu, facaatiin isaanii walgituu dhabuufi ibsi bal’inaan kennamee waan hindhiyaatneef hanqinoota kana furuuf. Kaayyoo kana milkeessuufi barreessitoota kitaabilee wabii sadanii dhiira sadii (3)fi dhalaa (0) walii gala odeeffannoo kennitoota sadan irratti afgaaffiin raawwatameera. Barreesitootni kunis adeemsaafi akkaataa uumamsa maqaafi gochimootaa irratti odeeffannoo quubsaafi amansiisaa ni kennu jedhamee yaadameeti.

3.3. Madda Ragaalee

Qoratchi, gaaffilee qorannicha keessatti ka’aniif deebii ga’aa argachuuf, ragaalee qorannoo kanaaf gargaaraan madda ragaalee caalmaatti ni fayyadu jedhee filatee itti fayyadameera. Kaayyoo kana galmaan ga’uuf, qorataan kitaaba Newsystematic Afaan Orommo, Caasluga Afaan Oromoo Jiildii-1fi Seerluga Oromoo sakatta’uun akka madda ragaa tokkoffaatti itti gargaarameera. Xiyyeeffannoon isaas; akkaataa dhiyaannaa uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee kanneen keessatti argaman; boqonnaafi fuula qabiyyeen kun hundi keessatti dhiyaatee jiru; adeemsaafi akkaataa uumamsaa achi keessatii dhiyaatan; garaagarummaafi hanqina kitaabilee Sadan keessatti mul’atan xiinxaluun ibsuudha

Itti dabalees, kaayyoo qorannichaa galmaan ga’ee; dhugummaafi amanamummaa isaa mirkaneessuuf afgaaffiin barreessitoota kitaabilee kanneeniif dhiyaateera. Sababa kitaabilee xiinxaluun maddiitti afgaaffiin barreessitootaaf dhiyaateef: qorannichi akkaataa uumamsaa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii AO filataman keessatti dhiyaatan jedhu irratti waan geggeeffameef , barreessitootni kun irra caalaan isaanii yeroo Afaan Oromoo afaan barnootaa ta’ee biyya keenya keessatti jalqabe kan maxxansan ture. Kanaafuu, adeemsaafi turtii hanga ammaatti jijjiirama jiru itti dabalaniif ibsuu danda’u jedhameeti. Kanneen armaan olii kun akka madda ragaa 1ffaatti yoo tajaajilaan, barruuleefi waraabiilee akkaataa uumamsaa ilaallatu hordofuun akka madda ragaa 2ffaatti dhimma itti bahameera.

3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun kan geggeeffame akkaataa maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii filataman keessatti itti uumaman irrattidha. Iddattoon irraawwatamtoota qorannoo tokkoo keessatti qorataan odeeffannoo barbaachisu akka kennaniif kan filatudha. Qorataan kun qorannoo kana

gaggeessuuf mala iddattoo kaayyeefatamaatti (Purposive Sampling) dhimmaa bahe. Iddattoo kaayyeeffataa keessaas iddattoo miti carraatti dhimma baheera. Kun ammoo, odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa qaama hubannoo dhimmichaa qaburraa kallattumaan argachuuf yaaddameeti. Adeemsa iddatteessuu kitaabilee wabifii odeeffannoo kennitootaa adda adda gargaarame

3.4.1. Iddattoo Barreessitootaa

Qorannoo tokko geggeessuu keessatti wantootni barbaachisoon qaamota mata duree qorannichaa wajjiin hariiroo qaban adda baasuudha. Akkuma mata duree biroo keessatti ibsame, kitaabilee wabii filatamanitti aansee maddi oddeeffanno barreessitoota kitaabichaati. Raga kennitoota yookiin madda beekumsa qooda fudhattoota qorannichaa hundarraa ragaalee funaanuun wayita danda'amutti qaamota hunda irraa odeeffannoo fudhachuun ni danda'ama. Kanaafuu, iddatteessuu ammargeetti dhimma bahuun barreessitootni kitaabilee wabii hundi isaanii iddatteeffamaniiru. Iddatteessuun kunis kan hojiirraa oolu, namoota baay'inni isaanii xiqqaa ta'an irraa kan ka'e hunda isaanii akka raga kennitootaatti fudhachuuni. Kanaafuu, qorannoonichi kitaabilee wabii Afaan Oromoo Sadii irraatti waan raawwatameef, barreessitootni isaanii muraasa yookiin sadii ta'uu isaanii irraa kan ka'e hunda isaaniiti gargaarameera.

3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan ga'uuf ragaa quubsaafi ga'aa argachuun barbaachisaadha. Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman kan murteessu immoo amala qorannooti. Qorannoon kun akkaataa maqaaleefi gochimootni kitaabilee filataman Sadan keessatti itti uumaman irratti waan geggeeffameef. Amala qorannichaa giddu galeeffachuun sakatta'insa kitaabilee filatamaniifi afgaaffii gargaarameera. Meeshaaleen kun kan filatamaniif odeeffannoo dhugaafi amansiisaa argachuun qorannicha geggeessuf na gargaara jedhee waan yaadeefi.

3.5.1. Afgaaffii

Afgaaffiin qorannoo keessatti kan qorataan tokko odeeffannoo waa'ee dhimmichaa qaamota na gargaaru jedhu irraa fuulaa fuulatti funaannatudha. Kana ka'umsa godhachuu qorannichi qabatamummaa akka qabaatuuf, qorataan qorannoo isaa kanaaf ragaa qabatamaa fi dhugaa qabeessa ta'e funaanuuf barreessitoota kitaabilee wabiif gaaffileen banaa ta'an Saddeeti (8) kanneen gaaffilee bu'uura, ka'umsaafi kaayyoo qorannichaa waliin walitti dhufeenya qaban

qopheesse. Sababa gaaffileen kun dhiyaataniifis, yaada qaratchi kitaabilee wabii irraa argate gabbisuufi kanneen barreessitootni kitaaba isaanii keessatti hintuqiin hafan yoo jiraate nan argadhe jedhee abdateeti. Gaaffilee kanas bilbilaan erga barreessitoota irraa funaannatee booda akkaataa hariiroo qabaniin baakka Afuritti walitti qabee boqonnaa Afur jalatti gaafiilee bu'uuraa waliin xiinxalamee dhiyaateera. Gaaffileen kunis Dabalee'B' jalatti argamu.

3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoon tokko maddoota odeeffannoo irraa meeshaalee barbaachisaa ta'aniin erga funaanamee booda adeemsi itti aanu ragicha qaaccessuudha. Haaluma kanaan qoratchi hojii isaa cimsuufi amanamummaa akka qabaatuuf sakatta'insa kitaabilee wabii filatamanii geggeessuufi afgaaffiin raawwateera. Akkaataa maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii keessatti itti uumaman sakatta'uun xiinxalee kaa'eera. Mala qorannoo qulqullffataan kan qaacceeffame ta'ee, odeeffannoon barreessitoota irraa argame amanamummaan, bifa salphaafi yaada barreessitootni kennan giddu galeeffachuun qaacceeffameera. Karaa birootiin, odeeffannoo afgaaffiin barreessitoota irraa argate maqaalee barreessitootaatti kooddii kennuun yaadni isaanii ibsame. Kana malees, gaaffileen afgaaffiif qophaa'an baay'inni isaanii walii galaan Saddeet (8) kan ture akkaataa walitti dhiyeenyaa gaaffilee bu'uuraan walitti dabalamanii Afuritti (4) deebi'aniiru. Gaaffileen kunis, bilbilaan funaanamanii sagaleen isaanii erga waraabamee gara barreeffamaatti deebisuun raawwatame. Hanga danda'ametti osoo yaada isaanii hin jijjiiriin bifa jechaatiin xiinxalamanii dhiyaataniiru. Walumaagalatti, ragaan akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaate sakatta'insi dookumentiifi deebiin afgaaffii baarreessitoota irraa argame erga haala asii oliin qindaa'ee xiinxalamee booda cuunfaa, argannoofi yaadni furmaataa dhiyaateera.

BOQANNAA AFUR: RAGAALĒE HĪKUUFĪ QAACC ESSUU

Boqonnaa kana keessatti Haala Maqaaleefi Gocimootni kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti itti uumamantuu dhiyaate. Haalli maqaaleefi gochimootni itti uumaman kitaabilee wabii filataman keessatti seerri isaan ittiin ijaaraman, garaagarummaafi hanqinootni argaman adda bahuun dhiyaateera. Kana maleess, ragaaleen sakatta'insa dokumentiifi afgaaffii barreessitootaa irraa argaman mala qorannoo qulqulleeffataa gargaaramuun qaaccceffameera.

4.1. Duubee Raga Kennitootaa

Odeeffannoon duubee raga kennitootaa barreessitoota kitaabilee wabii raga kennuuf iddatteeffamanii saala, sadarkaa barnootaafi muuxannoo hojii isaanii ibsu waliin gabatee (1) armaan gadii keessatti ibsameera.

Gabatee 1. Seenduubee Barreessitootaa

T/L	saala			Sadarkaa barnootaa			Muuxannoo hojii					
	dhi	dha	Ida	Dig	MA	PhD	Ida	1-5	6-10	11-15	16-20	20fi ol
	3	-	3	-	2	1	3	-	-	-	-	3

Haaluma gabatee (1) armaan olii keessatti ibsameen, barreessitootni raga kennuuf iddatteeffaman harki caalaan(75%) kan ta'an sadarkaa barnootaa Digirri lammaffaa kan qaban yoo ta'an kan hafe (25%) immoo PhD kan qabanidha. Gama mooxannoo hojitiin immoo hundi isaanii hojjetaa mootummaa dhaabbataa kan ta'aniifi tajaajila waggaa (20) ol kan qabanidha.

Gabatee (2). Seenduubee kitaabilee wabii

Maqaa kitaabaa	Maqaa barreessaa	Bara maxxansaa	Baay' ina boqonnaa	Baay' ina fuulaa
Caasluga Afaan Oromo Jil-1	Abarraa Nafaa	1995 .A.L.H	4	420
Newsystematic Afaan Oromo	Tafarii Ayyaanaa	1998.A.L.H	18	320
Seerluga Oromo	Filee Jaallataa	2015.A.L.A	8	197

Akkuma gabatee (2) kana irraa hubachuun danda'amutti kitaabileen iddatteeffaman kun barreessita adda addaan baroota garagaraa keessa maxxanfamani. Afaan Oromoo afaan barnootaa ta'ee biyya keenyatti erga eegalee asitti waggootan (20) darban keessatti.

4.2. Xiinxala Akkaataa uumamsa Maqaaleefi Gochimootaa Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo, Newsystematicfi Serluga Oromoo keessatti.

Afaan Oromoo keessatti jechootni afaanicha keessatti argaman bifaafi adeemsa garagaraatiin maqaaleefi gochimoota haaraa uumu. Afaan tokko keessatti gareen jechaa tokko qofaatti adeemsa /process/ ittiin uumamu kan mataa isaa hin qabu. Afaan Oromoos afaanota kanneen keessa tokko waan ta'eef garee jechaa tokkoof addatti hin qabu. Haata'u malee, seerri jechootni ittiin uumaman garee jechoota afaanichaaf ni gargaaru. Yaada kana Mathews (1991, p, 37) "Noun formation has not been tackled separately as a subject in its self, but not only within broader subject of word formation and there is no separate methodology to be followed" jedha.

Akkuma yaada armaan olii kana irraa hubannutti, adeemsi maqaaleen/gochimootni ittiin uumaman kan mataa isaaniin akka garee jechaatti hin qabani. Haata'u malee, garee jechootaa afaanichaa keessaa tokko waan ta'aniif seerri jechoota afaanicha keessatti argamaniif hojjetu maqaaleefi gochimootaaf ni hojjta. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti kan dhiyaate gareewwan jechoota Afaan Oromoo keessaa akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman xiinxiluun dhiyeessuudha. Afaan tokko keessatti maqaalenis ta'e gochimootni karaalee gurguddaa lamaan uumamu. Yaada kana (Plag, f. 22) "Jechootni dhalatoon afaan tokko keessatti argaman karaalee maxxanfachuufi Serluga Oromoo in maxxanfatiin uumamu" jechuun ibsee jira.

4.2.1. Uumamsa Maqaaleefi Gochimootaa Osoo Hinmaxxfanfatiin

Afaan Oromoo keessatti maqaalees ta'e gochimootni osoo latiilee (maxxantuu) ofitti hin maxxanfatiin bifti isaan ittiin uumamuu danda'an ni jiru. Kana jechuun, jechootni afaanicha keessatti argaman walitti dhufuun maqaalee yookiin gochimoota haaraa hiikaan (gareen) adda ta'an argamsiisuu danda'an ni jiru jechuudha. Isaanis: hedduu yoo ta'an iyyuu qorannoo kana keessatti kan xiinxalame kanneen kitaabilee wabii filataman keessatti argamanidha.

4.2.1.1. Tishoo (Compounding)

Tishoon karaalee maqaaleen ittiin uumaman keessaa isa tokkodha. Afaan garagaraa keessatti jechootni ofdada'oo lamaafi isaa ol walitti dhufuun jecha tokko uumu. Isaan lamaan kun hiikaan garagara, garee jecha lamaa(walfakkaatoo yookiin garagaraa) irraa tolfama. Hiika jechoota tishoo jechoota isaan irraa ijaaramaniin tilmaamuun hin danda'amu. Radford (1997, f, 499). "Compounding is the process of forming new words by combining different lexical categories."

Itti dabalees, Bauer (1983: 28). “However, it is not the case that every two words (stems) combine to form a compound word.”

Yaada armaan olii kana gara Afaan Oromoo fidnee yoo ilaalle, akkuma afaan biroo jechootni afaanicha keessatti argaman lamaafi isaa walitti dhufuun jecha tokko tolchu. Gareefi hiika tokko qabaachuun akkuma jecha tokkootti tajaajila kennu. Hiikni jechichaas jechoota inni irraa ijaarameen hin tilmaamu. Fakkeenyaaf, tishoo ‘mana barumsaa’ jedhu fudhannee yoo ilaalle jecha ‘mana’ fi ‘barumsa’ jedhu irraa ijaarame. Manni bakka namootni jiraatan (dawoo namootaati). Barumsi immoo beekumsa. Tishoon ‘mana barumsaa’ jedhu garuu bakka barnootni iddileen itti geggeeffamudha. Afaan Oromoo keessatti maqaaleen tishoo hedduminaan ; maqaa+maqaa, maqaa+xumura, maqaa+maqibsa irraa ijaaramu. Adeemsa tiseessuutiin akkaataa maqaaleen kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti itti uumaman akka asii gadiitti xiinxalameera.

(1)

a. mataa + dura → mata duree

b. abba +lammii→ abbaa lammii

c. malkaa + bal’aa→ malkaa bal’oo

d. saree + Diida → sardiida

e.saba + lammii → sablammii

f.garaa + jala → garjala

g.miila + jala → miiljalee

h.abbaa + bokkuu → abbaa bokkuu

i.abbaa + alangaa → abbaa alangaa

j. galmee + jechoota → galmee jechootaa

k. abbaa + duulaa→ abbaa duulaa

l. abbaa + seera → abbaa seeraa

m. bishaan + bool’a→ bishaan bool’aa (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1, f, 246-248)

Akkaataa tishoon armaan olii itti uumamu (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1, f, 246-248) yoo ibsu, maqaan tishoo fkn ‘a’ jalatti ‘mata duree’ jedhu ‘maqaa ‘mataa’ fi durgaa ‘dura’ jedhu

irraa tolfame. Durgaan duraan ‘dura’ ture seerlugicha mijeessuuf bifa jijjiirratee ‘duree’ ta’e. kan ‘b’ jalaa Abbaan lammii immoo maqaalee lama ‘abbaa’fi ‘lammii irraa ijaarame. Malkaa bal’oon ‘c’ jalaa addatti maqaa malkaafi maqibsa ‘bal’aa’ jedhaman irraa tolfame. Maqaaleen ‘mataa’, ‘abbaa’fi ‘malkaa’ jedhaman dubbachiiftuu dheeraadhaan xummuramu. Caasaan seera Afaan Oromoo dubbachiiftuu dheeraan kennataa waan hin taaneef tishoo kana uumuuf dubbachiiftuun tokko haqameera.

Maqaaleen tishoo (d-g) tti jiran kan tolfaman immoo jechoota irraa ijaaraman keessaa warri duraa guutummaa guutuutti dubbachiiftuu xummuraa haquudhaan jechoota isaan boodaatti hidhamanii argamu. Kitaaba kana keessattis kan ibsame maqaalee tishoo bifa kanaan tolfaman gidduu sararri xiqqaa(-) hin barbaachisu jedha. Sababni isaa, jechootni duraa sagalee dhumaa ofirraa gatani guutummaatti jecha boodaatti waan maxxananiif.

Maqaalee tishoo (h-i) yeroo ilaallu, maqaalee tishoo uumamanitti qubeen dabalames, haqames hin jiru. Kanaafuu, guutummaa guutuutti oSerluga Oromoo walitti hin makamiin yookiin hin qabatiin barreeffamu. Garuu, yaadaafi dhimma tokkoof dhaabatu.

Maqaaleen tishoo (j-m) kanneen keessatti uumaman jechoota boodaa duraan dubbachiiftuu gabaabaan xumuran yoo jecha isaan duraatti hidhaman maqaalee tishoo uuman dubbachiiftuu tokko dabaluun dheeratu ni dheeratu jechuudha. Kanaafuu, tischeessuun adeemsa oSerluga Oromoo hin maxxanfatiin maqaan uumamu yoo ta’e iyyuu bifa garagaraatiin raawwata.

(2)

- a. sabbata + waaqa → sabbata waaqaa
- b. abbaa + mana → abbaa manaa
- c. cirri + arba → cirrii arbaa
- d. haadha + mana → haadha manaa
- e. ilmoo + mooyyee → ilmoom mooyyee
- a. muka + lama → muklama
- b. muka + tumaa → muktuma
- c. bara + dura → bardurii
- d. mana = seera → masaraa

e. caasaa + luuga → caasluga

f. mana + duuba → manduuba (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo ,fuula,92-93)

(Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, F, 92-93) keessatti haalli maqaaleen tischeessuun itti uumaman kannen kitaaba caasluga Afaan Oromoo jildii-1 keessatti ibsame waliin walfakkaata. Fakeenya (a-d) jiran fudhannee yoo ilaalle; jechootni jalqabaafi kan lammataa yeroo walitti makamanitti akkaataa afaanichaatti kennataa waan hintaaneeff jecha boodaa kan dubbachiiftuu gabaabaa turetti dabaluuun dheeraa taasiseera. Kun jijjiirama hiikaa yookiin yaadaa mul'isu hin qabu.

Kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman sadan keessatti haalli tischeessuun maqaaleen uuman Caasluga Afaan Oromoo jiidii-1fi Newsytematic Afaan Oromoo keessatti tishoon gaafa barreeffamu kan walitti siqanii barreeffamaniifi hinbarreeffamne akka jiran ibsamaniiru.

(3)

Maqaa + maqaa

a. Mana + barumsa → manabarumsaa

b. Mana + waaqeffannaa → manawaaqeffannaa

Maqaa + maqibsa

a. Garaa + lafaa → garalaafessa

b. Harka +qal'aa → harkaqaaleessa

Gochima + maqaa

a.qote +bulaa → qotebulaa (serluga Oromoo ,fuula, 83)

Fakkeenya armaan olii keessatti kan hubannu, tishoon karaa ittiin jechoota lamaa irraa kan hiikaafi yaadaan tokko ta'e ittiin uumuu dandeenyudha waan ta'eef, jechootni lamaan akka jecha tokkootti walitti siqanii barreeffamu jechuudha.

Yaada lamaan duraanii (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoofi Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo) irraa kan hubannu, maqaaleen yookiin jechootni tishoo yeroo ijaaraman jechoota walitti dhufan lamaan gidduu haqinsi dubbachiiftuu yoo jiraate jechootni sun walitti siqanii barreeffamu. Jechoota walitti dhufan gidduu haqinsi dubbachiiftuu hin jiru yoo ta'e garuu xiqqoo

gargar siqanii barreeffamu. Kunis, adda bahanii barreeffamaniif akka jecha lamaatti ilaalamu jechuu miti. Akkuma warra biroo Garee jechaa tokko jalatti ramadamanii hiika tokkoofi caasaa tokkoof dhaabbatu.

Akkuma walii galaatti kitaabilee sadan irraa kan xiinxaluun danda'amu, maqaaleen tishoo garee jechoota adda addaa irraa kan ijaaramanidha. Walfakkeenya guddaan kitaabilee sadan gidduu jiru; maqaaleen tishoo garee jechoota walfakkaatoofi adda addaa irraa uumamuu danda'uu isaaniiti. Xiinxalli haalli maqaaleen tischeessuun itti uumaman kitaabilee wabii: caasluga Afaan Oromoo jil-1, Newsystematic Afaan Oromoofi Serluga Oromoo irratti geggeeffamee kan agarsiisu, kitaabilee Lamaan duraa keessatti haalli itti barreeffame walfakkeenya qabaachuu isaati. "Every language follows certain rules by which it forms its compounds" (Selkirk,1982: 14).

Akka yaada asii olii kanaatti afaanotni hundi adeemsa ittiin tischeeffaman qabu. Adeemsa kana bu'uureffachuun Afaan Oromoo keessatti jechootni ergaa addaa lama qabaachaa turan walitti dhufuun ergaafi yaada tokkoof dhaabbatu. Fakkeenyaaf, maqaalee meeshaa ibsuuf (dagaa daakuu, xuwwee marqaa); qaamota miiraa muraasa (mataa cabsaa, dugda kutaa) ; bakka argama waan tokkoo (mana barumsaa, bakka waraanaa) Tamasgeen (1993, f. 29-31).

Yaada hayyuu kanaa, afgaaffii barreessitootaafi akkaataa Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo Jil-1, Newsystematikii Afaan Oromoofi Serluga Oromoo keessatti itti dhiyaatan giddu galeessa godhachuun akkaataa tischeessuu irratti garaagarummaan jiraachuu bira ga'ameera. Afaan kamiyyuu akkaataa jechootni tishoo ittiin uumaman seera mataa isaa qaba. Bauer, (1983, f. 201-202). Seerri kun immoo afaan tokko keessatti garee jecha tokkoof adda ta'uu hin danda'u.

Afgaaffii taasifameen, Barreessaan 'CA' Afaan Oromoo keessatti maqaaleen yookiin gochimootni yeroo uumaman akkamitti uumamu kan jedhuuf akkuma jechootni afaanicha keessatti iiti uumamaniin uumamu. Jechootni Afaan Oromoo tishoon, gabaajeen, moggaasaafi yaasaan uumamu. Haata'u malee, akkaataan uumamsaa kun walqixxa tajaajila hinkeennan. Heddiminaan kan dhimma itti bahamu yaasaafi tishoodha. Akkuma yaasaa tishoon adeemsa mataa isaa hordofe qaba. Bu'uurri yookiin ka'umsi maqaaleefi gochimoota uumuu adeemsa yaasaa keessatti latiiee isaan maxxanfatan sanatu murteessa. Isaa kamtuu caalaa barbaachisa jechuuf garuu jechoota afaanichaa guuruun kam maxxantu ? eenyutuu maxxanfata kan jedhu

ilaalum barbaachisaadha. Wanti guddaan bu'ura ta'e caasaa afaanichaa qorachuun daran barbaachisaa akka ta'e akkasumas caasaa afaanichaa beekuufi guddisuuf oola.

Barreessaan 'NS' yaaduma olii kanaan kan walfaatu gabaabinaan ibse. Yeroo baay'ee kan barreessine akkaataa uumasaa yookiin adeemsa jechootni ittiin uumaman jennee adda hin baafne; nuti kan dhimma itti baane jechoota Afaan Oromoo keessaa guuree bifa gara garaatiin akka isaan uumamuu danda'an mirkaneessine. Hayyotni ergasii barreessan garuu isa kana adda baasanii kaa'uuf yaalaniru. Akkuma barreessaa 'SA' ka'umsi jechootaa uumuu latiilee uumamtee yookiin yaasaati.

Barreessaan 'SA' yaada armaan oliif deebii bifa gabaabaafi ifaa ta'een kennaniiru. Maqaalees ta'e, gochimootni Afaan Oromoo adeemsa garagaraatiin uumamu. Isaanis: tischeessuu, gabaajessuu, moggaasuu, suphuufi yaasaa fa'i. Tishoon adeemsa baramaa yaasaatti aanee hedduminaan dhimma itti bahamudha. Afaan Oromoo keessatti ka'umsi yookiin bu'uurri jechoota umuu seera mataa isaa qaba. Maqaalee uumuuf murteessaan hundee jechaati. Hundeen jechaa hundi maqaas ta'e, gochima yaasaa uumuu hindanda'u. Akkasumas, hundeen jechaa tokko latiilee maqeessituu yookiin gochimeessituu hunda fudhachuu hin danda'u.

Garaagarummaan gidduu isaaniitti mul'ate kitaaba Seerluga Oromoo keessatti haalli itti barreeffame adda. Kana gaafa jennu immoo afaan tokko keessatti seerri garagagaraa jira jechuu miti. Yaadni kitaaba kana keessatti ibsame maqaalee tishoo uumaman hunda adeemsa tischeessuu keessatti akkuma maqaaleen sagalee (birsaga) irraa ijaaramaniitti hunda isaanii walitti maxxansinee barreessina jechuun kan ibsamedha.

4.2.1.2. Suphuu

Adeemsa maqaaleen ittiin uumaman keessaa tokko suphuudha. Maqaaleen suphuun uumaman akkuma jechoota tishoo, jechoota lamafi isaa ol irraa ijaaramu. Haata'u malee, haalli tolfamaafi hiikni isaanii itti kennamu gidduu garaagarummaa guddaatu jira. Hiikni maqaalee suphuun uumamanii yaada jechoota lamaanii of keessaa qaba. Tishoon garuu, yaada irraa ijaarameen addatti hiikama. Suphuun jecha jalqabaa irraa birsaga ka'umsaa (onset) fudhachuun, isa tti aanu immoo akkuma jirutti fudhachuun walitti butuudhaan ijaarama. Suphuun adeemsa jirmi jechootaa lama walitti dhufuun jecha tokko uumu; jechoota adda addaa lama walitti makuun maqaa tokko uumuufi tishoo gadi ta'edha. (Yule,2010,55).

Yaada armaan olii kana giddu galeessa godhachuun adeemsa suphuutiin maqaaleen ittiin uumaman akka asii gadiitti xiinxalameera.

(4)

a. xiinsammuu → xiinxala + sammuu

b. xiinqooqa → xiinxala + qooqa

c. xiinneefkaa → xiinxala + neefkaa

d. yoomessa → yoom + 'eessa

e. deemsoosama → deemsa + soosama (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo Jil-1, Fuula, 53- 54)

Ibsa jalqabaa fakkeenya kitaabichaa keessatti kenname waliin walitti fidnee yoo ilaalle, maqaaleen asii olii adeemsa suphuutiin uumaman. Fakkeenya 'a' jalatti 'xiinsammuu' kan jedhu 'xiinxala' jecha jedhu irraa birsaga jalqabaa 'xiin' fudhachuun birsaga lamaan boodaa 'xala' gate. Jecha lamaffaa jechicha akkuma jirutti fudhatee 'xiinsammuu' jedhu uumee jira. Fakkeenya 'b' jalatti maqaan 'xiinqooqa' jedhu xiinxala jecha jedhu irraa birsaga jalqabaa 'xiin' fudhachuun birsaga itti aanu 'xala' dhiisee; jecha lammataa irraa immoo akkuma jirutti fudhatee 'xiinqooqa' ijaare. Fakkeenya 'c' jala jiru immoo kan 'b' jalaa wajjiin walfakkaata. Jecha jalqabaa irraa birsaga ka'umsaa fudhachuun kan lammaffaa akkauma jirutti fudhachuun uumame.

fakkeenya (d) fi (e) jalatti akkaataa maqaaleen kun suphuun uumaman kan duraa 'a-c' irraa adda. Jechi yoomessa jedhu jecha jalqabaa 'yoom' akkuma jirutti fudhachuun isa lammaffaa 'eessa' irraa dubbachiiftuu {e} dhiisuun ijaarama. Deemsoosamnis jecha duraa 'deemsa' guutummaatti fudhachuun isa lammaffaa irraa immoo dubbachiiftuu ka'umsaa {a} hambisuun tolfame. Akkaataa suphuutiin maqaan uumuu kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jildii-1 kana keessatti kan hubannu, suphuun bifa dhaabbataa tokko qofaan kan hin ijaaramne ta'uu isaati.

Dhuma irratti, suphuutiin maqaa yookiin gochima biroo haalli itti uumamu kitaabilee wabii filataman Newsytematic Afaan Oromoofi Seerluga Oromoo keessatti kan ibsame tokko illee hin jiru. Caasluga Afaan Oromoo jiidii -1 (fuula, 53) irrattis moggaasa jedhamee kan ibsi itti kenname itti kennamee jira

Kitaaba wabii kana keessatti karaalee suphuutiin maqaaleen itti uumaman bifa tokko qofaan ibse. Innis adeemsa suphuu keessatti jechoota lamaan walitti kiphaman osoo hinhaqiin kan dandeessisu ta'uu hinibsine. Kanaaf, fakkeenyi asii olitti ibsame gahaa miti.

4.2.1.3. Gabaajee (acronym)

Gabaajeen jechoota yookiin gaaleewwan hiriiranii jiran irraa qubee jalqabaa fudhachuun jecha haaraa uumuudha.

*Acronymy is the process whereby a new word is formed from the initial letters of the constituent words of a phrase or sentence. For example, from the initial letters of the words of the phrase North Atlantic Treaty Organization, the word NATO is formed. Similarly, from the initial letters of the constituent words of the phrase unidentified flying object, the word UFO is formed. In a like manner, from the constituent words of the sentence I owe you, the word IOU (notice the adaptation in spelling) is formed. And from the Situation normal, all fouled up, snafu (armyslang) is formed. The words created by this process are called **acronyms**; all of them function as nouns. Mekonon (2002, p. 85)*

Yaada asii olii arraa hubachuun akkuma danda'amutti, gabaajessuun karaa ittiin jechoota haaraa uumnu ta'ee, qubee gaalee yookiin hima jalqabaa qabate irraa funaanuun jecha uumuudha. Jechootni uumaman hundi isaanii akka maqaatti tajaajilu. Haata'u malee gabaajessuun karaa ittiin maqaa haaraa uuman yoo ta'e iyyuu kanneen akka jechaatti hin dubbifamne ni jiru. Amaalli gabaajee akkasii yeroo baay'ee kanneen beekamtii qaban miti. Garuu akka jechaatti haa dubbifamuuf dubbachiiftuus ta'e dubbifamaa itti dabaluun barbaachisaa miti jechuun ibsuun ni danda'ama.

(5)

a.Wago (Waldaa Gargaarsa Oromoo)

b.Wamo (Waldaa Misooma Oromiyaa) (Serluga Oromoo, fuula, 84)

Fakkeenya lamaan asii olii kana irraa kan hubannu, jechootni 'Wago'fi 'Wamo' jedhaman adeemsa gabaajeetiin uumaman. Gaaleen' Waldaa Gargaarsa Oromoo' jedhu jechoota sadii irraa ijaarame. Ka'usi qubeelee gaalichaa'W', 'G'fi 'O'dha. Gaaleen 'b' jalatti kennames jechoota sadii ka'umsi qubee isaanii 'W', 'M'fi 'O' ture. Akka Yule (2010, f, 58) jedhutti," Acronmys

are a new words formed from the initial letters of a set of other words that pronounce as a new single word” jechuun ibsa.

Yaada asii olii kana irraa kan nuti hubannu, gabaajeen jecha tokko irraa qubee jalqabaa fudhachuun qubeewwaan kana immoo jechoota adda adda irraa walitti fiduun jecha haaraa uumuun akka jecha tokkootti sagaleessuudha. Haata’u malee, kitaaba seerluga Oromoo (fuula, 84) irratti kan ibsame kana irraa adda. Fakkeeniyota lamaan keessatti akka jecha tokkootti sagaleessuuf dubbachiiftuun {a} gidduu isaaniitti saagameera. Afaan Oromoo keessatti jechootni akkasii hedduminaan hinargaman. Fakkeenyaaf, WALQO (Waldaa Liqii Qusannoo Oromiyaa), GADAO (Gumii Aadaafi Dagaagina Afaan Oromoo) fakkeenya gaarii ta’u.

Akkuma armaan olitti kitaaba wabii Seerluga Oromoo keessatti mul’atu qubeen dubbachiiftuu itti idaa’amee jira. Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo Jiil-1fi Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo keessatti immoo akkuma maqaalee (jechoota) haaraa uumuutti haammatamee hinjiru.

4.2.1.4. Gochimoota Irra Deddeebiin Uumuu

Afaan Oromoo keessatti jirma jechaa irra deddeebuun gochima haaraa uumuun ni danda’ama. Irra deddeebii gochimaa raawwima henna tokkoo irra deddeebi’amee kan yeroo biroos raawwachuu isaa ibsa (Baye, 1987, f. 123). "In the majority of Cushitic languages, as well as in a great many Afro-Asiatic languages, intensives are formed by reduplication of a whole verbal stem or part of it." Yaada kan giddu galeeffachuun gara Afaan Oromootiin yoo ilaalle, gochimootni Afaan Oromoo hedduminaan jirma gochaa guutumaan yookiin walakkaan irra deddeebuun haalli itti uumamu ni jira.

(6)

Deemuu deddeemuu

Dhawuu dhadhawuu

Jabeessuu jajjabeessuu (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1, fuula, 30)

Fayisaan ni **ciccira**

Tolaan ni **deddeema**

Tolaan ni **caccabsa**

Tolaan ni **dadammaqsa**

Tulluun ni **babarreessa**

Wixina gochimaa birsaga

Ciccir-	cvc+cvc (wixina gochimaa)
Caccab-	cvc+cvc (wixina gochimaa)
Buburraq-	cvc +cvc (wixina gochimaa)
Dadammaq-	cv+cvc-cvc (wixina gochimaa)
Babarrees-	cv +cvc –cvc (wixina gochimaa((Kitaaba
Caasluga Afaan Oromoo	jil-1, fuula, 68-70)

Kennama Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1 irraa kan hubannu, dhamsagootni jalqabaa hundee jechaa irra deddeebii'amanii barreeffamuun gochima haaraa uumuu isaaniiti. Haaluma kanaan adeemsa irra deddeebii jechootaa yoo ibsinu, gochi tokko kan deddeebi'ee raawwatamuu ibsu kan yoo ta'e malee irra deddeebii dhamsagootaa mul'isuun hindanda'amu. Fakkeenyaaf, rafa, hodha, jaallatafi kkf gochimoota deddeebi'amanii raawwatan waan hin taaneef (rarrafa, hohodha, jajaallata) adeemsa kana hordoofuu waan hindandeenyeef hinuumaman. Gochimni deddeebiidhaan tolfamu tokko dhamsagoota jalqabaa wixina gochimaatti walitti aananii dhufan lama deddeebisuudhaan, dhamsaga jalqabaa wixina gochimaa jabeessuu yookiin jabeessuu dhiisuu danda'u. Akkuma isa olii irraa hubannutti, gochimni 'dadammaqsaa'fi 'babarreessaa' Dhamsagni jalqabaa jabaatee hinjiru. Kanneen hafan immoo jabaatanii argamu.

Haala caasefama kan birroo gabaabinaan yoo ibsu, dhamsaga jabaataa wixina gochimaa keessatti hinqabne: cir-, cab-,...cvc + wixina gochimaa ta'a. Kan isaan dhamsaga jabaataa qabanii immoo **cv** + wixina gochimaa ta'a. Kanaafuu, caasaa birmadummaa gabaabumatti **cv(c)** + wixina gochimaa ta'a jechuun ibsuun ni danda'ama.

(7)

Mure	murmure
Dhufe	dhudhufe (Serluga Oromoo, Fuula, 122)

Haali uumama isaanii kitaaba Seerluga Oromoo keessatti yoo ibsaman, gocha 'mure' jedhu irraa murmure, gocha 'dhufe' jedhu irraa immoo gocha dhudhufe jedhu uumuun danda'ameera. kunis ta'uu kan danda'e birsaga jalqabaa gochoota irra deddeebiin kan uumamanidha. Adeemsa

gochootni Afaan Oromoo hinmaxxfanfatiin ittiin uumaman keessaa irra deddeebiin isa bu'uraati.

Seerri akka walii galaatti Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1(f, 68-70) keessatti ibsame kan jajjabeeffamuufi akka dhaabbataatti itti fayyadamuu dandeenya. Haata'u malee, kitaaba wabii filatame Newsystemaatiik Afaan Oromoo keessatti waan hinibsamneef itti dabalamuun barbachisaa ta'uu xiinxalameera.

4.3. Garaagarummaa qabiyyee fi yaadaa akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman

Kitaabilee wabii Caasluga Afaan Oromoo Jil-1, Newsyematikiifi Serluga Oromoo keessatti akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman qabiyyeewwan garagaraa qabu.

A. Taasisuu

Taasisuun maathimni gochima sana raawwate gochima latii [-s], [-sis],[-siis] fufachuun tolfamuudha. Baye (1986,f, 126). Kana malees, taasisuun adeemsa jecha tokko uumuu kan dandeessisu haala caasaa jechichaa irratti kan hunda'uudha. kana jechuun jechi, caasaadhaan laafaa gabaabaa ta'efi laafaa dheeraa tahe tokko haala adda addaatiin adeemsa taasisuu hordofee uumamuu danda'a.

(8)

Sirb-+ -siis = sirbisiis

Kolf-+ -siis = kolfisiis-

Guur-+ -siis- = guursis-

Ijaar-+ -siis- = ijaarsis-

Waraam-

Daak- , waraab- (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoojil-1,f, 65)

Akkuma uumamsa gochimoota armaan olii irraa hubannutti, gochimootni hundeen gochi mathimni raawwachuu isaa agarsiisa. Hundeen gochima kunis latii/-siis-/ yookiin /-sis-/ fufachuun namni biroon waan tokko akka raawwatu gochuu isaa agarsiisu. Yaada kana Bender, (1976,f, 140) irratti yoo ibsu " 'go out', 'make go out', 'pass the night', 'give hospitality for the

night' ” jechuun ibsa. Isaan kan Afaan Oromootiin yoo ilaalle; Ba'uu ___Baasisuu, Buluu___Bulsiisuu jechuun uumsisuu dandeenyaa.

(9)

Gabbisaan muka mure. (hojjete)

Gabbisaan muka mursiise. (hojjechiise)

Hundee gochimaa	taasisaa	gochima hojjechiisaa
Mur-	[-siis-]	mursiis-e
Deem-	[-sis-]	deemsis-e
Nyaat-	[-siis-]	nyaachisiis-e (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, F, 99)

Fakkeenya kennaman (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo) kana keessatti gochimootni; mur-, dubbachiiftuu gabaabaa, deem-,fi nyaat- jedhaman immoo dubbachiiftuu dheeroo qabaatanii gochima hundeeeti. Gochima hundee haata'an iyyuu malee gochimootni kun namni kan biroon waan tokko gochuu isaa agarsisu. Mathimni gocha xumuraan ibsame kan raawwatu osoo hin taane kan raawwachiisudha. Gochimootni uumamtee; mursiis-e, deemsis-e,fi nyaachisiis-e jechaman mathimni gocha xumuraan ibsame kan raawwate osoo hintaane kan raawwachiise ta'uu isaa ibsa.

(10)

a.cab- → hundee jechaa

b.cab-s-e → taasisuu tokkoffaa

c.cab-siis-e → taasisuu saddaffaa

d.cab-si-siis-e → taasisuu lammaffaa

e.-e → yero darbe

Fakkeenya taasisuu armaan olii (a-e) keessaatti latiileen gurraacha'an kunneen tartiibaan taasisuu Tokkoffaa, Sadaffaafi Lammaffaadha.

Jechoota gocha miti cehoo tahan immoo akka asii gadiitti taasisuun ni danda'ama.

a. gale gal- → hundee jechaa

gal-s-e /galche → taasisuu tokkoffaa

gal-siis-e → taasisuu saddaffaa

gal-si-siis-e → taasisuu lammaffaa

b. dabe dab- → hundee jechaa

dab-s-e → taasisuu tokkoffaa

dab-siis-e → taasisuu sadaffaa

dab-si-siis-e → taasisuu lammaffaa (Serluga Oromoo, fuula, 114)

Kitaabuma kana keessatti akkuma ibsame caasaa taasisuu armaan olii keessatti latiileen gurraacha'an kunneen sadarkaa meeqaffaatti akka raawwataman kan ibsanidha. Haata'u malee jechootni miti cehoo ta'an tokko tokko latiilee taasiSerluga Oromoo sadanuu ofitti kan hin maxxanfannee jiraachuu ibsa.

Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1 keessatti Hundeen gochimaa 'waraan-, daak-waraab-jedhaman latii taasisaa of irraa waan hinqabneef qabaachuu qaba. Kana amlees, akkaataa hundeen gochimoota dheeroon eegalaniifi gabaaboon eegalan akkamitti akka adeemsa kana hordofan kitaaba sadan keessatti ibsuu qaba. Yaada kana Mirreessaa (2014, f. 101-102) irraatti “Hundeen jecha sanaa dubbifamaa gosa tokko lama yookiin adda addaa lama dhumatti {-is} hundeen jechaa jalqabatti dubbachiiftuu dheeraa (-sis)fi hundeen jechaa kan dubbachiiftuun isaa gabaabaan jalqabu(-siis) maxxanfatu.” Itti dabalees, Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jiidii Iffaa keessatti waa'ee taasifamuu yoo ibsu garuu jechootni gochimoota ta'an xumura'-dha'n ala latiilee([-s-],{-siis-},-sis-) fufachuun taasifamuu danda'u jedha.

B. Taasifamuu

Gochimni tokko yeroo mathima irratti raawwatamu gochima irratti latii [-am] maxxanfachuudhaan gara gochima taasifamaatti jijjiirama. Afaan Kushiitik keessatti dhamjечи {-am} gochima taasifamaa uumuun hedduminaan beekama. Geberew (2003, f. 51). kanaaf Afaan Oromoo Afaan Kushiitik keessaa tokko waan ta'eef latii kun tajaajila kanaaf oola. Xumurtootni hojjetamoon yookiin taasifamoon wanti raawwatame tokko mathima irratti ta'uu ibsa. Dhamjечи xumura kana uumuuf fayyadu{-am}, dhamjечи kun irra caalaa xumurtoota cehoo (transitive verb) irratti maxxanuudhaan xumura hojjetamoo uumu” jechuun ibsa.

(11)

Dabalaan ni jijjiir-am-a

Dabalaan ni kadhat-am-a

Fayisaan lilmoo waraan-am-a (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo Jill-1, fuula, 66)

Gochimootni taasifamoon kanneen gochimoota cehoo irraa uumamanidha. Qaamni biroo kallattiin mathima irratti gocha raawwachuu isaa ibsa. Adeemsi kunis, garee jechaa kan hin jijjiirredha. Jijjiiramni mul'atu gochimoota cehoo gara hinceeneetti jijjiiruudha. Hayward (1975, 204). Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo keessatti taasifamaan (-am-) jijjiirama, kadhatamaafi waraanama namni biroo gocha irratti raawwachuu ibsa. Afaan Oromoo keessatti gochimni taasifamaa hundee gochima cehootti latii {-am} maxxansuun uumama. Temesgen (1993, f. 28). kanaafuu, Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo keessatti latii kanatti gargaaramee jira.

(12)

Hundee xumura kabal-jedhuu fudhannee yoo ilaalle

Boonsaan Abdiisaa kabale.

- gochi sun abdiisaa irratti raawwate.
- Kan kabalame Abdiisaadha.

Kabalam- Abdiisaan ni kabalame

- Abdiisaan akka mathimaatti (subject) argama
- Gochi Abdiisaa irratti raawwate. (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, fuula, 99).

Akkuma fakkeenya kana olii irraa hubannutti, gochimootni taasifamoon gocha mathima irratti raawwate kan agarsiisaniidha.

(13)

a.Nyaatame- nyaat-am-e _____ jechi kun kitaaba seerluga Oromoo fuula,118 irratta akka asii gadiitti qaacceffamee argama.

Nyaat-si-siis-am-e

Nyaat-

HJ

-si-	→ taasisuu lammaffaa
-siis-	→ taasisuu sadaffaa
-am-	→ gocha raawwatame/taasifame
-e	→ henna darbe (qeenxeeffi danuu ramaddii lffaaf galti)

Kitaabilee wabii sadan kana keessatti kan ibsame gochimootni hinceehee (intransitive verb) baay'een isaanii latiilee [-am] maxxanfachuun xumurtoota taasisamoo uumuu kan hindandeenye ta'uu isaaniiti. Yaadoleen hundi isaanii waldeggeru. Kanaafuu, ni jajjabeeffama.

Fakkeenya kitaaba serluga oromoo keessatti kan hubannu, gochima tokko keessatti latiilee lama taasifamaafi taasisa argachuu akka dandeenyudha. Dhamjechootni [-si-fi, -siis-) dhamjecha taasisaa yoo ya'u, [-am-] kan jedhu immoo taasisamaadha.

C.Taasifamaa / ofiifee/

Gocha tokko qaamni tokko ofiif yookiin faayidaa dhuunfaaf jedhee raawwatu ibsuuf kan uumamudha. Jecha kana keessatti dhamjecha taasisachuu kan ibsu dhamjecha **-at-** maxxanfata. Yaaduma kana, Afaan Oromoo keessatti gochimootni akkasii hundee maqibsaafi maqaalee irraa ijaaramu. Latiin tajaajila kanaaf oolu (-at-) dha. Tamasgen (1993, 20). Adeemsa taasisachuu kana keessatti adeemsi firoomina laagessuu bal'inaan ni mul'ata.

Latii armaan olii kana irraa adda kan ta'e, Abarraa (1995; f, 70) yoo ibsu, "Mathimni faayidaa ofiitif jecha gocha tokko yeroo raawwatu latiin [-adh} wixima gochimaa irratti fufamu ofummaa agarsiisa" jedha.

(14)

Ani nan gurgur/-adh-a/

Nuyi ni gurgur/-adh-na/

Ati ni gurgur/-adh-t-a/

Isin ni gurgur/-adh-t-an/

Ishiin ni gurgur/-adh-t-a/

Isaan ni gurgur/-adh-t-an/ (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo, jildii-1, fuula, 71)

Maaqdhaala R-1ffaa ‘ ani’ jedhu keessatti latiin -at jettu bifa gedderachuun mul’atti. Kunis, sagaleen (t) gara /dh/ jedhamutti gedderamuun bifa {-adh} jedhu qabaata. Fakkeenyaaf, ani seenaa dubbis**adhe**, ani waaqayyoon kadhadhefi kkf. Mireessaa (2014, f.96). Kanaafuu, kitaaba kana keessatti kan dhimma itti bahame akka cimnaatti ilaalama. Sababni isaa kitaabilee wabii Newsystematikiifi Serluga Oromoo keessatti latii tokkicha {-at-} qofa gargaaraman waan taheef.

(15)

Xumura hundee	dhamjechaa	xumura ofiifee
Bit-	[-at-]	bitat-e
Miicc-	[-at-]	miiccat-e
Qal-	[-at-]	qalat-e
Bar	[-at-]	barat-e (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, Fuula,98)

Hundeen jecha adda adda latii gochimeessituu tokkicha fufachuun gochima garagaraa uumeera. Hundeen jechoota isaanii kanneen dubbifamaa qeenxeefi dachaan goolabamanidha. Haata’u malee, latiin kun bifa walfakkaatuun tajaajileera.

(16)

Bitate

gufate

Bitate bit-s-at-e hin jedhamu kanaafuu taasisuu tokkoffaa hin qabu.

Bit-siis-**at**-e/bichi-siis-at-e → taasisuu lammaffaa keessatti

Bit-si-siis-**at**-/bichi-siis-at-e → taasisuu sadaffaa keessatti (Serluga Oromoo, f. 119)

Akkuma fakkeenya armaan olii irraa xiinxaluun danda’amutti, latiin [-adh-] gochimoota tokko tokko keessatti ifa ba’ee mul’ata. Walakkaa isaanii keessatti garuu ifa ta’ee hinmul’atu. Sababii firoomii sagaleetiin sagalee amalaan isa fakkaatutti firoomee. Hayward (1975, f, 93) keessatti gochimootni ofiifee gocha mathimni tokko ofiif jedhee dhuunfaa isaatiin raawwatedha. kunis, caasaan kun ciroo yookiin hima keessatti raawwate tokkoon ibsama jechuudha.

Akkuma fakeenya armaan olii irraa xiinxaluun dandaa'amutti latiin –at- taasisachuu agarsiisuu yookiin dhiisuu ni danda'a. Fakkeeniyuma kitaabicha keessatti ibsameen; bit-**at**-efi guf-**at**-en gochimoota. Kan jalqabaa –**at**- taasisachuu yoo ibsu kan lammataa –**at**- immoo gocha waan tokko irratti raawwate kan ibsudha jechuudha. Kunis, latiin hiikaan (qubeedhaan) tokko ta'e tokko garuu hiika seerluuga adda addaa kennuu danda'a jechuudha.

Afgaaffii geggeeffameen Barreessan 'CA'fi 'NS' hariiroofi garaagarummaa qabaachuu isaanii akkanatti ibsuu hin dandeenyu. Kana kan murteessu jechoota afaanichaati. Kanaafuu, jechoota kanneen funaanuu barbaada. Gaafa jechoota kana fuunante murteessita jechuun gabaabinaan ibsani. Kaayyoon afaan qo'achuu inni guddaan caasaa afaanichaa beekuudha. Caasa isaa erga qorattee booda seera afaanichaa bocca. Haata'u malee, Afaan Oromoo keessatti ni heddummaatu.

Afaanota biroo keessatti fakkeenyaaf Afaan Ingiliffaa keessatti latiileen uumamtee (3-5) hin caalan. Kanaaf, seera gabaabatiin lafa kaa'u. Afaan keenya keessatti immoo hanga ammaatti latiilee uumamtee qorattootni tokko tokoo (18) jedhu. Kan biroon garuu hanga kana jechuun ni ulfaata jedhu jechuun ibsu. Sababni biroon Afaan Oromoo keessatti jechi tokko latiilee gara garaa fudhachuun karaa adda addaa uumamuufi latiin tokkichi immoo jechoota gara garaatti fufamuun maqaalee yookiin gochimoota adda addaa uumuudha.

Dhumarratti kallattii kamiin yoo deemame iyyuu maqaaleefi gochimootni adeemsa walfakkaataanis ta'e garagaraan uumamuu ni danda'u. Barreessaan 'NS' dhimma qabiyyee kitaabicha keessatti argamanii barattoota sadarkaa 1ffaafi 2ffaa giddu galeeffachuun qophaa'e jechuun ibsu.

Barreessaan 'SA' akkaataa maqaaleefi gochimotni itti uumaman qabiyyeefi yaada walfakkatuu ni qabaatu Hariiroon isaanii akkaataa tishheessuunis ta'e akkaataa maxxanfachuun adeemsa walfakkaataa hordofu. Uumama jechootaa keessatti lamaan isaaniyyuu bifa hiika jechaa jijjiiruufi garee jechaa jijjiirruun mu'atu. Kana malees, uumamtee guutuu yookiin gartokkee ta'uu danda'a. Haata'u malee, gareen jechaa tokko qofaa isaatti akkaataa ittiin uumamu adda adda ta'uu mala. Fakkenyaaf, Afaan Oromoo keessatti akkaataa maqaaleen dhuunfaa itti uumamuufi maqaaleen gamtaas ta'e kan biroo itti uumaman adda adda ta'uu danda'a. Kana kan murteesse qabiyyee jecha sanaati.

Yaada barreessitoota kanaa irraa kan hubannu, maqaaleefi gochmootni yeroo uumaman haariiroofi garaagarummaa qabaachuu isaaniiti. Garaagarummaa isaanii kan dangeessu immoo

jechoota isaan irraa uumamanidha. Afaan kamiyyuu seera jechootni ittiin uumaman kan dhuunfaa isaanii qabu. Seeaariifi akkaataan uumamasaa kunis gareetii gareetti adda adda ta'uu mala. Akkaataan uumamsaa kunis seerluga afaanichaan murtaa'a. Temesgen (1993, f. 1). seerlugni immoo caasaa afaaniiti. Afaan Oromoo sagaleetii kaasee hanga himaatti seera ittiin ijaaramu qaba.

4.4. Akkaataa Caasaalee Ijaarsa Garagaraan Maqaaleefi Gochimotni Uumaman

Afaan Oromoo keessatti latiileen duraan yokiin boodaan jechoota adda addaatti maxxanuun maqaa yookiin gochima haaraa uumu. Haata'u malee, akka afaanota biroo keessatti olitti ibsame osoo hintaane maxxantuu Afaan Oromoo keessatti argaman maxxantuu duraafi boodaati.

Maxxanfachuun adeemsa xiinjechaa isa beekamaa hundee jechaa fooyyeessuf yookiin jijjiiruuf ooludha. Kunis, hundee jechaatti duraan, gidduu, boodaafi naannootti kan maxxanudha jedha, O'grady (2005, p, 118-122). Itti dabaluu Fromkin (1991, f, 68) irratti yoo ibsu, Maxxantuun hundee jechaa/ dhamjechatti/ maxxanuun hiika yookiin seerluga afaanii mijeessuuf kan oolanidha jechuun ibsa. Qorannoo kana keessatti kan xiinxalame maxxantoota hundee jechaatti maxxanuun maqaa yookiin gochama haaraa uumanidha. Isaanis yeroo baa'ee hedduminaan kan mul'atan maxxantoota boodaati. Jecha tokko keessatti maxxantuun gosa lama(uumamteefi hortee) yoo walfaana fufamanii argaman latiin uumamtee hundee jechaatti maxxanee argama.

4.4.1. Maqaalee Yaasaa Maxxantoota Duraan Uumaman

Maxxantootni duraa(yaasaan) yeroo hundaa dura jecha tokkootti maxxanuun hiika jechichaa kan jijjiiraniidha jedha. Jechoota kanaan dura afaanicha keessatti beekamtii qabanitti karaa duraa maxxanuun kan jechoota haaraa uumanidha. Karaa biraa immoo, hundee jechaa biratti yookiin darbee darbee itti maxxanuun karaa duraanii kan kaa'amudha. Plag (2003,f, 123-124).

Yaada armaan olii kana irraa kan hubannu, maxxantuun duraa hundee jechaatti maxxanuun jecha hiikaan yookiin gareen adda ta'e uumuu danda'a jechuudha. Maxxantootni kunis hundee jechaatti maxxananii yookiin biratti itti siqanii barreeffamuun argamu.

(16)

a.al- al + idilee = al-idilee

al+loogummaa =al-loogummaa

- al- al + tahi = al-tahi
 - b.mit mit + mootummaa = mitmootummaa.
 - c.Faal- faal + galuu = faalgaluu
- faal + dabareessa = faaldabareessa (Kitaaba serluga Oromoo, fuula, 84)

Akkuma kitaabicha keessatti ibsametti, fakkeenya kana irraa kan hubannu, jechootni durumaan afaanicha keessatti argaman maxxantuu duraa (prefix) fufachuun maqaa haaraa uumuu danda’u. Jechootni haala kanaan maxxantuu duraa ofitti maxxanfachuun uumaman kunis akkuma jecha tokkootti jecha jijjiiruun haala olii kanaan mul’ateera. Maxxantuun duraa jecha dura waan galuuf sararri xiqqaa(-) maxxantuu sana booda gala. Haata’u malee, fakkeenya olii keessatti (-al-) akka maxxantuu duraafi boodaatti sararri xiqqaa duraaf booda gale. Kunis, akka hanqinaatti xiinxalame. Kanaafuu, sararri xiqqaa duraan jiru biraa hafuu qaba. Adeemsa Maxxantuu duraatti gargaaramuun maqaalee haaraa uumuun kitaaba caasluga afaan oromoo Jil-1fi kitaaba newsystematic afaan oromoo keessatti waan hin dabalanneef keessatti hammatamuu qaba.

4.4.2. Maqaalee Yaasaa Maxxantoota Boodaan Uumaman

Maxxantuun boodaa hundee jechaatti karaa boodaa maxxanuun hiika yookiin garee jechootaa kan jijjiiranidha. “Maqaaleen maxxantuu boodaa maxxanfachuun garee jechoota biroo (gochimaafi maqibsa akkasumas maqaa irraa uumamuu ni danda’a.” Baeur (1983, f, 220-222). Akka yaada hayyuu kanaatti maqaaleen kan uumaman kutaa jechoota adda addaa irratti yookiin maqaa irratti maxxantoota boodaa fudhachuni.

Tooftaan jechootni ittiin uumaman keessaa immoo inni tokko maxxantuu boodaatiini. Maxxantootni boodaa kunis afaanicha keessatti hedduminaan argamu.

4.4.2.1. Maqaatti Maxxansuun Maqaa Haaraa Uumuu

Xiinxala jechoota Afaan Oromoo keessatti maqaa karaa adda addaan uumuun alatti jechoota adda addaa gareedhaan maqaa tahan irratti latiilee adda addaa itti maxxansuun maqaa biroo uumuun ni danda’ama. Latiileen maqaassituu maqaa bu’uuraatti maxxanuun haalli iit isaan maqaa haaraa uumuu danda’an ni jira. Kanneen kitaabilee sadan keessatti dhiyaatan akka asii gadiitti xiinxalameera.

(17)

Nagaa + {-eenya}

Nama + {-ummaa}

A

B

Saba + {-ummaa} → sabummaa

Obbolaa + {-ummaa} → obbolummaa

Garba + {-ummaa} → garbummaa

Oromoo + {-ummaa} → oromummaa (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo

Jil-1, F, 135)

Fira + {-ooma} → firooma

Nama + {-ooma} → namooma

Ollaa + {-ooma} → ollooma {Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo Jil-1,

F 237}

Akkaataa maqaaleen kun itti uumaman jalqabaa (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1) kaasnee yoo ilaalle, jecha ‘nagaa’ jedhu irratti maxxantuu boodaa {-eenya} ida’uudhaan maqaa uumamtee ‘nageenya’ jedhutuu argame. Maqaan duraan ture nagaafi kan uumamtee nageenyi buusaan adda adda haa ta’an malee kutaa jecha tokkoo keessatti argamu. Lamaan isaanii maqaadha. Hiikaanis garaagarummaa xiqqootuu gidduu isaanii jira. Nageenya kan jedhu garuu buusaa maqaa killiyyaa (abstract noun) ti.

Haala qindeeffama maqaa uumamtee ‘nageenya’ jedhu immoo yoo ilaalle maxxantuun boodaa {-eenya} wixina maqaa’ nag-‘jedhutti fufameera. Dubbachiiiftuun xumuraa {-aa} maqaa nagaa irraa haqameera. Kanaaf, uumamtee /nageenya/ jedhu yoo addaan qoodnu maxxantuu boodaa {-eenya} + hundee maqaa { nag-} arganna. Kunis haala qindeeffama isaanii mul’isa.

Nama + {-ummaa} → namummaa

Nama kan jedhu maqaa waan ijaan mul’atuuti. ‘Namummaan’ garuu maqaa yaadaati malee kan ijaan mul’atu miti. Maxxantuun boodaa {-ummaa}n maqaalee mul’ataniifi killiyyaatti maxxanuun maqaa haaraa tolcha.

Haala qodinsa maqaa uumamtee namummaa jedhu kana yoo ibsu, wixina maqaa'nam-', maxxantuu boodaa {-ummaa) arganna. Dubbachiiftuun xumuraa yeroo fufamtuu /ida'amtu/ ni haqamti. Itti aansuun fakkeeniyota tarreeffaman gabaabinaan yoo ibsinu, maqaaleen 'A' jalatti tarreeffaman latiilee boodaa (-ummaa) fufachuudhaan maqaalee uumamtee buusaadhaan adda ta'e kan' B' jalatti tarreeffaman argamaniiru. Kutaaleen maqaa 'B' jalatti argaman maqaa killiyyaati. Kanneen 'A' jalatti argaman garuu kutaan maqaa mul'atu fakkaatu. Kutaan maqaa killiyyaa fufamtuu boodaa {-ummaa} yookiin {-ooma} ofirraa qabaachuu akkuma qabu qabaatee argameera.

Wiillaa maqaa+ {-ooma, -uummaa} → maqaa killiyyaa

Latiin maqeessituu {-ooma} maqaalee mul'ataniifi hin mul'anneetti maxxanuun maqaalee buusaan isaanii maqaa killiyyaa ta'e uumani. Maqaalee 'A' jalatti argaman keessaa maqaan nama jedhu irraa kan hafe hundinuu maqaalee hin mul'annedha. Buusaan isaanii buusaa maqaalee ijaan mul'ataniiti. Latii {-ooma} fudhachuun gara maqaa killiyyaati jijjiiramaniiru. Caasaan jijjiirraa isaaniis akka asii gadiitti argama.

Wiillaa maqaa+ {-ooma} → maqaa killiyyaa
--

Kan armaan olii kun akka seeraa dhaabbataatti kan dhiyaatedha. Seerrichi bakka hundatti hojjechuu yoo baate illee maqaalee latiilee {-ooma} maxxanfataniiif hojjechuu waan danda'uuf ni jajjabeeffama. Afaan Oromoo keessatti latiileen {-ummaa}fi {-uma} yoo argaman iyyuu kan hundee maqaatti maxxannu {-uummaa}dha.

(18)

A.ganama	+ {-oo,-ee}	→	Ganamoo, Ganamee
B .galgal	+ {-oo, -ee}	→	galgaloo, galgalee
C .guyyaa	+ {-saa, -ee}	→	guyyaasee, guyyee
D .yaada	+ {-saa, -shee}	→	yaadasaa, yaadashee
E .waaree	+ {-iyoo, -itee}	→	waariyoo, waaritee
F .damma	+ {-oo, -ee}	→	dammoo, dammee

G .carraa + {-qaa, -qtuu} → carraaqaa, carraaqtuu (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, F, 79)

Jechootni (A-G) tti jiraan maqaalee bu'uuraati. Maqaaleen kun duraanuu Afaan Oromoo keessatti argamu. Haata'u malee, latii maqeessituu lama lama maxxanfachuun maqaalee kan biroo lama lama uumani. Adeemsa fudhannaa isaanii keessatti goSerluga Oromoota maqaaleefi hiika jijjiiruun alatti garee duraanii hin jijjiirre. Jechi 'ganama' jedhu barii lafaa kan jedhu ibsa. Ganamoofi Ganameen immoo saala dhiira dubartii haata'an malee maqaa dhuunfaati. Bifuma kanaan kanneen uumaman hundi maqaa dhuunfaati.

(19)

- a. namummaa namooma
- b. gowwummaa gowwooma
- c. bilisa bilisummaa (kitaaba serluga oromoo, f, 81fi 85)

Akka kitaabilee wabii sadan olii kana irraa xiinxaluun danda'amutti, maqaaleen haadhoo tokkichichi latiilee maqeessituu adda adda maxxanfachu danda'u. Akkuma latiilee garagaraa fufatu maqaalee haaraa biroo adda addaa uumuu akka danda'u hubanna. Latiin tokkichis jecha garagaraatti maxxanuun jecha adda addaa uuma. Waa'ee faayidaa latiilee kanaa barreeffama kana keessatti yoo ibsu, adeemsa uumamteen (yaasaan) jecha gareen maqaa ta'e irraa maqaa uumuun kan danda'amudha. Kunis uumamtee gartokkee, kan hiika malee garee jecha hin jijjiirredha.

Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo {f, 237} irratti waa'ee latiiee maqeessituu akkas jechuun ibse, latiileen {-ummaa, -eenya, -ooma} wixina maqaa irratti maxxananii hedduminaan maqaa uumamtee hinmul'atne tolchu'jedha. Haata'u malee, latiin {-eenya} hedduminaan maqibsa gara maqaatti jijjiiruun waan beekamuuf kanatti haa fooyyeffamu. "Afaan Oromoo keessatti {-eenya} yeroo baay'ee hundee maqibsaatti maxxana. " Tamasgen (1993, f. 5). Haata'u malee Afaan Oromoo keessatti gochimatti maxxanuun maqaa haaraa ni uuma.

4.4.2.2. Gochimatti Maxxansuun Maqaa Haaraa Uumuu

Afaan Oromoo keessatti maxxantootni boodaa gochimatti maxxanuun maaa haaraa uuman hedduutuu jira. Isaanis baa'inaan hundee gochimaatti fufamuun argamu. Jecha xumura ta'e irraa

maqaa uumuuf dhamjecha maqeessituu/Nominal Affixes/ hundee jecha xumura ta'e irratti dabaluuhaan maqaa uumuun ni danda'ama.

(11)

A	B	C
Qabaachuu	qab- + (-eenya) →	qabeenya
Jiraachuu	jir- + (-eenya) →	jireenya
Jalteessuu	jai- + (-eenya) →	jalteenya

Gochima	wixina gochimaa	fufata	maqaa yaasaa
Rakkachuu	rak-	+ (-ina)	rakkina
Hir'achuu	hir-	+ (-ina)	hir'ina
Guddachuu	gud-	+ (-ina)	guddina

Cassaa liixaa

To'achuu	to'at-	+ (-noo)	to'atnoo	to'annoo
Hubachuu	hubat-	+ (-noo)	hubatnoo	hubannoo
Qorachuu	qorat-	+(-noo)	qoratnoo	qorannoo
Filachuu	filat-	+ (-noo)	filatnoo	filannoo

(Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1, f. 238-243)

Gochima	WG	fufata	maqaa uumamtee
Gooluu	gool-	+ {-ii}	goolii
Falmuu	falm-	+ {-i}	falmii
Abdachuu	abd-	+ {-ii}	abdii
Gugsuu	gug-	+ {-ii}	gugsii
Tiksuu	tiks-	+ [-ee}	tiksee
Abootuu	about-	+ {ee}	aboottee
Murachuu	murat-	+ [-ee}	murattee

Adabuu	adab-	+ {-a}	adaba
Dalaguu	dalag-	+ {-a}	dalga
Sirbuu	sirb-	+ {-a}	sirba
Himuu	him-	+ {-a}	hima

Gochima	WG	fufata	maqaa uumamtee
Barsiisuu	barsiis-	+ [-aa]	barsiisaa
Haamuu	ham-	+ [-aa]	haamaa
Hoogganuu	hog-	+ [-aa]	hogganaa
Bulchuu	bulch-	+ [-iinsa]	bulchiinsa
Latuu	lat-	+ [iinsa]	latiinsa
Hatuu	hat-	+ [iinsa]	hatiinsa
Qotuu	qot-	+ [-iisa]	qotiisa
Bituu	bit-	+ [-iisa]	bitiisa
Baruu	bar-	+ [-umsa]	barumsa
Kaa'uu	ka'-	+ [-umsa]	ka'umsa
Da'uu	da'-	+ [-umsa]	da'umsa
Beekuu	beek-	+ [-umsa]	beekumsa
Furuu	fur-	+ [-maata]	furmaata
Qoruu	qor-	+ [-maata]	qormaata
Filuu	fil-	+ [-maata]	filmaata
Tumuu	tum-	+ [-tuu]	tumtuu
Loltuu	lol-	+ [-tuu]	loltuu
Furuu	fur-	+ [-tuu]	furtuu (Kitaaba

Caasluga Afaan Oromoo jil-1, f, 238-243)

Asiin dura latiin (-eenya) maqaatti fufamuun maqaa haaraa akka uumu argamee jira. Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-(1, f, 238) irratti immoo latiin kun gochimatti maxxanee maqaa biroo uumuu akka danda’u fakkenya olii kana irraa hubanneerra. Qubeen dubbachiiftuu Afaan Oromoo gabaabbatee yookiin dheeratee akka latii maqeessituutti tajaajile. Jechootni ‘A’ jalatti argaman gochimoota. kanneen ‘B’ jalatti argaman immoo wixina gochimoota ‘A’ti. Kanneen ‘C’ jalatti argamaan immoo maqaalee uumamteeti. Wixinni gochimootaa kunis fufamtuu boodaa(-eenya) fufachuun maqaalee uumamtee kan biroo uumaniiru. Kanneen kitaabicha keessatti kennaman keessaa jechi’jalteessuu’ jedhu tishoodha. Garee jechoota afaan Oromoo keessaa gochima. Jechi kun gochima uumamteeti. Gochimoota tishoo (uumamtee) irraa maqaan uumamuu akka danda’us asitti xiinxalameera. Unkaan isaas akka asii gadiitti ibsame.

Unk: Wixina gochimaa +(-eenya)	→	maqaa yaasaa
--------------------------------	---	--------------

Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1 (f, 239) Fufamtuu jalqabaa (-ina) hundee gochimaatti maxxanuun maqaa haaraa uume. Fufamtuun lammaffaa (-noo) caasaa buusaa maqaalee keessatti yeroo fayyadamtu adeemsa firoomii sagaleetiin [tn-] gara [nn-] tti jijjiiramte. Adeemsa kana keessatti sagaleen irga cufamaa[t] n gara dhamsaga irga funyeetti firoomte.

Unk:WG + [-in, -noo]	→	maqaa yaasaa
----------------------	---	--------------

Akkuma Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1 (f, 140- 141) irraa hubannutti, qubeen dubbachiiftuu afaan Oromoo (-i, ii, e, ee,fi –a) n hundee gochimaatti maxxanuun maqaalee haaraa uumaniiru. Kennama olii keessatti hundee gochimaa {about-} jedhuutti maxxantuun boodaa [-ee] n sarara xiqqaa duraan fufachuu dhabuufi hundeen gochima ‘gugsuu’jedhuu **gugs-** akka ta’uu danda’u xiinxalameera.

Unk:WG +[-ii, -ee, -a]	→	maqaa uumamtee
-------------------------	---	----------------

Fuutootni boodaa (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1 f, 140-143) tti ibsaman wixina gochimaatti maxxananii maqaa haaraa akkamitti akka uuman argineerra. Latiileen kunis kuusaafi kutaa jechaa (form and word class) akka jijjiiranis hubachuun ni danda’ama. Haata’u malee, fuutuun [-iinsa] gochima ‘hatuu’fi ‘latuu’tti kan maxxane fufii boodaa kan ibsu [-iinsa] tiin barreeffamuu akka qabu ilaalameera. Dhuma irratti, unka walii galaa akkaataa gochimootni maqaa itti uuman akka asii gadiitti kaa’ameera.

UNK: WG + Fufata maayii	→	Maqaa uumamtee
-------------------------	---	----------------

(12)

Hundee jecha xumura ta'ee		maxxantuu uumamtee		maqaa uumamtee
Deem-	+	[-sa]		deemsa
Utub-	+	[-aa}		utubaa
Caams-	+	[-tuu]		caamsituu
Hat-	+	[-tuu]		hattuu
Qab-	+	[-tuu]		qottuu (Kitaaba

Newsytematic Afaan Oromoo, F, 47)

A .Hundee xumuraa		[-iisa/iinsa]		maqaa haaraa
a.qot-	+	[-iisa/iinsa]		qotiisa/qotinsa
b.bad-	+	[-iisa/iinsa]		badiisa/badiinsa
c.bulch-	+	[-iisa/iinsa]		bulchiisa/bulchiinsa
d.dhum-	+	[-iisa/iinsa]		dhumisa/dhuminsa
e.gog-	+	[-iinsa]		gogiinsa
f.cab-	+	[-iinsa]		cabiinsa

B.Hundee xumuraa	+	[-umsa]	=	maqaa haaraa
a. beek-	+	[-umsa]	=	beekumsa
b.taa'-	+	[-umsa]	=	taa'msa
c.bar-	+	[-umsa]	=	barumsa
d.ka'-	+	[-umsa]	=	ka'umsa
e.ga'-	+	[-umsa]		ga'umsa
f.da'-	+	[-umsa]		da'umsa
g.eeg-	+	[-umsa]		eegumsa
h.ce'-	+	[-umsa]		ce'umsa

C.hundee xumuraa	+	{-a}	=	maqaa haaraa
-------------------------	---	-------------	---	---------------------

a.lol-	+	{-a}		lola
b.kolf-	+	{-a}		kolfa
c.sirb-	+	{-a}		sirba
d.nyaat-	+	{-a}		nyaata
e.jibb-	+	{-a}		jibba
f.galch-	+	{-a}		galcha
g.yaad-	+	{-a}		yaada
h.du’-	+	{-a}		du’a
D.Hundee xumuraa	+	[-aa]	=	maqaa haaraa
a.barsiis-	+	[-aa]		barsiisaa
b.erg-	+	[-aa]		ergaa
c.cir-	+	[-aa]		ciraa
d.kenn-	+	[-aa]		kennaa
e.barreess-	+	[-aa]		barreessaa
f.har-	+	[-aa]		haraa
g.gilaal-	+	[-aa]		gulaalaa
h.fil-	+	[-aa]		filaa
i.tortor-	+	[-aa]		tortoraa
E.Hundee xumuraa	+	[-sa]		maqaa uumamtee
a.godaan-	+	[-sa]		godaansa
b.gargaar-	+	[-sa]		gargaarsa
c.dheekkam-	+	[-sa]		dheekkamsa
d.ijaar-	+	[-sa]		ijaarsa
e.cab-	+	[-sa]		cabsa

f.degger-	+	[-sa]	deggersa
g.deem-	+	[-sa]	deemsa
F.Hundee xumuraa	+	[-tuu]	maqaa uumatee
a.tum-	+	[-tuu]	tumtuu
b.caams-	+	[-tuu]	caamsituu
c.dhug-	+	[-tuu]	dhuguu
d.xuux-	+	[-tuu]	xuuxtuu/xuuxxuu
e.dib-	+	[-duu]	dibduu
f.yaad-	+	[-duu]	yaadduu
g.haam-	+	[-tuu]	haamtuu
h.hat-	+	[-tuu]	hattuu
i.qot-	+	[-tuu]	qottuu
G.Hundee xumuraa	+	[-ii]	maqaa uumamtee
a.morm-	+	[-ii]	mormii
b.shakk-	+	[-ii]	shakkii
c.dadhab-	+	[-ii]	dadhabbii
d.yaal	+	[-ii]	yaalii
e.but-	+	[-ii]	butii
H.Hundee xumuraa		[-tnoo]	maqaa uumamtee
a.qorat-	+	[-tnoo]	qoratnoo
b.hubat-	+	[-tnoo]	hubatnoo
c.filat-	+	[-tnoo]	filatnoo
d.kutat-	+	[-tnoo]	kutatannoo
I.Hundee xumuraa		{-tee}	maqaa uumamtee
a.mur-	+	{-tee}	murtee

b.hor-	+	{-tee}	hortee
c.bul-	+	{-tee}	bultee
d.haf-	+	{-tee}	haftee
J.Hundee xumuraa		[-tii]	maqaa uumamtee
a.tur-	+	[-tii]	turtii
b.bul-	+	[-tii]	bultii
c.kaffal-	+	[-tii]	kaffaltii
d.mur-	+	[-tii]	murtii
K.hundee xumuraa		[-taa]	maqaa uumamtee
a.gurgur-	+	[-taa]	gurgurtaa
b.rukkut-	+	[-taa]	rukkuttaa
c.bit-	+	[-taa]	bittaa
L.Hundee xumuraa		[-icha]	maqaa uumamtee
a.saam-	+	[-icha]	saamicha
b.waam-	+	[-icha]	waamicha
c.boo'-	+	[-icha]	boo'icha
d.fiiig-	+	[-icha]	fiiigicha (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, F, 80-83)

Kiataaba Newsytematic Afaan Oromoo fuula (80-83) fakkeenyootti 'A-L' ibsaman kun akkaataa gochimootni maxxantoota adda addaa fufachuun maqaa haaraa itti uuman ibsa. Fakkeenyoota kenname kana irraa kan hubannu gochimni xumurri tokkichi latii maqeessituu garagaraa fudhachuun maqaa haarra akka uumu; Akkasumas, gochimni garagaraa latii maqeessituu tokkuma fufatee maqaa biraa akka uumuu danda'u xiinxalameera. Kana malees, latiin (-icha) yeroo baay'ee akka qartuutti tajaajilti. Caasaa afaanii keessatti tajaajila seerlugaaf oola jechuudha. As keessatti immoo latii maqeessituu ta'ee fayyade. Kanaafuu, latiin tokko altokko uumamtee yeroo biroo immoo latii hortee ta'ee ni tajaajila isa jedhu mirkaneessa.

(13)

a.fiiḡ-	fiigi-cha	fiigicha
b.ilaal-	ilaal-cha	ilaalcha
c.ijaar-	ijar- sa	ijaarsa
d.beek-	beek-umsa	beekumsa
e.dhug-	dhug-aatii	dhugaatii
f.kuf-	kuf-aatii	kufaatii
g.mur-	mur-too/tee	murtoo
h.dallan-	dallan-suu	dallansuu
i.ajjees-	ajjeessaa – ajjeestuu/ajjeessaa	
j.bar-	bar-siisaa/stuu-barsiisaa/barsiistuu	
k.'eeg-	bar-tuu-bartuu/bartaa	
l.daldal-	daldal-aa/tuu-daldaltuu/daldalaa (Serluga Oromoo, f, 81-83)	

Yaada Serluga Oromoo (F, 81-83) irraa akkuma hubannutti, fakkeenyootti (A-C) jiraan hundee jechaatti maxxantuu fufachuun maqaalee adeemsaa uuman. Kan (D-H) tti jiran immoo adeemsa maxxanfachuutiin maqaalee bu'aa uumaniiru. Haata'u malee, hundeen jechootaa hedduun isaanii garee jecha tokkooti. Karaa biraatiin, jechoota adda addaa uumuufhundee jechaatuu murteessa. Kunis fakkeenya (D_H) tti jiru irraa hubanna. Maqaaleen (I_L) tti uumaman immoo jechoota gareen hin beekamne irraa maqaa bakka bu'insaa uumaniiru. Kana giddu galeessa godhachuun kitaabas Serluga Oromoo keessatti akka seera walii galaatti ka'ameera.

UNK.HX + Latii boodaa → mqaa uumamtee

4.4.2.3. Maxxantoota Maqibsatti Maxxananii Maqaa Haaraa Uuman

Akkuma garee jechoota biroo maqibSerluga Oromootni latiilee maqeessituu fufachuun maqaa haaraa uumuu ni danda'u. Afaan Oromoo keessatti latiileen maqeessituu {-inafi -eenya} hedduminaan maqibsatti maxxanii gara maqaatti jijjiiru. Temesgen, 1993, f, 5). Akkataa

maqibSerluga Oromootni maqaa itti uumuu danda'an hundee jechaafi maxxantoota isaanii wajjiin akka asii gadiitti kaa'ameera.

(14)

Addeessa	Wix.adeessaa	fufata	maqaa uumamtee
Fagoo	fag-	+ [-eenya]	fageenya
Hamaa	ham-	+ [-eenya]	hameenya
Dhiyoo	dhiy-	+ [-eenya]	dhiyeenya

UNK: Wix.adeessaa	+ [-eenya]	→	maqaa yaasaa
-------------------	------------	---	--------------

Gowwaa	goww-	+ {-ummaa}	gowwummaa
Goota	goot-	+ {-ummaa}	gootummaa
Gadhee	gadh-	+ {-ummaa}	gadhummaa
Diina	diin-	+ {-ummaa}	diinummaa
Bal'aa	bal-	+ [-ina]	bal'ina
Furdaa	furd-	+ [-ina]	furdina
Jabaa	jab-	+ [-ina]	jabina

UNK: W.Ad.	+ {-ina]	→	maqaa yaasaa
------------	----------	---	--------------

Collee	coll-	+ {-ooma]	collooma
Arjaa	arj-	+ {-ooma]	arjooma
Doqna	doq-	+ {-ooma]	doqnooma
Gamna	gamn-	+ {-ooma]	gamnooma (Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo, Jil-1, F, 243-245)

Faayidaafi tajaajila fuftootaa Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1 (f, 243-45) kana keessatti kan ibsame, fuftoonni maayii addeessa irratti maxxanuun maqaatti jijjiiru. Kunis, kutaafi buusaa jechaa jijjiiruu danda'u. Addeessa gara maqaatti waan jijjiiraniif unki walii galaa akka asii gadiitti ibsameera.

UNK.Wiillaa add. + Fufata maayii \longrightarrow maqaa yaasaa

Fuutooni muraasni kutaa jechaa hedduu irratti fufamuu akka danda'an hubachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf, fufiin boodaa +[-eenya] maqaa, gochimaafi addeessa irratti maxxanti. Fufiin [-ooma] immoo maqaafi addeessa irratti maxxanti.

Fuutooni maayii maqaa irratti fufamanii maqaa yaasaa tolchu malee, kutaa jechaa hinjijjiirani. Gochimaafi addeessa irratti kan maxxanan garuu buusaafi kutaa jechaa jijjiiruu ni danda'u. Walumaa galatti, maqaalee bu'uuraa afaanicha keessatti argamaniin altti maqaalee tolfamoo dabalatee kutaalee jechoota garagaraatti fufamtoota boodaa ida'uun maqaa haaraa uumuun ni danda'ama.

(15)

Lakk.	Haadhoo	Latii maqeessituu	Maqaa uumame
1	Gurraacha	+ [-ina]	Gurrachina
2	Adii	+[-eenya]	Addeenya
3	Dheeraa	+ [-ina]	Dheerina
4	Gabaabaa	+ [-ina]	Gabaabina
5	Qallaa/-oo	+ [-ina]	Qallina
6	Guddaa/-oo	+ [-ina]	Guddina
7	Xinnaa/-oo	+ {-eenya]	Xineenya
8	Jabaa	+ [-ina]{-eenya]	Jabina/jabeenya
9	Fagoo	+ [-ina{-eenya]	Fagina/fageenya
10	Bal' aa	+ [-ina]	Bal' ina

Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo (F, 80)

Akkuma gabatee (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, f, 80) irratti ibsametti, maqibsi bu'uuraa maqeessitoota (latii) adda addaa fufachuun maqaa haaraa uumuu danda'u. Keessumattuu latiilee maqeessituu [-ina]fi [-eenya] addeessatti fufamuun hedduminaan maqaa haaraa uumu. Kitaaba kana keessatti akkataa maqaan maqibsa irraa itti uumamu akka seera walii galaatti akka asii gadiitti kaa'ameera. Dhuma irratti, akkaataa maqaaleen addeessa irraa itti

uumaman kitaaba seerluga Oromoo keessatti hinibsamne. Kunis, Serluga Oromoo keessaatti haammatamee gaariidha.

UNK: WA + fufii boodaa → maqaa haaraa

Yaada kitaabilee keessaa sakatta'amaniifi afgaaffii geggeeffame walitti fiduun yoo ibsinu, Akka barreessaan 'CA' jedhanitti maqaalees ta'e gochimoota akkuma jechoota uumnu murteessaan latiileedha. Latiin hundee jechaatti maxxanutu jecha filattee itti maaxxati. Barreessaan 'NS' yaaduma barreesaa asii olii kana hariiro kan qabuufi maqaaleefi gochimoota uumuuf murteessaan latiidha. Haata'u malee, akkuma jechoota bu'uuraa irraa uumaman jechoota uumamtee irraa ijaaramuu ni danda'u.

Barreessan 'SA' maqaaleefi gochimootni akkuma gareewwan jechoota biroo jechoota bu'uuraafi uumamtee irraa ijaaramu. Kun immoo caasaa gargaragaraan ijaaramuu agarsiisa. As keessatti uumamtee yeroo jennu kanneen adeemsa maxxanfachuun uumama keessatti hedduminaan mul'ata. Adeemsa uuma isaanii keessattis iddoo guddaa kan qabu hundee jechaati. Fakkeenyaaf, maqaa Gaaromsaa jedhu fudhannee yoo ilaalle maqaa uumamteedha. Innis, Gaar-om-saa kan jedhu yoo ta'e, maqaan Gaaromaa ture latii{-om-} fufachuun gochima ta'e. Gochimni kun immoo latii maqeessituu {-saa} fufachuun maqaa ta'ee jira. Kun maqaa uumamtee irraa kan biroo uumuun akka danda'amu ibsa. "Maqaalee uumamoo/ dhalatoo /kan ta'an kan dhalatan garee jechoota adda addaa irratti latiilee maqaa uumuuf gargaaran hundee jechaa sana irratti maxxansuuni" Mirreessaa (2014, f. 72). Ibsi kun akkaataa maxxanfachuun maqaalee uumu deggera. Yaaduma kana "New words or lexemes can be derived by the attachment of different deprivation affixes to different bases, roots or words." Lyons (1977:522) . Kanaaf, akkaataa maqaaleefi gochimootni ittiin uumaman adeemsa asii olii kana ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Hanqina. Bifa yookiin akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman keessatti latii qofa osoo hintaane hundeen jechaa ga'ee guddaa qaba. Haata'umalee, kitaaba kana keessatti akkuma latiin qofti ga'ee qabuutti ibsame.

4.5.Xiinxala jechoota maqaafi gochimoota uuman Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo, Newsytematicfi Serluga Oromoo keessatti

4.5.1.Hundee Gochimootaa Irraa Gochima Haaraa Uumuu

Gochimmootni akkuma maqaa latiilee boodaa fufachuun gochima haaraa uumu. Afaan Oromoo keessatti gochimootni karaa garagaraa uumau. “Causatives are said to be derived from verbal roots by the addition of the 'suffix /-(si) is- / .'”(Baye, 1986). Akkuma ibsa kana irraa hubannuuti, latiileen gochimeessituu (taasisaa) hundee gochimaatti maxxanuun gochima haaraa uumu.

(15)

Xumurtoota hundee	dhamjecha	xumura dhalatoo
Deem-	(-sis)	deemsis
Deem-	(-sisiis)	deemsisiis
Mur-	(-siis)	mursiis
Baq-	(-si)	baqsi
Har-	(-siis)	harsiis
Har-	(-sisiis]	harsisiis
Bar-	[-adhu]	baradhu
Barsiisi-	[-adhu]	barsiisadhu
Bar-	[-achuu]	baradhu
Barsiis-	[-achuu]	barsiisachuu
Buusi-	[-adhu]	buusiadhuu
Miic-	[-adhu]	miicadhu
Miiccisiis-	[-achuu]	miiccisiisachu
Erg-	[-am]	ergam
Hat-	[-am]	hatam
Reeb-	[-am]	reebam

Waam- [-am] waaman (Newsytematic Afaan Oromoo, F, 98).

Akkuma maqaaleen fufii boodaa fufachuun uumaman gochimootnis fufii boodaa fufachuun uumamuu ni danda'a. Fakkeenya armaan olii kana irraa kan hubannu hundeen gochimaa tokkichi fufii adda addaa boodaan fufachuun gochima haaraa uumeera. Hundeen gochima garagaraas fufii tokkicha fufachuun gochima haaraa uumuu danda'eera. Kitaaba Newsystematik Afaan Oromoo kana keessatti kan ibsame ka'umsaaf gaariidha. Haata'u malee, kitaabilee wabii hafan Lamaan keessatii hinibsamne.

Hanqina : Akkaataa gochimootni asii olii itti uumaman bifoote adda addaa qaba. Gochimootni kun adeemsa taasisaa, ofiifeefi taasifamaan uumaman. Kanaafuu, ifatti raawwii kana ibsuu qabu. Kana malees, jechootni (ergam, hatamfi waaman) jedhaman gochima ta'anii of danda'oo miti. Garuu, kitaaba kana keessatti akka gochimaatti ibsaman. Kana malees, dhamjechoota{-sis-,siis-} latii ta'uu mirkaneessuu sarara xiqqaa duubaan hin keenye. Jechootni deemsis, deemsisiis, mursiis, baqsi, harsiis, harsisiis jedhaman ammallee gochima uumamtee yoo ta'an iyyuu seeraan hin barreeffamne. Fakkeenyaaf, mur-siis-, har-siis-, gub-siis (temesgen 1993, f. 16).Maxxantuu biroo maxxanfachuuf qophaa'oodha.

4.5.2. Maqaa Irraa Gochimoota Uumuu

Jechootni gareen jecha isaanii maqaa ta'an haalli maxxantuu boodaa fufachuun gochima haaraa uumuu danda'u ni jiru. Kunis guutummaatti garee jecha isaanii jijjiiranii argamu.

(16)

Maqaa	maxxantuu	gochima uumame
Muka	+ [-a'e]	mukaa'e
Ijoollee	+ [-ome]	ijoolleme
Garba	+ [-oome]	garboome
Nama	+ [-oome]	namoome
Jaarsa	+ [-oome]	jaarsome (Kitaaba Newsytematic Afaan Oromoo, F, 47)

(17)

a. nama irraa **namoome/ namoomse**

b. qotisa irraa **qote/ qochisiise**

c. barunsa irraa **barate/ barsiise** (Serluga Oromoo, f, 112)

Maxxantuun [-a'e, -omefi -oome] n jedhaman kun maqaalee irraa gochima uumuun beekamu. Maqaaleen duraanii kan uumamteef bu'uuraati. Isaan immoo maxxantuu boodaa maxxanfachuun gochima haaraa uumani.

Haalli uumama gochimoota (Serluga Oromoo, f, 112) ibsamani kunneen: nama, qotisaafi barumsa kan jedhaman gareedhaan maqaadha. Haata'u malee, gochimootni namoome/namoomse, qote/qochisiisefi barate/barsiise fufii boodaa fudhachuun gochima ta'anii argamu. Kunis duraan maqaa kan turan gareen jijjiiramuun gochima ta'an. Akaataafi adeemsi maqaaleen maxxantuu boodaa maxxanfachuun gochima uuman Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1 keessatti kan caqafame hin jiru.

4.5.3. Gochimoota Maqibsaalee Irraa Uumuu

Akkuma gareewwaan jechoota biroo maqibsi latiilee uumamtee maxxanfachuun gochima haaraa ni uuma. Afaan Oromoo keessatti akkuma garee jechoota biroo Latiin maqibsaalee bu'uuraa yookiin uumamtee gara gochimaatti jijjiiruun gochima haaraa uumuun seerluga afaanichaaf gumaacha. Latiin kun maqibsatti maxxanuun gochimatti geedderuun maalummaa maalummaa mathimaa kan ibsu malee gocha waliin wal hin qabatu.

(18)

Maqibsa

a.qal'aa

b.doofaa

c.bal'aa

113)

gochima uumamtee

qal'-at-e

doof-e

bal-at-e (Serluga Oromoo, fuula,

Jechootni armaan olitti ibsamani; qal'aa, doofaafi bal'aan gareedhaan ibsa maqaati. Haata'u malee jechootni maqibsa irraa uumaman kunneen akka qal'ate, doofeefi bala'ate dhamjechoota gochimeessitoota (-ate, -e, fi -at-e) tartiibaan ofitti maxxanfachuudhaan gareedhaan gochima maqibsaalee irraa uumamanidha.

“Afaan Oromoo keessatti latiilee kana qofa hintaane kanneen akka (-aaw/-aw yookiin -aa’/-a , -eessfi kkf ‘’akka jiran Mirreessaan (2014, f. 98-99) tti ibseera. Latiin kun bifa adda addaa haa qabaatan malee tajaajilaan garuu tokkuma. Latiileen kun yeroo baay’ee maqibsa irratti maxxanuun gochima ta’uumsaa uumuu danda’eera.

4.5.4. Gochima Irraa Gochima Haaraa Uumuu

Gochimootni Afaan Oromoo keessatti argaman maxxantuu boodaa maxxanfachuun gochima haaraa uumuu ni danda’u. Kana uumuuf maxxantuu dhalatootti dhimma baana. Adeemsi kun Afaan Oromoo keessatti beekamaadha.

Gochima	uumamtee
Rukkute	rukkuchiise
Nyaate	nyaachise
Nyaachise	nyaachisiise
nyaachisiise	nyaachisisiise

Jechootni ‘nyaate’fi ‘rukkute’jedhaman gochimoota hundeeiti. Garuu, Latiilee gochimeessituu maxxanfachuun gochima biroo uuman. Kanneen ‘nyaachis’fi ‘nyaachisiise’jedhaman horsiisa haa fakkaatan malee uumamteedha. Kanaafuu, jechootni kun hundee jechaafi jirma jechaa irraa uumamanii gochima adda biroo uumaniiru.

(20)

a.beekuu	beekachuu
b.fuudhuu	fudhachuu(Kitaaba Caasluga Afaan Oromoo jil-1

Walumaagalatti, haala armaan olii kana walitti fiduun maxxantuun dhalatoo (-is) jedhu kun jechoota irratti yerooida’amaa deemu, inni duraan akka mathimaatti tajaajilaa ture gochima yookiin antima waan tahuuf jijjiirama hiikaa agarsiiseera. Kanneen uumamanis bifa birootiin latii(-siis-) fufachuun gochima haaraa uumani.

Dhuma irratti, gochimni al-lama uumaman latii (-sisiis-) maxxanfachuun uumamtee sadaffaa uuman. Kunis, jecha tokko irraa jecha danuu uumuun akka danda’amu nama hubachiisa. Kanneen Lammaffaa irratti ibsaman, Gochoota garee isaanii guutummaa guutuutti osoo hinjijjiiriin seerluga adda addaa itti maxxansuun uumamanidha. Adeemsi xiinjichaa akkasii kun

yaadrimee garee isaanii guutummaatti osoo hinjijjiiriin garee horsiisuu haa fakkaatan malee garee uumanteetti kan ramadamaniidha. ('Know', 'know for self', 'take' 'take for self' Kaye. (1997,p,141).

Afgaaffii taasifameen maqaaleefi gochimootni gareewwan jechootaa adda addaa irraa ijaaramu. Maqaan; maqaa, gochimaafi maqibsa irraa hedduminaan uumama. Baay'een isaanii hundee jechaa irraa uumamu. Hundee jechaatti latii maqeessituu/ gochimeessituu/ fufachuun maqaalee yookiin gochimoota haaraa uumuu. Yaadni barreessitootni kennan asirratti walfakkaata.

BOQONNAASHAN:GUDNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

Boqonnaa kana keessatti yaadota boqonnaawwan darban keessatti ibsamantuu dhiyaate. Xiinxala haala uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti itti dhiyaatan jedhu irratti dgeggeeffame bakka gudunfaa, argannoofi yaadni furmaataa itti dhiyaatedha.

5.1. Gudunfaa

Mata dureen qorannoo kanaa akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti itti dhiyaatan xiinxaluudha. Kaayyoon qorannichaas kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti maqaaleefi gochimootni adeemsa akkamiin akka uumaman adda baasuu, garaagarummaafi hariiroo kitaabilee sadan gidduu jiru sakatta'uu, ibsaafi caasaa ijaarsa irratti adda addaummaa jiru xiinxaluun yaada furmaataa dhiyeessufi gareewwan jechootaa irraa uumaman gidduu garaagarummaa mul'atu xiinxaluun fala heeruu fa'i.

Ka'umsi qorannichaa akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman gidduu garaagarummaan jiraachuu, seera dhaabbataa dhabuu, kitaabilee wabii filataman keessatti adeemsa uumamtee keessaa suphuu, tishoo adda ta'uufi faca'insi yookiin baay'inni maqaaleefi gochimootni ittiin uumaman walmadaaluu dhabuu adda baaseera.

Qorannoon kun garaagarummaa xiinjechaa kitaabilee gidduu jiru ni hir'isa, barsiisota Oromoota barnoota afaanii barsiisaniif, barattootaaf, dhaabbilee barnootaa sirna barnootaa qopheessaniifi kanneen qorannoo biroo geggeessaniif gumaacha ni taasisa.

Saxaxni qorannichaas mala qorannoo ibsaatiin kan dhiyaatedha. Kunis odeeffannoo kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman sadan keessaa argateefi afaaaffii irratti xiyyeefateeti. Irraawwatmni qorannichaa kitaabilee: Caasluga Afaan Oromoo jiidii-1 bara (1995 A.L.H.) Newsystematic Afaan Oromoo (1997 A.L.H)fi seerluga Oromoo bara (2015 A.L.A.) maxxanfame irrattidha. Gama qabiyyeetiin akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman qofa irratti kan raawwateefi oddeeffanno-kennitoota barreessitoota kitaabilee sadanittii dhimma baheera. Maddoota ragaa 1ffaa kitaabilee wabii filataman keessatti kanneen argamaniifi maddoota ragaa 2ffaa yaadxinoota, barruuleefi kitaabilee wabii dabalataa gargaarameera.

Qorannoo kana geggeessuuf qaamota odeeffannoon irraa argamu kitaabilee wabiifi qabiyyee qorannichaa mala iddatto kaayyeefataa keessaa miti carraa fayyadameera. Namoota

odeeffannoo irraa walitti qabame immoo iddatteessu miti carraa keessaa amargeetti dhimma baheera. Odeeffannoon qorannoo kanaaf gargaarus sakatta'insa dookumentiifi afgaaffiin erga funaamee booda bifa jechaan ibsamee dhiyaate. Walumaa galatti, qorannicha jalqabaa hanga dhumaatti haala asii olitti ibsame kanaan raawwatee dhiyaateera.

5.2. Argannoo

Mata duree kana jalatti argannoo qorannoo xiinxala akkaataa uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti itti uumaman jedhutuu dhiyaate. Maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii Afaan Oromoo sadan filataman keessatti akkamitti akka uumaman adda bahanii dhiyaataniiru. Akka walii galaatti adeemsa qorannoo ibsaatti gargaaramuufi ragaalee sakkatta'insa dokumentiifi afgaaffiin funaanaman qaaccessuun argannoowwan armaan gadii irra ga'amee jira.

- ❖ Kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti maqaaleefi gochimootni adeemsa garagaraatiin uumamu. Isaanis: tishoo, suphuu, gabaajessuufi yaasaadha. Kana malees, seerri dhaabbataan (word formation rule) akkaataa maqaaleefi gochimootni itti uumaman kitaabilee filataman keessaatti lafa taa'e hinjiru. Kitaabilee wabii sadan filataman kana keessatti akkaataa uumamsaa irratti walfakkeenyi guddaan mul'ate tishoon garee jechoota walfakkaatoofi adda addaa irraa uumamuu isaati.
- ❖ Maqaaleefi gochimootni yeroo uumaman qabiyyee garagaraa qabu. Hiikni maalummaa uumuuf kenname hanqina qaba. Maqaaleen yookiin gochimootni jechoota bu'uuraa irraa qofa akka ijaaraman kitaabilee wabii keessatti ibsame. Afgaaffii taasimeen garuu maqaalees ta'e gochimootni jechoota uumamtee irraa uumamuu akka dandaa'an mirkanaa'eera.
- ❖ Kitaabilee wabii filaman keessatti maqaaleefi gochimootni caasaalee garagaraan ijaaramanii dhiyaataniiru. Garuu, caasaan isaanii maal akka ta'eefi akkamitti maxxanfachuu akka danda'an ifatti lafa hin keenye. Maqaalee yookiin gochimoota uumuuf murteessan hundee jechaafi latiileedha. Haalli gochimootni cehoofi miti cehee itti uumaman adda addaa.
- ❖ Kitaaba caasluga afaan Oromoo jiidii-1 keessatti gochima {-dha} ala gochimootni Afaan Oromoo marti latiilee {-s, sisfi-siis,} fufatu jechuun ibsame. Kitaaba seerluga Oromoo keessatti gochimootni jal'ootni latiilee kana hin fudhatan jedha.
- ❖ kitaabilee wabii falataman keessatti, maqaaleefi gochimootni gareewwan jechoota adda addaa irraa ijaaramani. Gareewwan jechoota adda addaa irraa yeroo ijaaramanitti maqaan latiilee

maqeessituu fufachuun maqaa haaraa, gochimnis latiilee gochimeessituu fufachuun gochima haaraa ni uumu. Latiin tokko altokko maqeessituu yookiin gochimeessituu yoo ta'e jechaafi bakka birootti immoo latii hortee ta'ee tajaajiluu ni danda'a.

5.3. Yaada furmaataa

Mata duree kana jalatti argannoo gudunfaa boqonnaa kanaa keessatti ibsame irratti hundaa'uun yaadni furmaataa akkaataa uumamsaa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti itti dhiyaatedha. Kana irraa ka'uun akkaataan uumamsa maqaaleefi gochimootaa kitaabilee kanneen keessatti akkamitti akka uumamuu qabaniif yaada furmaataa ni ta'a kan jedhamantuu dhiyaate. Yaadoleen furmaataa dhiyaatan kunis adda dureen qaamolee kitabicha maxxansaniifi namoota qorannoo kana dubbisaanii itti dhimma bahaniif ka'umsa ni ta'a jedhamee abdatama.

➤ Akkaataa jechootni itti uumaman keessaa tishoofi gabaajessuun isaan tokko. Haa ta'u malee, kitaaba seerluga oromoo keessatti gabaajessuu keessatti sagalee dubbifamaa itti dabaluun yoo hafe gaariidha.

➤ Maqaaleefi gochimoota uumuu keessatti garaagarummaa qabiyyeefi yaadota adda addaattuu mul'ate. Tooftaa maqaaleefi gochimootni ittiin uumaman ibsa waliin lafa kaa'uu qabu. Maalummaa uumuu yoo ibsaan jechoota bu'uuraafi uumamtee irraa ijaaramu jechuun osaa ibasani garuu Kitaabileen kun kitaabilee wabii waan ta'aniif qabiyyee adda addaatti dhimma bahuu qabu. Maqaa yookiin gochima uumuuf qaamni barbaachisaan latiifi hundee jechaati jedhamee kitaaba caasluga Afaan Oromoo jil-1 ibsi yoo kenname gaarii ta'a.

➤ Kitaabilee wabii falataman keessatti maqaaleefi gochimootni caasaalee garagaraan ijaaraman. Caasaaleen kun immoo bakka tokko tokkotti walfakkaataa miti. Caasaa kamiifi akkamiitti akka uummaman fakkeenyaan deggeranii lafa kaa'uu qabu. Maqaalee yookiin gochima uumuuf caasaa murteessan latiiledha jedhame kan ibsi itti keename, hundee jechaa itti dabaluun gaaridha. Akkataa caasaa isaaniitiin gareen jechaa tokko illee bifa latii itti maxxanfatu qaba. Kitaaba caasluga Afaan Oromoo jil-1 keessatti Gochimotni Afaan Oromoo marti {-dha} ala latiilee{-s, -sisfi -siis} maxxanfatu jechuun ibsi kan itti kenname; sirreeffamuu qaba. Sababani isaa: Gochimootni jal'ootni latiilee kanneen waan hin maxxanfanneef.

Wabiilee

- Abdulsamad Muhaammad. (1994). *Caasluga Afaan Oromoo. (Jildii -2)*. Addis Ababa: Branna printind Entrprise.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee, Oromiyaa
- _____ (2011). *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee, Oromiyaa: LinePrintingAdvertisingPLC.
- _____ (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo: Max. 2ffaa*. Finfinnee: Oromiy
- _____ (2018). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola oromoo: Maxxansa 3ffaa* Oromiyaa Finfinnee.
- Alemeyew Duressa. (2007) "Word Formation in Didessa MAO." Addis Ababa University : (un Published MA thesis)
- Baker, S. et al. (2014). *Teaching Academic Content and Literacy, to Learners in Elementary and Middle School*. Washigton DC: USA.
- Bariisaa (2011) 'Waliin haa barru: gumaata Afaan Oromoo', sadaasa 28, f. 6.
- Baye Yimam. (1986). "The Phrase Structure of Ethiopian Oromo". London: University of London. School of Oriental Studies (PhD Dissertation).
- Bauer, k. (1983). *English Word Formation*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Beekumaa Olaanii. (2015). "Xiinxala Haala uumama jechoota Siyaasa Afaan Oromoofi mudannoowwan waliin kaa'an", (Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan Hinmaxxansamne). Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Finfinnee.
- Berg, B. (2001). *Qualitative reaserch Methodes for The Serluga Oromoocial Sciences*. California State University, Long Beach. Best, J.
- Bultii Baqqalaa. (2009). "Qaaccessa Haala Dhiyaannaa Dhamjechoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa", (Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan Hinmaxxansamne). Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Finfinnee

- Creswell, J.W. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design* (2nd.Edt.).Sag publication Icon.
- Crystal, D.(1997). *A Dictionary of Linguistics and Phonetics*. Cambridge: CambridgeUniversity Press.
- Comrie, B. (1985). *Aspect: An Introduction to the Study of Verbal Aspect and Related Problems*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Dasse Birhane. (1988). *An evaluation of the effectiveness of Modern Teaching Methods, And the Extent to which these are implemented in Freshman English Courses*. Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Dastaa Daassaaleny. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. AddisAbabaa: Mana Maxxansaa Boolee.
- Eba Taresa (2019) "Causative Constructions in Afaan Oromoo ‘Formal and semanticperspectives, Vol.7, 70-96, Jimma University: Ethiopia.
- Filee Jaallataa. (2015). *Seerluga Oromoo: Finfinnee*. Mana Mxxansa Raajii.
- Geberew Tulu (2003) "The Morphology of Gawada." Un published MA thesis, Addis Ababa University.
- Getaachoo Rabbirraa.(2011). *Furtuu. seerluga Oromoo*. Finfinnee: Mana maxxansaa Kuraaz.
- Gumii Qormaata Afaan Oromoo. (1998). *Caasluga Afaan Oromoo (Jiildii-1, Max.3ffaa)*. Finfinnee: Branna P. E
- Horn by, A.S.92005). *Oxford Advanced Learnres Dictionary* (7th.Edt.). Oxford: Oxford Universty Prees.
- JenSerluga Oromoon, J.T. (1990) *.Morphology: Word Stracture in Generative Grammar*.Amsterderm:John publishing Campany .
- Katamba, Franics. (1993). *Morphology. Great Britain, Themachmillan Prees*. Ltd.
- Lieber, R. (2009). *Introducing Morphology*.USA: Cambridge Unversity Press.
- Lyons, John. (1981) *.Language And Lingustics: An Introduction*. Cambridge: Cambridge uni.

Press

- Matthew, P. H. (1991). *Morphology* (2nd ed.). Cambridge: Cambridge University Press.
- Mirreessaa Amanuu. (2014). *QALBII: Seerluga Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: ELLENI P.P. PLC.
- Mekonen Hude (2002) "Lexical standardisation in aoromo." Un published MA thesis, Addis Ababa University.
- O'Grady, W. and Dobrovolsky, M. (1996). *Contemporary Linguistics Analysis, and Introduction*. 3rd (ed.), Toronto: Copp Clark LTD.
- Radford, Andrew. (1977). *Systematic Theory and the structure of English: A minimalist Approach*. Cambridge: Cambridge University Press
- _____ (1997). *Syntax: A Minimalist Introduction*. Cambridge: CUP.
- Tafarii Ayyaanaa. (1998). *Newsystematic Afaan Oromo: Afaan Oromoo Kutaa 7-10*.
- Temesgen Negasa (1993) "Word Formation in Oromoo." Un published MA thesis, Addis Ababa University
- Wakwaya Olani (1982) "The Phonology of Macha Oromo." Un published MA thesis: Addis Ababa University.
- Wasanee Baashaa. (1995). *Qaraa: Qorlugaafi seerluga Oromoo*.
- Yule, G. (1996). *The study of Language*. 2nd. (ed.). Cambridge: Cambridge University Press.
- Zoltan, D. (2007). *Research Method in Applied Linguistics. Quantitative, Qualitative and mixed Methodologies*. Oxford: Oxford University Press.

Dabalee- A

Yuunvarsitiitii Jimmaa

Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Huumanitiitti

Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruu

Afgaaffii Odeeffannoo Funaannachuuf Qophaa'e:

Kaayyoon gaafannoo kanaa qorannoo Yuunvarsitiitii Jimmaatti gosa barnoota Afaan Oromoofi ogbarruutiin digirii lammaaffaa guutachuuf gaafannoo dhiyaatedha. Xiyyeeffannoon af-gaaffii kana haala maqaaleefi gochimootni kitaabilee wabii filataman keessatti itti uumaman xiinxaluuf kan dhiyaatedh. Waan kana ta'eef odeeffannon dhugaa isin naaf kennitan, bu'aa qorannoo kana ni murteessa. Kanaaf af-gaaffii siniif dhiyaate kana bilisaafi ifa ta'uun akka naaf deebistan kabajaan isin gaafadha. Odeeffannoo isin irraa argadhu iccitiin kan qabamu, akkasumas hojii qorannoo kanaa qofaaf kan oolu ta'uusaa isiniif mirkaneessaa odeeffannoo isin naaf kennitaniifis durseen isin galateeffadha.

Odeeffannoo Dhuunfaa Barreessitoota (Maqaa barreessuun barbaachisaa miti).

1. Saala _____ Umurii _____ Bara tajaajilaa _____
2. Sadarkaa barumsaa: M.A. _____ Digirii _____ PhD _____
3. Hojii: Barsiisaa _____ Kan biroo _____ Kutaa Barsiisu: Sad.2ffaa _____ Yuunvarsitiitii _____
Galatoomaa

1. Bu'uura yookiin ka'umsa maqaalee yookiin gochimoota uumuu ibsi ?
2. Kibaabilee wabii kanneen keessatti maqaaleefi gochimootni adeemsa akkamiin uumamu ?
3. Haalli maqaaleefi gochimootni itti uumaman hariiroofi garaagarummaa akkamii qabu ?
4. Seerri dhaabbataan maqaaleefi gochimootni ittiin uumaman jiraa? Yoo jiraate ibsaa.yoo dhibe maaliif ?
5. Afaan oromoo keessatti maqaaleefi gochimoota uumuuf murteessaan maali? Fakkeenyaan deggeraa
6. Maqaaleefi gochimootni jechoota bu'uuraan ala haalli itti uumaman jiraa ? Yoo jiraate fakkeenyaan ibsi. Yoo hin jiraatne maaliif ? Akkamitti?Lakkii yoo jettan maaliif?
7. Latiileen maqeessituu/gochimeessituu/ tokkichi altokko uumamtee yeroo biroo hortee ta'uu ni danda'aa ? Eyyee yookiin lakkii yoo jettan ibsaa.
8. Maqaaleefi gochimootni gareewwan jechootaa maalfaa irraa uumamu?

Dabalee -B. Odeeffannoo Waliigalaa Barreessitoota Afgaaffiin dhiyaateef

T/L	Maqaa Barreessaa	Kooddii Maqaa	Saala	Sadarkaa barumsaa	Gahee hojii	Guyyaaafgaaffiin geggeeffame
1	Abarraa Nafaa	CA	Dhi	MA	H/mootummaa	29/08/2021
2	Tafarii Ayyaanaa	NS	Dhi	MA	H/mootum-maa	18/4/2021
3	Filee Jaallataa	SA	Dhi	PhD	Barsiisaafi Barreessaa	23/9/2021

